INISTITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QOO'ANNOO SEERAA OROMIYAA

Seera Lafa Baadiyyaa fi Magaalaa

Moojuulii Leenjii Sagantaa Leenjii Hojii Irraa Yeroo Dheeraaf Qophaahe

Qopheessitoonni :-

1. Obbo Kabbabaw Birhaanu
2. Obbo Geetuu Gaddafaa

Gulaaltonni:-

1. Obbo Tasfaayee Booressaa
2. Obbo Tafarii Baqqalaa
3. Obbo Dassaalany Biraanuu

Adaamaa
ILQSO
2012

Baafata

Mata Dureewwan **Fuula**

Seensa Mojuulichaa 4

1. KUTAA TOKKO: - SEERA LAFA BAADIYYAA 6

1.1. Boqonnaa Tokko:-Seenaa Guddina Imaammata Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Biyya keenyaa 7

1.1.1. Imaammata Lafa Baadiyyaa Bara Mootota 7

1.1.2. Seera Hariiroo Hawaasaa Bara 1960 10

1.1.3. Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Bara Mootummaa Dargii 11

1.1.4. Bara Mootummaa Ce'umsaa 12

1.1.5. Heera Mootummaa RDFI 13

Gaaffiilee Marii 14

1.2. BOQONNAA LAMA:-Gosoota, Haallan Argannaa, Daangeffamaa fi Hafinsa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa 20

1.2.1. Gosoota Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa 20

1.2.2. Haallan Argannaa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa 21

1.2.3. Daangaa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaan Wal Qabatanii Jiran 27

1.2.4. Hafiinsa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa 30

Gaaffilee Marii 35

1.3. BOQONNAA SADI :-AKKAATAA WALDIDDAAN QABIYYEE LAFAA BAADIYYAA ITTI HIIKAMU: RAKKOO HIIKOO FI RAAWWII 51

1.3.1. Hiikkaa Waldiddaa :- Dhimmoota Walii Galaa 51

1.3.2. Haala Hiikkaa Wal Diddaa Mirga Abbaa Qabiyyummaa Lafa Baadiyyaa: Kan Naannoo Oromiyaa 53

1.3.3. Itti Gaafatamummaa Yakkaa Seerota Lafa Baadiyyaa Kabajuu Dhabuun Walqabatee Ka'u 57

Gaaffilee Marii 61

2. KUTAA LAMA :-SEERA LAFA MAGAALAA 64

2.1. Boqonnaa Tokko:-Seenaa Dhufaatii Sirna Bulchiinsa Lafa Magaalaa Itoophiyaa 65

2.1.1. Sirna Bulchiinsa Lafa Magaalaa bara 1967'n Duraa 65

2.1.2. Sirna Bulchiinsa Lafa Magaalaa Bara Mootummaa Dargii 66

2.1.3. Sirna Bulchiinsa Lafa Magaalaa Bara Mootummaa Ce'uumsaa Keessa 67

2.1.4. Lafa Magaalaa fi Heera Mootummaa RDFI 67

Gaaffilee Marii 70

2.2. Boqonnaa Lama: - Akkaataa Argannaa, Mirga Dabarsuu fi Adda Citiinsa Mirga Abbaa Qabiyyummaa Itti Fayyadama Lafa Magaalaa 79

2.2.1. Akkaataa Argannaa 79

2.2.2. Mirga Dabarsuu 94

2.2.3. Adda Citiinsa Mirga Liizii 96

2.2.4. Qabiyyee Seeran Alaa 101

2.2.5. Qabiyyee Lafa Magaalaa Duraanii Ilaalchisee Dhimmoota Labsichi Kaa'e 103

Gaaffilee Marii 105

2.3. Boqonnaa Sadi:-Sirna Waldiddaan Adeemsa Hojii Labsii Liizii Hojiirraa Oolchuu Keessatti Ka'u Itti Hiikkamu fi Itti Gaafatamummaa Yakkaa Labsicha Kabajuu Dhabuun Wal Qabatee Ka'u 109

2.3.1. Sirna Waldiddaan Adeemsa Hojii Labsii Liizii Hojiirraa Oolchuu Keessatti Ka'u Itti Hiikkamu 109

2.3.2. Itti Gaafatamummaa Yakkaa Labsicha Kabajuu Dhabuun Wal Qabatee Ka'u 112

Gaaffilee Marii 113

Wabiilee Barreeffamichaa 118

Seensa Mojuulichaa

Lafti qabeenya dhaabbataa uumaan uummamaan dhala namaaf kennite dha. Qabeenyi kun qabeenya qabeenyota biroo kan socha'anii fi hin sochoone illee horachuuf murteessaa ta'e dha. Biyya keenya keessatti bulchiinsi lafaa seenaa adda addaa seenaa biyyattiin wal fakkaatu dabarseera. Bara dhufaatii dargiin dura lafti qabeenya dhuunfaa Mootichaa yoo ta'u, qabsoo guddaadhan sirni bara mootota moo'atamee lafti qabeenya waliinii uummataa fi mootummaa ta'ee jira.

Bara mootummaa dargiis lafti magaalaas ta'ee kan baadiyyaa akka qabeenya waliinii uummataa fi mootummaa ta'ee lammiileen baadiyyaas ta'e magaalaa haala fooyyee ta'een lafa irraa fayyadamoo ta'an mirgi abbaa qabiyyummaa lafa irratti isaan qabanis fooyya'u taasisuuf tattaaffiin guddaan taasifamee jira. Kufaatii dargiin boodas mootummaan ce'uumsaa hundaa'es lafti fi qabeenyi uummamaa qabeenya waliinii uummataa fi mootummaa ta'ee akka itti fufu taasifamee jira. Kana malees bara kana keessa qonnaan bulaan, horsiisee bulaan, fi gamis horsiisee bulaan mirga qabiyyee fi itti fayyadama lafaa wabii seeraa qabu akka qabaatan ifa gochuun iddoo tokko tokkotti qoqqooddii lafaa haqa qabeessa ta'e mirkaneessuuf lafa irra deebiin qooduuf yaallamee jira.

Heerri RDFI lafti qabeenya waliinii uummataa fi mootummaa akka ta'e uwwisa kenneefii jira.Bu'uruma kanaan lafti qabeenya waliinii uummataa fi mootummaa akka ta'ee fi lammiileen lafa magaalaas ta'e baadiyyaa irratti mirga itti fayyadamaa argachuu akka danda'an tumee jira.Bu'uruma qajeeltoo walii galaa heeran kaa'ame kanaan akka raawwatamuuf mootummaan federaalas ta'ee naannoo seerota baasuun hojii irra akka oolu taasisaa jiru.

Gama kanaan gaheen carraaqqii hojiirra oolmaa seerota lafa magaalaa fi baadiyyaa keessatti qabu ol aanaa waan ta'eef moojuuliin leenjii kun kutaa lamatti qoodamee akka qophaahu tahee jira. Kutaan jalqabaa Moojuulii dhimmoota seera lafa baadiyyaan wal qabatan irratti xiyyeeffata. Kutaan lammaffaa immoo seera lafa magaalaa irratti xiyyeeffata.

Barreeffamni kun rakkoolee seeraa fi hojii irra oolmaa seera lafa magaalaa fi baadiyyaa hunda isaa kaasee haala mariisisuun hin qophoofne. Kayyoon moojuulichaa gama seerotaa fi raawwii seera lafaan rakkoolee jiran, ka'uumsa rakkoolee fi karaalee ittiin maquu danda'an irratti beekumsaa fi muuxxannoo qaban wal akka jijjiiruu danda'aniif akka ka'uumsatti fayyaduu dha. Waan ta'eef hirmaatton leenjichaa marii ho'aa taasisuun beekumsaa fi muxxannoo qabatamaa qaban wal jijjiiruun dandeettii isaanii ni cimsatu jedhameeti eeggama. Mojuuliin leenjii kun kan qophaahe leenjii hojii irraa yeroo dheeraaf waan ta'eef leenjifamtoonnis muxxannoo hojii qabatamaa waan qabaniif marii isaanii keessatti dhimmoota qabatamoo iddoo hojii isaanitti isaan quunnamu kaasuun ni mari'atu jedhamee eeggama. Kanaafuu moojuuliin leenjichaa ka'uumsa mariif akka ta'u yaaddamee waan qophaaheef isa ka'uumsa godhachuun dhimmoota mariin bilcheessaa deemuu qabu.

Bu'uuruma kanaan, leenjifamtoonni mata duree kana jalatti leenjii kennamu erga fudhatanii booda;

- Imaammata bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaa irratti hubannoo ni argatu,
- Gosoota, argannaa fi mirga itti fayyadamaa abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa fi magaalaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu,
- Daangeffamaa fi hafinsa mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa fi magaalaa adda baasuun ni ibsu,
- Akkaataa waldiddaan qabiyyee lafaa baadiyyaa fi magaalaan wal qabatee ka'u itti hiikamaan ilaalchisee rakkoolee jiran ni tarreessu,
- Darbiinsa yeroo dhimmoota qabiyyee lafa baadiyyaan walqabatanii fi seerota raawwatiinsa qaban adda ni baafatu,
- Itti gaafatamummaa yakkaa seera lafa badiyyaa fi magaalaa kabajuu dhabuun wal qabatee dhufu adda ni baafatu.

1. KUTAA TOKKO: ~ SEERA LAFA BAADIYYAA

Seensa

Imaammanni lafaa sirna eenyu, yeroo hangamii fi haala kam keessatti qabeenya lafaatti fayyadamuu danda'a gaaffii jedhuuf deebii kennuu dha. Rakkoowwan hiikkoo fi raawwii seera lafa baadiyyaa waliin wal qabatee ka'u qixa sirrii ta'een hiikuuf imaammata lafaa biyyattiin qabdu akka waliigalaatti hubachuun dhimma murteessaa dha. Sababni isaas, ka'umsi falmii fi furmaanni isaaf kennamu imaammata biyyattii akka waliigalaatti diriiree jiru irratti hundaahuu waan qabuuf, dursa imaammata jiru hubachuun barbaachisaa dha.

Biyya keenyatti gaaffiin lafaa ka'umsa gaaffii siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa akka ta'e beekamaa dha. Kanaaf, imaammata bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa ifa ta'e qabaachuun akkasumas ogeessonni seeraa imaammata kana hubachuun qixa barbaadamuun hojiirra oolchuun dhimma murteessaadha.

Bu'uruma kanaan biyyi teenyas yeroo adda addaatti imaammata lafaa baasuun hojii irra kan oolchite yoo ta'u, kutaa kana jalatti dhimma seenaa dhufaatii imaammata lafa baadiyyaa biyya keenyaan wal qabatee jiru kan gabaabbinaan ilaallamu ta'a. Bu'uruma kanaan xummura kutaa kanaan booda leenjitoonni

- Seenaa dhufaatii Imaammata lafa baadiyyaa biyya keenyaa ni hubatu;
- Imaammata lafa baadiyyaa biyyi teenya amma ittiin hooganamaa jirtu irratti hubannoo qaban ni cimsatu
- Akkaataa itti qajeeltoowwan imaammata lafa baadiyyaa seerota hojiirra jiran keessatti calaqqisan adda baasuun hojiif ni qophaahu jedhamee eeggama.

1.1. Boqonnaa Tokko:-Seenaa Guddina Imaammata Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Biyya keenyaa

1.1.1. Imaammata Lafa Baadiyyaa Bara Mootota

Barri mootota seenaa biyya keenyaa keessatti hanga kufaatii bara mootummaa Haylasillaasee I tiin dura kan ture dha. Bara kana keessa haalli bulchiinsa lafa baadiyyaa biyya keenyaa sirna bulchiinsa 'abbaa lafaa' fi 'gabbaarii' jedhamuun bulaa ture. Lafti qabeenya murteessaa namni waan nama ta'eef osoo hin taane sanyiin ykn maatiin isaa abbaa lafaa ta'e irraa waan dhalateef dhiigaan argatu dha. Namni haala kanaan lafa argatu kun abbaa lafaa yoo jedhamu inni lafa waan sanyii warra abbaa lafaa kana irraa hin dhalannef lafa hin arganne kan lafa abbaa lafaa irratti hojjatee bulu immoo 'gabbaarii' ciisanyaa jedhama ture.[1]

Bara kana lafti akka meeshaa madda aangoo guddaatti gargaaraa ture. Namni lafa qabu isa lafa hin qabne akka barbaadetti bara ergatu, humna isaa saamu, waan lafa sana irraa hojjatee argatu illee abbaa lafaaf itti gaaffi tokko malee harka 3/4 hiree ofiif 1/4/ fudhatee itti galu ture. Dhugaan kun walitti dhufeenya namoota dhuunfaa jidduu jiru keessatti qofa miti kan mul'atu. Mootummaa fi abbootii lafaa jidduutti illee lafti akka meeshaa ittiin walto'annoo (controlling mechanism) murteessaatti fayyadaa ture. Qaamni lafa qabu aangoo guddaa qaba.[2]

Dhimmi biraa akka amala sirna bulchiinsa lafa baadiyyaa bara kanaatti fudhatamee ilaallamuu qabu, addaa addummaa sirna bulchiinsa lafa baadiyyaa bara kanaa daangaa biyyattii nannoo kaabaa fi kibbaa jidduu ture dha. Bara kana keessa sirni bulchiinsa lafa baadiyyaa gara kaabaa ture sirna durumaa aadaa uummata gara kaabaa jiraachaa ture keessa turee fi isumaaf fudhatama kennuun akka itti fufu taasifame dha. Kan kutaa kibba biyyattii keessa ture garuu seera aadaa uummanni naannoo sanaa ittiin lafa bulfachaa ture osoo hin taane Sirna Mootonni Impaayeera Itiyoophiyaa uumuuf socha'aa turan hojiirra oolchan ture. [3]

---

1 Sendra Fullerton Joireman, contracting for land : Lessons from litigation in a communal tenure area of Ethiopia, Canadian Journal of African Studies, Vol. 30,no.3.(1996) p.430.425-430

[2]Hussein Jemma, The politics of land tenure in Ethiopian history: Experience from the south, paper presented to XI world congress rural sociology Trondheim Norway, July 24-30, p.3-5

[3]Kanuma

Yaada kana barreessaan seera lafaa beekamaan 'J.M. Cohen' akka itti aanutti kaa'ee jira;

> *There is a general tendency to divide Ethiopian tenure into those of the North and those of the South, because the north is the historical heartland of the empire and characterized by the inheritable communal tenure, and the south is a conquest area that has come under the domination of the north through essential private tenure system only within the last century.*

Haaluma wal fakkaatuun barreessan seenaa beekkamaan Bahiruu Zawdee dhimma kana ilaalchisee kan itti aanu kana jedhee jira:

> *In the south private tenure increasingly becomes the norm. The process had three facets.' Firstly, northern settlers who had acquired tributary rights oversouthern peasants, the gebbar, ended up by owning the landaltogether, through purchase from the distressed gebbar orthrough forcible seizure.' Second, maderya land given to those in government service inlieu of salary was made convertible to freehold.*
>
> *' Thirdly, and this appears to be most prevalent pattern, thegovernment made extensive land grants from its large reserve ,which came under the conveniently vague rubric of governmentland (ya mengist maret).*

Kanaaf bara kana keessa sirnii fi imaammanni bulchiinsa lafa baadiyyaa biyyuma tokko keessatti garaagarummaa kan qabu akka ta'e ilaaluun ni danda'ama.

Bara kana keessa bifti qabiyyee lafaa gosa hedduu fi wal xaxaa kanneen akka ristii, gultii, rist-gultii, bataskaanaa, mootummaa, fi dhuunfaa akka ta'e ragooleen kan mul'isan ta'us isaan ijoo ta'an lama dha. Isaanis ristii fi gultii dha. Sirni ristii sirna qabiyyee fi bulchiinsa lafaa waliinii hanga dhuma bara 1975'tti irra caalaan lafa kaaba biyyattii ittiin bulaa ture dha. Ristiin qabiyyee lafaa dhaalaan daddarbu ta'u illee kaaba biyyattii keessatti mataa isaa iddoo dha iddootti addaa addummaa qaba. Ta'us garuu kutaan kaaba biyyattii kan amma naannoo Amahara, Tigraay fi biyya of dandeessee baate Eertiraa keessa uummanni ture lafa isaa sirna ristii amala addaa ofii ofii isaanii addatti qaban muraasa irraa kan hafe harka caalaan isaa wal fakkaatuun lafa isaanii bulchachaa turan.

Ristiin sirna bulchiinsa lafaas akkasuma qabiyyichas kan agarsiisu yoo ta'u abbaan mirgichaa immoo 'ristanyaa' jedhamaa ture.Mirgi kun kan argamu hidhata dhiigaa namni abba mirgaa ta'e kun namticha dursa lafa kana qabate faana qabu hordofuuni dha. Qabiyyeen kun miseensa maatii dhiigaan walitti hidhaman kanaan alatti gama kamiiniyyuu kan dabarsuun hin danda'amnee fi qabeenya maatii kan waliiniiti. Mirgichi dhiiga lakkaa'uun kan argamu waan ta'eef sababa kamiifuu taanaan abbaa mirgichaa irraa hin fudhatamu. Lafiicha misoomsuuf dhiisuun mirga abbaa qabiyyeeti jechu dha.

Yaada kana barreessaan Prof. Huseen Jimaa jedhamu Moojuulii isaa 'The Politics Of Land Tenure In Ethiopian History: Experience From The South' jedhu keessatti akka itti aanu kanatti kaa'eera:

> *Individuals had the rights to the land by virtue of their blood ties to the founding fathers, for instance, 'wana abet' in Gojjam and 'nay kidm aboy' in Tigray. These rights were inherent and hereditary, which could neither abridged nor abrogated under pretexts such as absence of individual from locality. The same social customs prohibited the sales of land as it is a common property of the family as a whole and not the property of private person.*

Haa ta'u malee, kibba biyyattii, jechuun lafa kutaa biyyattii lola daangaa baballiffannaa mooticha Minilik 2ffaa'n to'annoo jala ooletti sirni aadaa uummanni naannichaa lafa ittiin bulchaa ture sirna abbaa lafaa fi gabbaariin bakka bu'e. Lafti bifa kanaan kennamu gultii jedhamaa ture.Loltoonni mootii Minilik isaan nageenyaa fi tasgabbii biyyattii keessatti gumaacha qaban jedhaman lafti akka kaffaltii tajaajila loltummaa isaaniif kutaa biyyatti kanaa kennameefii ture. Lafti kun akka qabeenya dhuunfaatti isaaniif kan kenname uummatuma irra jiru faana.

Mootummaan sirnichaa fi manni amantaa Ortodoksii illee akkasuma lafa dhuunfaan qabu turan. Kunis kutaa biyyattii kanatti, imaammatni hordofamaa ture imaammata lafa qabeenya dhuunfaa taasisu ta'uu isaa kan agarsiisuu dha. Qabatamatti garuu namoota ykn gartuu muraasa qofatu mirgicha argachuu danda'a; uummanni bal'aan biyyattii mirga kana hin qabu.

Sana darbaa mootichi yeroo fedhetti gaafii tokko malee waan barbaadde raawwachuu waan danda'uuf, Warri mirgichi kennameef kunillee yoom mirga kana akka dhaban hin beekan.Aangoo Mooticha kanaa barreessaan Daani'el W/Gebri'el jedhamu haala kanaan ibseera:

> *A historical review of the land holding system of the feudalistic Ethiopia reveals that all land was owned by the king. Other private people, family or the church derived their claim to the land from imperial land grants. Hence, land was predominantly owned or possessed by a few landlords, the Church, and sometimes individuals, only if the king wishes.*

1.1.2. Seera Hariiroo Hawaasaa Bara 1960

Bara 1960 keessa mootichi Haylasillasee I sirna seeraa biyya keenyaa hammayyoomsuuf tattaaffii guddaa yeroo itti taasisee dha. Tattaaffin kun immoo fiixee olii irra kan gahe yommuu koodiiwwan seeraa bara 1960 bahanii hojiirra oolanii dha. Koodiwwan kannneen keessaa inni tokko koodii Seera Hariiroo Hawaasaa bara 1960 bahee dha.

Seerri kun seerota aadaa lafa bulchaa turan haquun seerota ammayyaa baayyinaan ardii Awuroopaati waraabbaman iddoo isaanii buusee jira. Tumaan Seera Hariiroo Hawaasaa kwt'n 3334 ifatti haala addaan yoo kaawwame malee seeronni duraan turan kan barreeffamaanis jiran ta'ee kan aadaa dhimmoota koodicha keessatti haguuggaman ilaalchisee akka haqaman tuma.

Bu'uuruma kanaan dhimmoota seera kanaan haguuggiin kennameef keessaa dhimmi lafaa isa ijoo dha. Seerichi seerota deemsaas ta'ee bu'uuraa aadaa dhimma dhuunfaa bulchan hunda seeran ala taasisee jira. Haala kanaan seerichi lafa akka qabeenya dhuunfaatti sirna itti qabachuun danda'amu waan diriirsuuf namni dhuunfaan abbaan qabeenya lafaa, lafa isaa irratti mirga guutuu jechuun mirga itti fayyadamuu, firii isaa funaannachuu fi akka isaaf tolutti dabarsuu gonfachiisee jira.[4] Haa ta'u malee, seerri kun waggaa kodhan bara hin caalleef qofa hojiirra turee sababa jijjiirraa sirnaa dargiin taasiseen adda cite jira

[4] Seera hariiroo hawaasaa kwt'n 1205 , 1209 fi 1211 ilaala.

1.1.3. Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Bara Mootummaa Dargii

Sirna Imperiyaalaa fi abbaa lafaa jarraaf turetti uummanni biyyattii ka'uun dargiin yeroo sanatti qaama angoo qabu waan ta'eef fonqolcha mootummaa harka wayaa jalaan (creeping coup) gara aangootti bara 1974 dhufe .

Kana booda mootummaan dargii dhaadannoo sosochii bar sana uummannii fi barattoonni yuunivarsiitii dhageessisaa turanii fi gaffii uummata bal'aa ture 'lafti qonnaan bulaaf' 'land to the tiller' jedhu hojiitti hiikuun bara 1975 labsii lakk 31/1975'niin, haala bulchiinsaa fi imammata lafa baadiyyaa biyyattii irratti jijjiirrama bu'uraa gaggeessee ture. Jijjiirramichi jijjiirrama bu'uuraa lafa irratti gaggeeffame fakkatu illee kun immoo dhaqee dhaqee caaseffama hawaasummaa , diinagdee, fi haala walitti dhufeenyaa abbaa lafaa fi nama lafa abbaa lafaa qotee jiraatu gidduu ture bu'uraan jijjiire. Haala kanaan labsiin kun haala bu'aa qabeessa ta'een sirna abbaa lafaa qonnaan bulaa dararaa fi saamaa ture hundeerraa buqqise.

Kanaaf yeroon kun yeroo itti jijjiirramni bu'uuraa Imaammata lafa baadiyyaa biyyattii itti taasifame fi lafti labsii lakk. 31/1967'n qabeenya waliinii uummataa ta'ee labsamee namni dhuunfaan immoo mirga itti fayyadamaa qofa lafarratti akka horachuu danda'u taasifame dha. Lafti abbootii lafaa (ristagna) harkaa fuudhamee uummata bal'aa lafa duratti qotee abbaa lafaaf firii isaa kennee jiraachaa tureef (gabbar) qoodame. Qonnaan bulaan firii lafaa inni qotee bifa 'irboo'n abbaa lafaaf hiru, hojii humnaa hojjetu, … irraa akka hafu taasifame; walitti dhufeenyi abbaa lafaa fi 'gabbaarii' akka hafu taasifame.

Lafti qabeenya gamtaa uummataa waan ta'eef namni qotuuf fedha qabu kamiyyuu wal-qixxummaan akka lafa argachuu danda'u labsiin kun labse. Lafti gurgurtaan, dhaalaan, kiraan, jijjiirraan, kennaan, idaa kanfaluuf, ykn karaa biroon akka hin darbine dhorke.[5] Qabiyyeen lafa baadiyyaa nama tokkoo yoo inni du'e qofa haadha/abbaa manaa ykn ijoollee isaa waggaa 18 hin guunneef darbuu danda'a.[6] Namoota dullooman, dhukkubsatan, dubartootaa fi ijoollee waggaa 18 hin guunne

[5] Labsii lakk 31/1967 kwt 15

[6] Kanuma

irraa kan hafe lafa kireessuun, nama qaxaruun hojjachiisuun ykn bifa biroon itti fayyadamuun dhorkaa dha.[7]

Lafa akka bulchaniif akkasumas dhimmoota /falmiiwwan/ lafaan wal qabatee ka'u akka hiikaniif waldaaleen qonnaan bulaa akka hundaa'an ta'e. Waldaaleen qonnaan bulaa kunniin caaseffama sirnichaa gar gadjalaa uummata keessaa hundahu ta'ee tokkoon tokkoon waldichaa lafa hanga hek 800 angoo bulchuufi miseensa maatii hanga 250 -270 kan qabu ture. Akka biyyatti yoo ilaalla ta'e waldaaleen qonnaan bulaa hanga 20000 gahan baroottan itti aanan keessa hundaa'anii jiru.[8]

Labsichi waldaalee qonnaan bulaa kanneeniif angoo bal'aa kenne. Waldaaleen kunniin aangoo lafa hiruu, bulchuu, seerrii fi qajeelfamni mootummaa lafa ilaalchisee bahu hojiirra ooluu fi dhiisuu too'achuu, waldhabdeewwan lafaan wal qabatanii ka'an ilaaluu, sagantaawwan misoomaa mootummaan bahan kanneen akka misooma bishaanii fi hidhaa biyyoo, bosona dhaabuu, ijaarsa mana barnootaa, buufata fayyaa fi kkf jajjabeessuu, humna nageenyaa gurmeessuu, gibira funaanuu, dhaabbilee oomishaa keessatti hirmaachuu fi kkf qabu ture.

Kun immoo qonnaan bulaan dhimma isaa lafaan wal qabatee ka'u mana murtiitti carraa dhiyeeffachuu dhowwate. Kana malees qonnaan bulaan oomisha isaa waldaaf qofa dhiyeessuun gatii mootummaan murtaa'utti akka gurguru taasifame.Kunis qonnaan bulaan firii dafqa isaa gatii argachuu malutti baafachuu akka hin dandeenye taasise. Dabalataanis waldaaleen qonnaan bulaa gaaffii malee qonnaan bulaa lafa isaa irraa buqqisuun, nama isaanitti dhiyaatuuf kennuun, firoomaan hojjachuun bal'inaan mul'achaa ture.

1.1.4. Bara Mootummaa Ce'umsaa

Gaaffiiwwan mootummaa dargii aangoo irraa buuse keessaa tokko gaaffii bara dheeraa uummanni biyyattii lafa irratti qabuu dha.[9] Kana irraa kan ka'e bara kana lafatti mootummaan deebii ni kenna yaada jedhuun namoonni eegaa turan. Haa ta'u

[7] Kanuma kwt 4/1

[8] Kanuma kwt 9

[9]Pro. Bahiruu Zawde, 2003

malee mootummaan gama isaan deebii dhimmi lafaa Heera mootummaa yeroo gabaabaa keessatti bahee hojiirra oolu keessatti deebii argata jedhu kennuun callisee ture. Kana irraa kan ka'e bara kana keessa yaadotaa fi ijjannoowwan hin ititne hedduun garuu immoo yaadotaa fi fedhii haala bulchiinsa lafaa jiran ifoomsan hedduutu tarkaanfachaa ture. Bara kana akka sanda waan hunda qajeelchutti fayyadaa kan ture Chaarteriin Yeroo Ce'umsaas sirni dinagdee sooshaalizimii ture gara gabaa bilisaatti kan jijjiirrame ta'uu isaa ibsuu irraa kan hafe waa'ee dhimma lafaa callisee bira darbeera.[10]

1.1.5. Heera Mootummaa RDFI

Heerri Mootummaa RDFI kufaatii dargiin booda Imaammanni lafaa biyyattii maal ta'uu qaba dhimma jedhu ifatti deebii kenneera. Bu'uuruma kanaan Heerichi dinagdeen biyyattii sirna gabaa bilisaan kan hogganamu ta'uu isaa ibsu illee, lafaa fi qabeenyi ummamaa biroo hundi qabeenya waliinii kan uummataa fi mootummaa akka ta'e ifatti labseera.[11] Kanaan dabalata Heerichi angoon seera lafaa fi qabeenya uumamaan walqabatu baasuu kan mootummaa federaalaa akka ta'e kwt 51/5 jalatti kan kaa'e yoo ta'u, angoo seera mootummaan federaa baasu bu'ura godhachuun lafaa fi qabeenya uumamaa bulchuu akka kwt 52/2/d'tti mootummoota naannoof kennee jira.

Haala kanaan heerichi yaada warra lafti qabeenya dhuunfaa osoo hin taane kan waliinii ta'uu qabdi jedhuu fudhachuun akkaataa imaammata lafaa haala salphaan akka akka isaatti illee ilaaluun hojii irra oolchuun hin danda'amneen qaama Heeraa taasisuun falmii bara mootummaa ce'uumsaa keessa ture guduunfe. Kun immoo beektota hedduu, dhaabbilee gargaarsaa addunyaa baay'ee fi qaama hawaasaa mataa isaa hamma ta'e hin gammachiifne waan ta'eef ammas falmii lafaan wal qabatee jiru ijjannoo adda addaan ittuma fufee jira.

Bifa kanaan lafa qabeenya waliinii uummataa fi mootummaa taasisuun , namni qotee buluuf fedhii qabu garuu lafa isa barbaachisu tolaan argachuuf mirga guutuu

[10] Chaartara Mootummaa Ce'uumsaa, kwt 10

[11] Heera Mootummaa RDFI kwt. 40/3

akka qabu, faayidaa uummataaf yoo ta'een ala mirga abbaa qabiyyee lafa isaa irraa buqqa'uu akka hin dandeenye, faayidaa uummataaf kan gadhiisu yoo ta'es, qabeenya horatee fi fooyya'iinsa humna isaatiin argamsiiseef beenyaa wal-madaalu argachuuf mirga akka qabu Heerichi tumeera.[12]

Gaaffiilee Marii

1. Dhimmi (dhimma 1ffaa) kun dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMW Oromiyaa lak.ga.132370 ta'e irratti ilaalee murteessee dha. Dhimma kana irraa akka hubachuun danda'amutti himataan jalaa obbo Gammachuun idaa isa irra jiru kanfaluuf jedhee Obboo Dobocitti lafa isaa qarshii 1,500'n itti gurgure ture. Obboo Doboc bittaa kana irratti hundaa'ee na jeeqe jedhe Obbo Gammachu Mana Murtii Hawaasummaa Gandaatti himatee murtaa'ef.

   Kun kanumaan osoo jiruu obbo Doboc, Gammachuun qabiyyee koo bara 1997 qabee gibira itti gabbaree itti fayyadamaa ture irratti na jeeqe jedhee Mana Murtii Aanaa Ada'aattii yoo himatu himatamaan hin jeeqne lafti kun kooti; kanaaf himanni narraa haa cufamu jedhe.

   Manni Murtichaas erga bitaa fi mirga wal falmisiiseen booda lafichi duraa isa harka kan gale haala Heera Mootummaa kwt 40/3 fallessuun walii galtee bittaafi gurgurtaan waan ta'eef walii galteen akka kanaa kunimmoo jalqaba irraayyuu kan hin jerree dha jedhe himata isaa kufaa taasisee jira. Dhimmichi ol iyyannoon M/M/O/Go/Sha Bahaaf dhiyaatee Manni Murtichaas dhimmicha ilaalee dhimma kana irratti kana dura hanga Manni Murtii Walii Gala Oromiyaatti walfalmanii lakk. g. 80416'n ta'e irratti obbo Gamachuun jeequmsa uumu akka dhaabu kan itti murtaa'e waan ta'eef lafa kana obbo Dobocif akka gad dhiisu jedhee mururteesse.Murtee kana Manni Murtii Walii Gala Oromiyaa dhaddachi bahaas cimse.
   Dhaddachi Ijibaataa dhimma kana laalee murteen dhimmicha irratti Manni Murtii ol-anaa fi Manni Murtii Walii Gala Oromiyaa dhaddacha bahaan

[12]Heera Mootummaa DRFI kwt'n kwt. 40/5,7 ilaala.

kenname Heera federaalas ta'e naannoo kan fallessu dha. Kunis murtichi akka h/m kwt 9/1'tti rawwatamummaa kan hin qabne ta'uu isaa ibsa. Lab. 130/99 illee kanuma ibsa.Murteen duraan kennames dhimma jeequmsaa irratti malee dhimma abbaa qabiyyummaarratii miti.Kana waan ta'eef murtii Mana Murtii Hawaasummaa Gandaan Heera mootummaa fallessuun kenne irratti hundaa'uun lafa kana obbo Doboc haa argatu jechuun fallaa heera fi seerati jechuun murteesse.

- Murtiiwwan dhimma kanaan wal qabatee Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin murtaa'e adda erga baastaniin booda bu'ura seera rogummaa qabuun madaalaa.

2. Dhimmi (dhimma 2ffaa) kun dhimma Manni Murtii Olaanaa Go/H/ Lixaa galmee lakk.16518 ta'e irratti ilaalee murteessee dha. Dhimma kana keessaa akka hubatamutti obbo Ahimad maanguddoon kadhatee obbo Zeeyiniitti lafa qonnaa isaa biqiltuu bargamoo fi jimaa waliin itti gurguratee araddaatti walii galticha galmeessisanii gibira maqaa isaan (Zeeyinuun) akka gabbaru taasifamee laficha qabate.Kun kanumaan osoo jiruu abbo Ahimad lafa koo hirtaan narraa fuudhee na dhoowwate; naaf haa gadidhiisu jedhee obbo Zeeyin himata. Himatamaan gama isaan mana murtiitti dhiyaatee ani lafa kana seeranan bitadhe malee hirtaa irraa hin fuune. Araddaatti galmeesisee gibiras ergan maqaa koon gabbaruu eeggalee waggaa kudhan ta'eera. Kanaaf himanni kun narraa haa cufamu jedhe.

   Manni Murtii Aanaa Bookee dhimmicha laalee murtii kenneen himataan lafa kana waliigaltee hirtaan himatamaaf kennuu hin mirkaneessine; himanni qabiyyee lafaa kun immoo bu'ura s/h/h kwt 1149/2/'n waggaa lama keessatti dhiyaachuu qaba ture. Himataan dhukubsatee waggaa 4 ciisuu ibsu illee ragaa hin dhiyeessine.Lafti erga harkaa baatee garuu w. 5 ta'uu ragaan jira.Kanaaf himanni darbiinsa yeroon kufaa ta'a jedheera.Manni Murtii Olaanaa Godiina Harargee Lixaas murtii Mana Murtii Aanaa cimseera.

- Falmii taasifamaa ture keessatti '… [obb Zeeyin] lafa [kana] jimaa fi bargamoo waliin bitadhe waan jedhee falmuuf kun seera qabeessa moo miti? kan jedhu…' dhimma ilaallamuu qabu hin turree?
- Tumaa labsii lak.130/1999 kwt 6/6/ irraa akka hubatamutti sababa qabeenya lafa irra jiru bituun laficha qabachuun akka hin danda'amne ifatti tuma. Hundeen jimaa fi bargamoos akkasuma. Labsii kwt 6/2 cum 6/7cum 40/3, murtee kenname faana akkamiin ilaalama ?
- Tumaa H/m kwt 40/3 fi dambii lakk 151/2005 kwt 32 akkamitti walitti araarsuun hojiirra oolchuun danda'amaa?

3. Dhimmi (dhimma 3ffaa) kun MMWF dhaddacha ijibbaataa jildii 13ffaaL/G 69291 ta'e irratti gaafa 8/3/2004 murtii argateedha. Waamamtuun dhaddacha ijibbaataa himattuun mana murtii jalaa himannaa Godina Arsii, MMA Gufaatti bara 1990 qabiyyee lafa koo sangaa sadii qabsiisee himatamaa jalaa iyyataa ammaa harkaa qarshii 1020 fudheera. Booda qarshii kee fudhadhuutii qabiyyee koo naaf deebisi jennaan na dide jechuun himatte. Himatamaan jalaas waliigalteen jiraachuu osoo hin mormin qarshii yeroo rakkinaa fudhattee itti fayyadamte amma lafa koo naaf deebisi jechuun sirrii miti jechuun falmeera. Manni murtii aanaa lafa sangaa sadii keessaa himatamaan lafa sangaa tokko himattuuf haa deebisuu jechuun murtii kenneera.

   Iyyataan murtii MMA komachuun oliyyannoo MMO Godina Arsiitti dhiyeeffate.Manni murtichaas waliigalteen bitaa fi mirga giddutti umame seeraan ala jechuun murtii mana murtii aanaa diigee, iyyataan qabeenya manaa lafa waamamtuu irratti ijaare kaafatee lafa himattuu jalaaf haa deebisu jechuun murtii kennee.MMWO murtii MMO yoo diiguu, MMWO dhaddacha ijibbaataa immoo murtii MMO cimseera.

   Iyyataan dhaddacha ijibbaataa MMWF'tti himatamaan jalaa qabiyyee ammaatti waggaa kudha tokko(11) fayyadamee biqilaa adda addaa qarshii 50,000 baasu osoon irraa qabu, laficha gadi dhiisi naan jechuun sirrii miti jechuun murtii jalaa komateera. Akkuma kana himannaan ana irratti dhiyaate darbiinsa yeroon daangeeffama jechuun falmeera. Dhaddachi kunis

iyyataan laficha qarshii 1020 kaffale bara jireenya isaa itti fayyadamuuf yaaduun laficha akka waan bitateetti ilaalama jechuun qeeqeera. Akka heera mootummaa kwt 40(3)tti lafti qabeenya hin gurguramne ykn hin geedderamne fi qabeenyaa uummataaf mootummaa akka ta'ee fi kwt (40(4) ammo qotee bulaan qabiyyee isaa irraa buqqa'uu akka hin qabnee ifa taasiseera.

Tumaa heera kana hojiirraa oolchuuf labsii bulchinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa federaalaa lakk.456/97 akkasumas labsii bulchiinsa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa lakk.130/99 kwt 6 jalatti wabiin itti fayyadama qabiyyee lafaa mirkana'eera.Waliigalteen bitaa fi mirga kunis faallaa heera mootummaa fi seerota kana waan ta'eef waliigalteen isaanii seeraan ala.Waliigalteen seera ala immoo darbiinsa yeroon hin daangeeffamu.Bu'uuruma kanaan waliigalteen hin jiru jechuun murtii MMO Arsii fi dhaddacha ijibbaaataa MMWO cimseera.

- ✓ Murtii MMA fi MMO akkamiin madaaltuu?
- ✓ Laficha irratti qabeenya horachuun himatamaa jalaaf mirga addaa laficharratti ni argamsisaafi?

4. Dhimmi (dhimma 4ffaa) kun MMWF dhaddacha ijibbaataa L/G 27739 irratti ilaalee kan murteessee dha. Dhimmichiis iyyataan ammaa himataan MMA Ciilgoo Naannoo Amaaraa iddoo duwwaa waamamaa ammaa himatamaa jalaa irraa bitee mana irratti ergan ijaaree booda, himatamaan manicha maqaa kootti naaf jijjiiruu dide waan ta'eef dirqamaan akka naaf jijjiiruu jechuun himateera. Himatamaan jalaas waliigalteen seeraan ala waan ta'eef ragga'uu hin qabu jechuun mormeera. MMA waliigalteen ragga'uu qaba jechuun himatamaan manicha maqaa himataatti haa jijjiiru jechuun murtii kenneera.

Himatamaan murtii kana komatee MMO Kaabaa Gondoritti oliyyannoo gaafateera. Manni murtichaas lafa gurguruu ykn geeddaruun dhorkaadha waan ta'eef waliigalteen diigamee, baasii manichaaf bahe oliyyataan gaafachuuf mirgi isaa eegamaa dha jechuun murteesseera.

MMW Naannoo Amaaraa waliigaltee ilaalchisee murtii mana murtii ol'aanaa cimsee, baasii gaafachuuf mirgi isaa eegamee, akkuma kana manicha diigee haa fudhatu jechuun murteesse.

MMWF dhaddachi ijibbaataa ijoo dubbii sababni himannaa dhiyeessisuu (cause of action) jiraa? Moo miti? Kan jedhu ijoo qabateera. Lafti akka heera Mootummaa kwt 40 (3)'tti qabeenya mootummaa fi uummataa kan hin gurguramnee ykn kan hin geeddaramnee ta'uun isaa osoo beekamu qabuu manni murtii himannaa ka'umsa hin qabne fuudhe ilaaluun isaa dogoggora bu'uura seeraati. Manneen murtii ol'aanaas ta'e waliigala naannichaa waliigaltee seera qabeessa miti jechuun isaanii sirri yoo ta'es, ka'umsaa jalqabee bu'uura s/d/f/s/ 231 tiin dhimmichi cufamuu qaba jechuun galmee cufu osoo qabuu dhimmicha falmisiisuun isaanii dogoggora jechuun murtii MMO fi MMW Naannoo Amaaraa s/d/f/s/ 348(1) fooyyeessuun murteesseera.

- Dhimma kana keessatti murteewwan Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin laataman erga adda baasuun ibsitaniin booda seera rogummaa qabu faana madaalaa.

5. Dhimma (dhimma 5ffaa) MMA Sayyoo L/G.08148 irratti murteesseedha. Dhimmichis himattuun himanna MMA irratti hundeessiteen bara 1999 keessa abbaan manaa koo himatamaatti lafa falmii kaase hanga bara 2003tti kiraayii kennee bara 2003 gad haa dhiisu jechuun gaafattetti. Himatamaan deebii laateen bara 1999 keessa waliigaltee gaafa 10/10/1999 tiin qabiyyee lafaa jedhame kana bitadhee waggaa jaha waanan itti fayyadameef qabiyyee kooti; ana gaafachu hin dandeessu jechuun deebii laateera. Waliigalteen bittaa fi gurgurtaas dhiyaateera. MMA bittaa fi gurgurtaa raawwatame keessa himattuun waan turteef waa'ee bittaa fi gurgurtaa ilaalchisee yeroo sana mormiin dhiyaate hin jiru jechuun himannaa dhiyaate kufaa godheera.

MMO G/Q/Wallagga L/G10745 dhimmicha oliyyannoon ilaalaa erga tureen booda himatamaan lafa falmii kaasee bittaa fi gurgurtaan qabate.

Bittaa fi gurgurtaan lafaa immoo seeran ala.Waliigalteen seeraan alaa immoo manneen murtii keessatti raawwataminsa hin qabaatan.Himatamaan waliigaltee seeran alaatiin lafa falmii kaase kana qabachuun isaa erga mirkanaa'ee manni murtii akka seera qabeessaatti ilaaluun sirri miti jechuun waliigaltee bittaa fi gurgurtaa diiguudhaan qabiyyeen lafaa himattuuf akka deebi'u akkasumas himattuun maallaqa fudhatte akka deebiftu murtesseera.

- Dhimma kana keessatti murteewwan Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin laataman erga adda baasuun ibsitaniin booda seera rogummaa qabu faana madaalaa.

1.2. BOQONNAA LAMA:-Gosoota, Haallan Argannaa, Daangeffamaa fi Hafinsa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa

1.2.1. Gosoota Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa

Biyya keenyatti lafas ta'e qabeenya uummamaa biroo irratti namni dhuunfaan mirga abbaa qabeenyummaa horachuu hin danda'u. Mirgi kun mirga uummannii fi mootummaan qofti qabu dha. Mirga waliin ykn gamtaan uummanni horachuu danda'u dha. Kana waan ta'eef namni dhuunfaan mirga abbaa qabeenyummaa lafa baadiyyaa irratti qabaachuu hin danda'u.[13]

Akka tumaa Heera RDFI kwt 40(4-5) irraa hubachuun danda'amu mirgi namni dhuunfaan lafa baadiyyaa irratti horachuu danda'u inni guddaan mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaati . Namni umuriin isaa waggaa 18 guutee qonnaan bulaa, horsiisee bulaa ykn gamis horsiisee bulaa ta'e ykn fedhii qotee ykn horsiisee buluu qabuuf bilisaan kennama. Kuun immoo harka mootummaa harka turuun faayidaa waliinii uummataaf tajaajila.[14] Kan hafe immoo iddoon jireenyaa ykn hojii hawaasa kamiiyyuu akka tajaajila malu haala gahaa ta'een kennuu danda'uuf akka galteetti fayyada.

Akkaataa itti qabamee fi tajaajila oolaafi jiru kanneen irraa ka'uun mirgi abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa tajaajila kamiifuu haa ta'u nama dhuunfaanis, mootummaanis ta'e hawaasaan qabamu sirna seeraa keenya keessatti keessaahuu immoo labsii lafa baadiyyaa naannoo keenyaa lakk 130/1999'n iddoo gurguddoo saditti qoodamee argama. Isaaniis qabiyyee dhuunfaa, qabiyyee waliinii, fi kan mootummaa yoo jedhaman akka itti aanu kanatti gabaabinaan dhiyaatanii jiru.

1.2.1.1. Qabiyyee Dhuunfaa

Gosti qabiyyee kun tumaa labsii lafa baadiyyaa lakk 130/1999 kwt 2(6)'n beekkamtii kan argate yommuu ta'u, gosa qabiyyee nama dhuunfaaf, maatiif, gareef, dhaabbata daldalaaf, dhaabbilee mit-mootummaaf kan kennamuu dha. Qabiyyeen

[13] Heera Mootummaa RDFI kwt 40/3

[14] Heera Mootummaa RDFI kwt 89/5

kun qabiyyee abbaa qabiyyichaa mirga daangaa seerri kaaheef keessatti dhuunfaan qabiyyee isaatti fayyadamuu gonfachiisuu dha.

1.2.1.2. Qabiyyee Waliinii

Gosti qabiyyee kun immoo gosa qabiyyee biraa labsiin 130/1999 kwt 2/5 jalatti beekkamtii kennuufi dha. Qabiyyeen kun qabiyyee dhuunfaan nama dhuunfaaf, garee namootaaf, kutaa hawaasaf, qaama mootummaaf, fi kkf'f adda bahee dhuunfaan akka itti fayyadamaniif kennamu osoo hin taane qabiyyee iddoo adda ba'e tokkoof akka tajaajila hawaasummaa kennuuf kennamuudha. Qabiyyee akkasii kanatti fayyadamuuf jiraataa bakka sanaa ta'uun qofti ga'aa dha. Qabiyyeen kun lafa baadiyyaa uummatni waliin itti fayyadamuu dha.

Namoota mirga itti fayyadama lafa sanaa qaban keessaa tokko ykn muraasni tajaajila lafichaa jijjiiruu hin danda'an. Qabiyyeen kun jireenyaa hawaasummaa naannoo sanaa guutuu taasisuuf kan kennamuu dha. Qabiyyee kana irratti falmiin yoo ka'e, jiraattota keessaa namni tokko ykn qaamni mootummaa dhimmichi ilaallatu mana murtiitti dhihaatee falmuu ni danda'a.

1.2.1.3. Qabiyyee Mootummaa

Gosti qabiyyee inni sadaffaan labsii 130/1999 kwt.2 (4)'n beekamtiin kennameef qabiyyee mootummaati. Qabiyyeen kun gosa qabiyyee lafa baadiyyaa mootummaa naannoon daangaffame kanneen akka lafa bosonaa, lafa dawoo bineensa bosonaa, qonna mootummaa, lafa albudaa, haroowwan, lageenii fi kanneen biroo bifa wal fakkaatuun qabamanii faayidaa waliin uummataaf karaa haqa qabeessa ta'een oolani dha.[15]

1.2.2. Haallan Argannaa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa

Bara 1967 irraa eegalee biyya keenyatti lafti qabeenya waliinii uummataa fi mootummaati. Akkuma olitti ilaalle kana irraa kan ka'e lafas ta'ee qabeenya uumamaa kamiyyuu irratti mirga abbaa qabeenyummaa argachuu kan mootummaa fi uummata qofa. Namni dhuunfaan lafa irratti mirga abbaa qabeenyummaa argachu hin danda'u.

[15]Heera Mootummaa kwt 89/5 fi labsii lafa badiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk.2/4/ilaala.

Kana jechuun garuu, mirgoota qabeenyaa hunda iyyuu lafa irratti namni dhuunfaan argachuu hin danda'u jechu miti. Mirgoonni qabeenyaa biroo kanneen lafa irratti horatamuu danda'an sirna seeraa keenya keessatti nama dhuunfaaf hayyamamanii jiru. Mirgoota kenneen keessaa inni guddaan namni dhuunfaa lafa baadiyyaa irratti qabaachuu danda'u mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaati.

Akkuma beekkamu biyya keenyatti lafti qabeenya gamtaa mootummaa fi ummaataati. Haa ta'u malee, qotee bulaan, horsiisee bulaan , gamis horsiisee bulaan abbaan qabeenyaa, namni dhuunfaan, dhaabbanni mootummaa, dhaabbanni miti mootummaa fi kkf'n daangaa seerri kaa'eef keessaan lafa baadiyyaa irratti mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa argachuu danda'a. Mirgi kunis kan argamu karaa gurguddoo sadi, seerichi mirgi abbaa qabiyyee seera qabeessa ta'e ittiin argama jedheen, dha.[16] Itti aansinee eenyutu ulaagaa maaliin qabiyyee akkamii argata dhimma jedhu gabaabinaan kan ilaallu ta'a.

1.2.2.1. Mootummaa Irraa Hirtaan

Lafti qabeenya mootummaa fi uummataa ta'ee qabeenyoota biroo horachuuf murteessaa dha. Qabeenyi kun akkaataa murteessummaa isaatiin walmadaaluu danda'uun haala bu'aa qabeessaa fi itti fufiinsa qabuun faayidaa fi guddina waliinii uummataaf akkaataa ooluu danda'utti mootummaan to'annoo isaa jala oolchee bulchuuf dirqama qaba. Mootummaan karaan ittiin dirqama isaa kana bahuu danda'u keessaa tokko nama lafa argachuu qabuuf lafa kana kennuudhaan. Kunis tumaa heerichaa RDFI kwt 40(4)(5)(6) irraa waan hubatamuu dha.

Bu'uruma kanaan mootummaan qotee bulaa, horsiisee bulaa fi gamis horsiisee bulaaf lafa baadiyyaa hojii qonnaaf isaan barbaachisu bilisaan kennuuf dirqama qaba. Haaluma wal-fakkaatuun abbaan qabeenyaa lafa baadiyyaa hojii misoomaaf barbaadu, dhabbileen mootummaa, miti mootummaa fi amantaa lafa baadiyyaa mootummaa irraa akka barbaachisummaa isaatti haala mirga saboonni sablammoonnii fi uummatootni biyyattii lafa irratti qabanitti hin buuneen lafa baadiyyaa mootummaa irraa hirtaan/kennaan/mirga argachuu ni qabu.

[16]Heera Mootummaa RDFI kwt 40 (4)(5)(6)

Asitti wanti jala muramee ilaalamuu qabu qabiyyeen lafa baadiyyaa qaama mootummaa aangoo qabu irraa karaa seera qabeessa ta'een qofa kan argamu ta'uu isaati. Waan ta'eef qabiyyeen tokko mootummaa irraa argameera jechuuf qabiyyicha kan kenne qaama mootummaa ta'uu qaba. Qaamni kun immoo kan aangoo qabu ta'uu qaba. Qaamni aangoo qabu kun immoo qabiyyicha karaa seera qabeessa ta'een kennuu qaba. Kana mirkaneessuuf dambii labsii lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa lakk.130/99 raawwachiisuuf bahe dambii lakk. 151/2005 kwt'n 3 irratti akkaataan lafa qaama mootummaa irraa itti argamuu fi itti kennamu ifatti kaa'amee jira.

Bu'uruma kanaan namni ganda keessa jiraatuu lafa baadiyaa argachuuf iyyata dhiyeeffachuu danda'a. Bulchiinsi gandichaas iyyataan kun jirataa ganda sanaa ta'uu mirkaneessee lafti yoo jiraate adeemsa seeraan kaa'ame guutee kennaaf; yoo ganda keessa jiraatan keessa lafti jiraachuu baate immoo dhuunfaadhaan yookiin gurmaa'anii ganda, aanaa yookiin godina lafti itti argamu keessa lafa argachuu ni danda'u. Lafti ganduma namoonni lafa gaafatan keessa jiraatan keessa kan jiru yoo ta'e, bulchiinsi gandaa namoota lafa argachuuf iyyata dhiyeeffatanii galmaa'aniif lafti namaan hin qabamnee fi misooma adda addaaf ooluu danda'u jiraachuu isaa ragaa Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa Aanaaf ni erga. Waajirichi namoota gaaffii lafaa dhiyeessanii fi lafa qoratamee qophaa'e Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee yoo hayyamame waraqaa ragaa waliin lafa ni kennaaf. Adeemsi kanaan ala deemuun lafti kennamuu fi fudhatamuu adeemsa seeraan alaati.

1.2.2.2. Dhaala

Akka tumaa labsii 130/1999 kwt 6 fi 9 irraa hubachuun danda'amutti abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa lafa isaatti yeroon osoo hin daangeffamin mirga fayyadamuu, kireessuu, miseensa maatii isaaf dhaalchisuu, kennuu, laficha gubbaatti qabeenya horate gurguruu, jijjiiruu fi dabarsuu qaba. Kanaaf mirga itti fayyadama lafaa abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa lafa isaa irratti qabu keessaa tokko miseensa maatii isaaf/isheef dhaalchisuu dha.[17]Kana waan ta'eef, abbaan qabiyyee mirga qabiyyee isaa miseensa maatii isaaf dhaalchisuuf mirga qaba.

[17]Labsii lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk.130/1999 kwt'n 6(1) fi 9(1) ilaala.

Gama biraan immoo akka tumaa labsii kanaa kwt 5/5 irraa hubachuun danda'amutti qonnaan bulaan, horsiisee bulaan ykn gamis horsiise bulaan mirga abbaa qabiyyummaa maatii isaa irraa dhaalan argachuuf mirga akka qabu ni hubatama.[18] Kana jechuun qonnaan bulaan mirga abbaa qabiyyummaa qabu miseensa maatii isaaf dhaalchisuuf mirga qaba; qonnaan bulaan immoo mirga abbaa qabiyyummaa dhaalan maatii isaarra argachuuf mirga qaba.[19]

Gaaffiin asitti ka'u miseensa maatii kan jedhaman eenyu faadha? kan jedhu. Labsichi hiika tumaalee walii galaa keessatti, kwt.2(16) jalatti, miseensa maatii jechuun ijoollee abbaa qabiyyee irraa dhalatan, ykn namoota biroo galii biraa hin qabnee fi abbaa qabiyyee faana dhabbataan jiraatan jedha. Hiikkaan kun miseensa maatii bakka gurguddaa lamatti qooda. Isaaniis iIjoollee abbaa qabiyyeerraa dhalatan, ykn namoota biroo jechuun qoodee jira.

Garuu akka olitti kaasne tumaa labsii kanaa inni akkaataa itti mirgi abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa argamu bulchu kwt'n 5 lafa baadiyyaa dhaala ykn kennaan maatii isaa irraa eenyu akka argachuu danda'u tumee jira. Waan ta'eef miseensi maatii qonnaan bulaa olitti kaa'aman kanneen keessa isaan qonnaan bulaa, horsiisee bulaa ykn gamis horsiise bulaa ta'an dhaalan maatii isaanii irraa lafa argachuuf mirga ni qabu.

Akkataa argannaa mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa kana haala kanaan kan hubate barreessitoota ammaa kanneen qofa miti. Dhimmicha ilaalchisee haayyonni seera lafaa haala itti aanu kanaan kaa'aniiru. Inni calqabaa Getnat Alamu waan kaa'ee dha. Kunis[20]

> *The federal rural land proclamation on land transfer through … inheritance clearly states that being a rural resident and engaged … in agriculture is a condition of eligibility,*

kan jedhu dha.

[18] Labsii 130/1999 kwt 5/5

[19] Labsii 130/1999 kwt'n 6/1 , 9/1 fi 5/5

[20]Getnat Alamu , Rural land policy, Rural transformation and recent trends in large scale rural land accusations in Ethiopia, Yuniversiitii finfinnee , fuula 10

Inni lammataa Solomon Bekure, Abebe Mulatu, Gizachew Abebe fi Michael Roth kan teechisani dha. Kunis [21]

> Current federal and regional land laws restrict inheritance of rural land only to family members who are resident in rural areas while the country's succession law does not put any restriction to which one can bequeath their property and rights.'

jechuun kan teechisanii dha.

Haaluma walfakkaatuun Getnat Alamu fi Mehrab Malek [22]

> *Transfer of land use right in the form of inheritance or donation is allowed only to the land holder's family members who are residing in the rural kebele and are engaged in agriculture or wish to engage in agriculture.*

jechuun dhimma kana kaa'aniiru.

Labsiin 130/1999 dhaaltoota qabiyyee lafa sanarraa argamuun bulaniif ykn galii biraa hin qabneef dursi mirga dhaalmaa akka kennamuufii qabu kwt 9 (2) jalatti ibseera. Labsichi 'mirga dursaa' kan jedhu maal jechuu akka ta'e hiikoo kan itti kenne ta'uu baatus ibsa kwt 9(2) fi dambii lakkoofsa 151/2005 kwt.3(13) jalatti kennameef irra ka'uun namni tokko mirga dursaan qaba jedhee dhaaltota kaan dhaala keessa hambisuuf dhimmoota itti aanan kana agarsiisuu danda'uu qaba.

Isaanis:-

- Jalqaba akka tumaa miseensa maatii qabiyyee lafa baadiyyaa dhaalaan argachuuf seeraan kaa'aman keessa tokko ta'uu qaba. Miseensi maatii dhaalan lafa argachuu danda'a jedhee seerri tume immoo qonnaan bulaa, horsiisee bulaa fi/ykn gamis horsiisee bulaa qofa.
- Ofii isaatii/ishiiti galii qabiyyee lafa sanarraa argamuun kan bulu yookiin galii biraa kan hin qabne ta'uun isaa ragaa Mana Maree Bulchiinsa Gandaatiin mirkanaa'ee dhiyeeffachuu akka qabuu fi

[21]Solomon Bekure, Abebe Mulatu, Gizachew Abebe and Michael Roth, Removing Limitations of Current Ethiopian Rural Land Policy and Land Administration, fuula 10

[22]Implication of Land Policy for Rural Urban Linkage and Rural transformation in Ethiopia jedhu fuula 8

- Dhaaltonni kuun galii lafa sana irraa argamuun ala madda galii biraa kan qaban ta'uu agarsiisuuf dirqama kan qabu ta'uu isaati (jireenyi isaanii galii lafa sanirraa argamurratti kan hundaahe ta'uu dhabuu)

Haa ta'u malee, mirgi dursaa kun hanga kamitti kennama dhimma jedhuuf labsiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo keenyaa wanti inni jedhu kan hin jirre tu'uu irraa kan ka'e kanaan dura dhimmi kun haala kamiin raawwatama waan jedhu irratti ejjennoon adda addaa kan ture ta'u illee dambiin labsicha raawwachiisuuf bahe dambii 151/2005 kwt'n 10(10) akkaataa labsii 130/97 kwt 9/2 jalatti tumameen qabiyyicha namoota mirga dhaalaatiin dursa qabaniif gaheen nama tokko lafa midhaanii heektaara tokko, lafa jallisii heektaara 0.25 fi qabeenya dhaabbataa heektaara 0.25 kan hin caalle kennameefii kan hafu irratti miseensa maatii biraa waliin mirgi dhaalaa ni eeggamaaf jechuun fala itti kenneera.

Akkaataa argannaa mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa kanaan wal qabatee qabatama hojii keessatti eenyutu lafa argata, miseensi maatii eenyu, galii gahaa kan qabu eenyu, galii gahaan meeqa, dhaabbiin abbaa qabiyyee faana jiraachuun maal fi kkf dhimmoota jedhan irratti adda addummaan jiru ka'ee dhimma qabatamaan deeggaramee mariin gabbatee kan ijjannoon wal fakkaataa ta'e itti qabatamu ta'a.

1.2.2.3. Kennaan

Kennaan karaa sadaffaa mirgi abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa seera qabeessa ta'e ittiin argamuu dha.[23] Qonnaan bulaan, gamisi horsiisee bulaan ykn horsiisee bulaan qabiyyee lafa baadiyyaa Ijoollee isaa kan galii lafa saniitiin bulan; nama biraa galii biraa hin qabneef dhaabbataan abbaa qabiyyee waliin kan jiraatan; lafa dhabeeyyii ijoollee fi Ijoollee ijoollee isaa galii biraa hin qabneef kennaadhaan dabarsuu ni danda'a.[24]

Labsichi lafti kennaan darbuu kan danda'u ta'uu yoo ibse illee kennichi seera fuul duraatti gatii akka qabaatuuf foormaalitii maalii guutuu akka qabu hin ibsu; seera biraattis nuu hin qajeelchu. Kana irraan kan ka'e foormaalitii kennaa lafaa irratti yaadonni adda addaa ka'uu malu. Inni calqabaa kennaan mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa raawwatamuu kan qabu formii kutaa Seera Hariiroo Hawaasaa waa'ee

[23] Labsii 130/1999 kwt 2/3

[24] Labsii 130/1999kwt 5/5, 9/5 fi dambii 151/2005 kwt 10/2

kennaa ilaallatu keessayyuu waa'ee kennaa qabeenya dhaabbataa ilaallatu jechuunis kwt'n 2427-2489 fi 881 tiin raawwatamuu qaba kan jedhu dha.

Bu'uuruma yaada kanaan kennaan mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa seera fuul duratti fudhatama qabu tokko raawwatamee jira kan jennu akka tumaan Seera Hariiroo Hawaasaa kwt'n 1723 jedhutti barreeffamaan ta'ee akkaataa Seera Hariiroo Hawaasaa kwt'n 2443 fi 881tin foormii dhaamoon ifaa ta'uun bakka ragaan jirutti dhaammataan ofii barreessee ykn inni dubbachaa namni biroo barreessee yoo ta'e malee akka wixineetti qofa ilaalama kan jedhu dha.

Yaadamni inni lammataas walii galteen mirga kennaa abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa galmaahuu akka qabu kan amanu ta'ee garuu ammoo adeemsa warra duraa kana osoo hin barbaachisin qaama lafa bulchuuf aangoo qabu bira deemuun fedhiin formii qaamni kun dhimmuma kanaaf qopheesse taasisuun gahaa dha jedhu. Inni sadaffaan immoo callifameetuma galmee tokko malee walii kennuun ni danda'ama kan jedhu dha.

Qabatama hojii keessatti dhimma kanaan wal qabatee kennaan mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa eenyuuf kennama, foormii maaliin kennama fi kanneen kana wal fakkaataniin wal qabatee qabxiiwwan mariisisoo ta'an mariin gabbisuun ijjannoon tokko fi wal fakkaataa ta'e dhimma qabatamaan deeggaruun kan irratti qabatamee darbamu ta'a.

Gaaffi Marii

Dambiin lakk.151/2005 kwt'n 3/12 kennaan mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa galmaa'uu akka qabu ibsa. Haalli itti walii galteen kun osoo hin barreeffamin haalli itti galmaa'u jiraa? Jildii 18ffaa lakk.ga.109829 fi jildii 19, lakk.gal.113973 dubbisaatii itti mari'adha.

1.2.3. Daangaawwan Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaan Wal Qabatanii Jiran

Mirgi itti fayyadama abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa akkuma mirgoota kanneen biroo mirga daangaa qabu dha. Mirga abbaan mirgichaa daangaa seeraan adda bahee kennameef keessatti akkaataa seerri jedhuun itti fayyadamnu dha. Kutaa

Moojuulii kanaa keessatti haala amala addaa fi murteessummaa mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa ilaalcha keessa galcheen daangaa mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaan walqabatee seeran kaa'ame gabaabbinaan kan itti dhiyeessinu ta'a.

Abbaan mirgaa mirga itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa qabu tokko qabiyyee isaarratti mirgoota qabu keessaa tokko mirga itti fayyadamuuti. Abbaan qabiyyee qabiyyee lafa baadiyyaa isaatti mirga fayyadamuu qabaatu illee gaafa itti fayyadamu garuu qajeeltoowwan seeraan kaa'aman eeguudhaan. Kanaaf abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa lafa isaa hojii misooma qonnaa fi qabeenya uummamaaf oolchuun mirga itti fayyadamuu qaba.[25] Haa ta'u malee, faayidaa biroof oolchuu, fakkeenyaaf mana irratti ijaaruun gurguruu hin danda'u. Kana gochuuf mirga lafa kanatti haala kanaan fayyadamuu isa daangessisu ulaagaa isaa guutee qaama dhimmi ilaallatu irraa argachuu qaba. Kanaan ala gocha akka kanaa irratti hirmaachuun itti gaafatamummaa abbaa qabiyyichattis ta'e qaama lafa kana haala kanaan argatetti fiduu danda'a.[26] Waan ta'eef qonnaan bulaan, horsiisee bulaan ykn gamis horsiisee bulaan mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa qabu qabiyyicha hojii misooma qonnaa fi qabeenya uumamaaf oolchuun itti fayyadamuu qaba.

Kana malees, lafti qabeenya murteessaa uummataa waan ta'eef abbaan qabiyyee lafa hagabuu osoo hin bulchin haala si'oomina qabuun itti fayyadamuu qaba.[27] Abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa qabiyyee isaatti haala itti fufiinsa qabuun osoo itti hin fayyadamin hafa taanaan haalli inni itti mirga kana dhabuu danda'u seerichaan kaa'ameera.[28] Dabalataanis, seerri abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa naannoo keenyaa gosoota lafaa tokko tokkootti fayyadamuu irraa of qusachuun ykn haala jedhameen qofa akka itti fayyadamuun danda'amu tumaawwan dirqisiisan kaa'eera.[29]

Kana waan ta'eef, seerichi abbaan qabiyyee tokko lafa isaatti gaafa fayyadamu qabiyyicha maaliif oolchuun akka itti fayyadamuu danda'uu fi haala kamiin itti fayyadamuu akka qabu fi yoo kana kabajuu baate maaltu akka isa qunnamuu

[25]Labsii 130/99 kwt 2/10

[26] Labsii 130/99 kwt 16

[27] Kanuma kwt 6/16

[28]Moojuulii leenjii seera lafaaf ILQSO'n bara 2001 qophaahe fuula 27 irraa fudhatame.

[29]Labsii kwt. 18-25 fi dambii 151 kwt'n 5/16 fi 33/4 ilalaa.

danda'u teessisuun to'atee jira.Kana jechuun abbaan qabiyyee akkuma barbaadetti lafa isaatti fayyadama osoo hin taane daangaa seerri faayidaa walii galaa uummataa fi dhaloota boruu eegsisuuf daangaa kaa'e keessatti jechuu dha.

Kana malees, abbaan qabiyyee lafa isa harka jiru hunda akkuma barbaadetti itti fayyadamuu hin danda'u. Abbaan qabiyyee gosoota lafaa tokko tokkootti fayyadamuu irraa of qusachuu ykn haala jedhameen qofa itti fayyadamuu akka qabu seerichi akeekee jira. Kanaaf, abbaan qabiyyee fakkeenyaaf lafa tabbaa isa harka jiru gadee qotee kunuunsa dhorkee akka dhiqamu taasisuu irra akkaata lafti kun itti fufiinsaan faayidaaf oolu danda'uun fakkeenyaaf biqiltuu dhaabbataa dhaabuun akka fayyadamuuf seerichi jajjabeessa. [30]

Mirgi abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa qabiyyee isaa irratti qabu kan biroo mirgoota mirga dabarsuu jalatti walitti qabamuu danda'an kanneen akka mirga dhaalchisuu, kennuu, fi kireessuuti. Mirgoota abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa kanneen irras seerichi daangaa kaa'ee jira. Qonnaan bulaan mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa qabu tokko qabiyyee isaa hunda kiraa kennuu hin danda'u. Kan inni kireessuu danda'u qabiyyee harka isaa jiru keessaa walakkaa qofa. Walakkuma kireessuu danda'u kanaayyuu immoo kireeffataan laficha qonna aadaaf oolcha yoo ta'e waggaa sadiif, kan ammayyaaf oolcha yoo ta'e immoo waggaa kudha shaniif qofa. Walii galteen kun qaama lafa bulchu biratti dhiyaatee akka mirkanaahee galmaahuus seerichi ni dirqisiisa.[31]

Mirga dhaalan mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa dabarsuu wajjinis wal qabatee seerichi daangaa kaa'ee jira. Bu'uruma kanaan namni dhaalan mirgi abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa darbuufii danda'u miseensa maatii akkaataa seeraan mirga dhaaluu qabu (to his family member who have inheritance right according to the law) qofaa dha.[32] Haaluma walfakkaatuun, kennaadhanis mirgi kun kan darbu gama tokkoon ijoollee isaa kan galii lafa saniitiin bulan, nama biraa galii biraa hin qabneef dhaabbataan abbaa qabiyyee waliin kan jiraatani fi lafa dhabeeyyii Ijoollee fi Ijoollee ijoollee isaa galii biraa hin qabnef qofa yoo ta'u kun immoo ta'uu isaanii ragaa Mana Maree Bulchiinsa Gandaatiin mirkanaa'e yoo dhiyeeffatanii fi lafti

[30] Labsii 130/1999 kwt'n 18-25 dambii 151/2005 kwt'n 5/16 fi 33/4 ilaala.

[31] Labsii 130/1999 kwt 10

[32] Labsii lakk 130/1999 kwt'n 9/1-4 fi 5/5

kennaan argame wajjiratti galmaa'eefii lafichi kennaan darbe jedhama.[33] Kenna akka kanatti raawwatametu seera fulduratti bu'aa qaba.

Kanaan dabalata abbaan qabiyyee mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa tokko mirga isaa kana gurgurtaan dabarsuu hin danda'u. Walii galtee bittaa fi gurgurtaanis mirgichi argamuu hin danda'u.[34] Qabeenya biqiltuu dhaabbataa laficha irratti horates yoo ta'e gurguruu hin danda'u; gurgurtaan firii ashaakiltii dhabbataa kanaas daangaa seerri kaa'e keessatti kan raawwatu yoo ta'u, bu'uruma kanaan oomishni gurguramu walakkaa lafa inni qabuu irraa caaluu akka hin qabnee fi walii galteen akka kanaa kun waggaa sadi caaluu akka hin qabne seerichi ifatti daangessee kaa'ee jira.[35]

Haaluma walfakkaatuun, mirgi abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa qabeenya dhaabbataa adda addaa laficha irra jiru gurguruutti fakkeessuun kan gurgurtaan darbuu hin dandeenye fi sababa walii galtee qabeenya dhaabbataa achi irra jiru kanaa irratti taasifameef darbuu akka hin dandeenye hubachuun barbaachisaa dha. Walii galteewwan akka kanaa kunniin qabeenyuma dhaabbataa achi irra jiru kana ilaallata; yoo barbaades isuma kaafatee fudhatee deema malee mirga abbaa qabiyyummaa hin dabarsu; hin gonfachiisuus.[36]

Kana malees seerichi mirgoottan abbaa qabiyyee lafa baadiyyaaf daangessee kenne kana mataa isaa yommuu hojiitti hiiku lafa mancaasuu akka hin qabne[37] fi lafa haala cicciree oomishtummaa ishee hir'isuun hek 0.5 lafa boneef hek 0.25 lafa jallisiif gad adda qooduun dhorkaa dha.[38]

1.2.4. Hafiinsa Mirga Abbaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa

Akka Heera mootummaa RDFI irraa hubatamutti qonnaan bulaan, horsiisee bulaa fi gamis horsiisee bulaan akkasuma qaamoleen biroo mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa akka akka isaatti argachuu danda'u. Qaamni mirga abbaa qabiyyee lafa

[33]Labsii 130/1999 kwt'n 5/5 & 9/5 fi dambi lakk 151/2005 kwt'n 10/2 fi 3/12 ilaala.

[34] Heera mootummaa kwt 40/3 fi labsii lakk 130/1999 kwt 2/3

[35]Labsii lakk 130/1999, kwt 6/2-3 ilaala.

[36] Labsii lakk 130/1999 kwt 6/2,5,8/ ilaala.

[37] Labsii lakk 130/1999 kwt 18 ff

[38] Labsii lakk 130/1999 kwt 9(3) fi 7

baadiyyaa argate kun haala kamiin qabiyyee isaa kana dhabuu akka danda'u mirga abbaa qabiyyummaa qonnaan bulaan lafa baadiyyaa irratti qabu irratti xiyyeeffachuun kan ilaallu ta'a.

Bu'uruma kanaan qonnaan bulaan mirga abbaa qabiyyee itti fayyadama lafa baadiyyaa qabu tokko mirga isaa kanatti bu'ura seeraan yeroon osoo hin daanga'in itti fayyadamuu akka danda'u darbees miseensa maatii isaa bu'ura seeraan lafa baadiyyaa dhaaluuf mirga qabuuf dhaalchisuu akka danda'u seerri ni kaa'a.[39]Mirgi kun adda cituu kan danda'u faayidaa caalaa uummataaf yoo ta'e qofaa dha.[40]

Bu'uruma kanaan maal maaltu kallattiin ykn al kallattiin akka faayidaa caala uummataatti fudhatamee abbaan qabiyyee akka mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa isaa dhabu taasisa dhimma jedhu seerri akka itti aanu kanaan kan kaa'e yoo ta'u asii gaditti gabaabbinaan dhiyaatee jira.

1.2.4.1. Fedhiin Dhiisuu

Karaa inni calqabaa abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa tokko mirga abbaa qabiyyummaa isaa itti dhabuu danda'u keessaa inni jalqabaa abbaan qabiyyee mirga abbaa qabiyyummaa itti fayyadama lafaa qabu fedhii isaan yommuu dhiisuu (waiver of right) dha. Seericha irraa akka hubatamutti abbaan qabiyyee tokko qabiyyee isaa fedhiin dhiiseera jechuuf haalota lamatu jira.

Inni calqabaa abbaan qabiyyee tokko fedhii isaan qaama mootummaa lafa baadiyyaa bulchuuf aangoo qabu bira deemuun ifatti laficha akka hin barbaanne ibsuun yommuu deebisuu dha.[41]Karaan inni lammataa abbaa qabiyyee tokko mirga itti fayyadama isaa fedhii isaan dhiisee jira nama jechisiisu immoo kan labsii lakk 130/1999 kwt 6/16 jalatti kaa'ame dha. Akka tumaa seeraa kanaan kaa'ame abbaan qabiyyee mirga waggaa lamaaf itti fayyadamuu dhiisuu tumaa seeraan kanaan kennameef kanaa ol qabiyyee isaatti hin fayyadamiin yoo hafe dha.

[39] Heera Mootummaa DFRI kwt 40/4,5,7 fi labsii lakk 6 fi 9 ilaala.

[40]Heera Mootummaa kwt 40/1 fi labsii lakk 130/1999 kwt 6/10 ilaala.

[41]Labsii lakk. 130/1999 kwt 2/9/, fi 15/11

Bu'uruma kanaan, namni mirga itti fayyadama qabiyyee lafa baadiyyaa qabu kamiyyuu lafa roobaan misoomee faayidaa irra ooluu danda'u sababa gahaa malee waggaa tokkoof osoo itti hin fayyadamin tursiisuu isaa koreen[42] qulqullaa'ee yoo dhiyaate bulchiinsa gandaan abbaa qabiyyee lafichaatiif akeekkachiifni Moojuuliian kennuudhaan Waajjira Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafaa ni beeksisa. Abbaan qabiyyee kun sababa gahaa malee waggaa lamaa fi isaa ol osoo itti hin fayyadamin kan tursiise ta'uu isaa koreen yoo dhiyaate, bulchiinsa gandaatiin mirkanaa'e, Waajjiri dhimmicha qulqulleessee Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee akka irraa fuudhamu yoo murtaa'e lafa dhabeeyyii ganda keessatti galmaa'aniif kan kennamu ta'a. [43]

Lafti kun lafa jallisiin misoomu yoo ta'e abbaan qabiyyee lafichaa laficha osoo itti hin fayyadamin sababa gahaa malee oomisha yeroo tokkoo kan dabarse ta'uu Koreen yoo dhiyaate, bulchiinsa gandaatiin akeekkachiifni barreeffamaan ni kennamaaf; sana booda dhimmichas bulchiinsi gandaa waajjiri akka beeku ni taasisa. Kanaan yoo sirrachuu dide namni kun itti fufiinsaan oomisha yeroo lamaa yoo dabarse bulchiinsa gandaatiin erga mirkanaa'ee booda Waajjiri dhimmicha qulqulleessee akeekkachiifni isa dhumaa ni kennamaaf. Abbaan qabiyyee akeekkachiisni isa dhumaa kennameef fudhatee guyyaa misoomsuu dhaabe irraa kaasee waggaa lamaa fi isaa ol yoo dabarse Waajjiri Mana Maree Bulchiinsa Aanaatiif dhiyeessee akka irraa fuudhamu yoo murtaa'e lafa dhabeeyyii gandatti iyyatanii galmaa'aniif lafichi kan kennamu ta'a.[44]Abbaan qabiyyee lafa magaalaa haala kanaan lafa isaatti fayyadamuu dhiise akka nama fedhii ofiin qabiyyee lafaa isaa gadi lakkisetti seeraan lakkaawwamee mirgi abbaa qabiyyummaa isaa hafa.[45]

Haalli inni lammataa abbaan qabiyyee fedha isaan mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa akka dhiisetti seeran lakkaawwamee abbaan mirgummaa isaa itti hafu kan labsii lafa baadiyyaa 130/99 kwt'n 6(9) fi 15(11)(right to abandon) jalatti kaa'ame dha. Bu'uura tumaa kanaan namni tokko ifatti mirga abbaa qabiyyummaa

[42]"Koree" jechuun qaama hojii bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyaa sadarkaa gandaatti akka raawwatuuf dambii lakk. 151/2000'n hundeeffame jechuudha.

[43] Dambii kwt 5/3/

[44] Dambii kwt 5

[45]Labsii 130/99 kwt'n 2/16, 9/1-4 fi 5/5

lafa baadiyyaa isaa kan hin barbaanne ta'uu qaama dhimmi ilaallatuuf ibsuun ofuma isaan mirgicha dhiisuu danda'a. Gaafa akka kanaa kana ragaa abbaa qabiyyummaa qaama dhimmi ilaalutti deebisuun fedha isaa ibsata. Kana booda, mirgi isaa kun hafeera jedhama.[46]Haallan kanneen keessa darbuun namni mirga abbaa qabiyyummaa isaa dhiise mirgi isaa hafee lafichi mootummaan akka fudhatamu fi tajaajila biroof akka oolu taasisa.

Abbaan qabiyyee mirga isaa fedhii isaatiin akka dhiise /gate/ ifatti kallattiin ykn al kallattiin mirkanaahuu qaba. Hafinsi mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa ulaagaa kana irratti hundaa'un namoota waggaa hedduuf lafa isaanii dhiisanii sababa dur kan akaakayyuu, akaakilee fi abbaa kootii ykn ofiin yeroo akkasii itti fayyadameera jechuun mana murtii dhiphisaniif furmaata ta'a. Kaayyoon keewwata kanaas lafti dinagdee biyyaaf murteessaa waan ta'eef waggaa lamaa ol tajaajila malee tursuun misoomatti gufuu waan ta'uufi dha. Dabalataanis, hafinsi mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa ulaagaa kanneen irratti hundaa'un namoota waggaa hedduuf lafa isaanii dhiisanii sababa dur kan akaakayyuu, akaakilee fi abbaa kootii ykn ofiin yeroo akkasii itti fayyadameera jechuun mana murtii dhiphisaniif furmaata ta'a. [47]

1.2.4.2. Kunuunsa BarbaachisuTaasisuu Dhabuu

Lafti faayidaa amma kennaa jirtu kana itti fufiinsaan kennuu kan dandeessu fedhii dhaloota har'aa haala dhaloonni boruu fedhii isaa akka hin guuttane hin taasifneen guutuu kan dandeessu sirnaan kunuunfamtee yoo qabamte qofaa dha. Kana irraa kan ka'e labsiin lakk. 130/1999 kwt'n 2/10 abbaan qabiyyee qabiyyee isaa kunuunsee itti fayyadamuu akka qabu kaa'a. Bu'uura kanaan, qaamni mirga itti fayyadama lafaa qabu kamiyyuu lafa qonnaa, lafa caffee, bakka ittisaa fi kuufama bishaanii, lafa eegamanii fi daangeffaman, lafa haftee bosonaa fi mukoota haadhoo kunuunsuuf dirqama qaba.[48]

Labsichi lafa kunuunsuu jechuun maal jechuudha kan jedhu kallattiin hiikoo itti kennnuu baatus, gochoota kunuunsuu dhiisuu agarsiisan tarreesseera. Isaanis:

[46] Labsii 130/ 99 ket'n 6/9 fi 15/11

[47]Seeansa labsii 130/1999 fi dambii 151/2005 ilaala.

[48]Labsii 130/1999 kwt.19-24 ilaala.

bosona ciruu, lafa irraan olee qotuun dirqama biyyee ballisuu, sanyii muka oomisha irratti miidhaa fidan facaasuu fi kkf. Abbaan qabiyyee gochawwan dhorkaman kana raawwatee yoo argame; akkasumas, qabiyyee isaa sirnaan kunuunsee kan itti hin fayyadamne yoo ta'e qabiyyeen isaa akka irraa fudhatamu danbii 151/2005 kwt.24 (1-4) jalatti tumameera.

1.2.4.3. Mootummaan Yommuu Faayidaa Uummataaf Fudhatu

Akkuma armaan olitti ka'e mirgi abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa mirga yeroon daanga'ee kennamee miti. Haa ta'u malee, qabiyyeen kun mootummaan faayidaa uummataa ol-aanaaf yoo barbaadame beenyaan madaalawaa ta'e abbaa qabiyyeef kaffalamee abbaa qabiyyee, qabiyyee isaa irraa fudhachuu akka danda'u Heeraanis ta'e labsiin tumamee jira.[49]Kana waan ta'eef mootummaan qabiyyee lafa baadiyyaa dhimma "hawaasni kallattiinis ta'ee al-kallattiin hojii hojjetamurraa fayyadamaa ta'uun guddina hawaas-dinagdee itti fufiinsa qabu ittiin fiduuf dhaaluu danda'a.

"Faayidaa uummataa" gaaleen jedhu kun haala kamiin hiikamuu qaba kan jedhu irrati ilaalchota gurgurdoo lamatu jira:- dhiphatee hiikamuu qaba kan jedhanii fi bal'atee hiikamuu qaba kan jedhanii dha. Warreen bal'atee hiikamuu qaba jedhan, hojii kamiyyuu humna industirii, oomishtummaa ykn badhaadhina dabaluun magaalonni akka babal'atanii fi carraan hojii akka uumamu taasisuun guddina hawaasaa fida waan ta'eef bal'atee hiikamuu qaba jedhu.

Kanneen dhiphatee hiikamuu qaba jedhan immoo hojii hojjetamuun namoonni muraasni qofni kan fayyadamu yoo ta'e, faayidaan uummataa jira hin jedhamu jedhu. Hawaasni dhimmichi irraa hangam fayyadama kan jedhu gadi fageenyaan ilaalamuu qaba jedhu. Akka qajeeltootti Manni Murtii "faayidaan uummataa jiramoo hin jiru?" kan jedhu irratti murteessuuf aangoo hin qabu. Dhimma kana irratti murteessuu kan danda'u qaama bulchiinsaa labsiin aangeffamee dha.

Haa ta'u malee, dhimma hanga beenyaa irratti mormii dhihaatu ilaalee murteessuuf aangoo qaba. Dogoggorri bu'uura seeraa yoo jiraate immoo Dhaddacha Ijibbaataatti

[49] Heera Mootummaa RDFI kwt 40/7

dhihaatee ilaalamuu danda'a.Beenyaan kaffalamu qabeenya achirra jiruu fi baasii iddoodha buqqa'uuf baase fi dha. Mirga abbaa qabiyyummaa dhabuuf garuu seerri waan jedhu hin qabu.

1.2.4.4. Darbinsa Yeroo

Akka saayinsii seeraatti darbinsi yeroo sababa yeroon seeraan murtaa'e darbeef mirga kan nama dhabsiisu, ykn nama mirga hin qabne qabeenya ykn qabiyyee nama biraa qabachuun abbaa mirgaa kan taasisu dha. Danbii lakk.151/2005 kwt 32 jalatti namni qabiyyee tokko seeraan ala qabate hanga waggaa 12 tti gadi lakkisiisuun akka danda'amu tumameera.Kun immoo waggaa 12 booda mirgi abbaa qabiyyee duraanii hafaa akka ta'u mul'isa.

Dhimma kanaan walqabatee qabatama hojii keessatti ijoowwan dubbii falmisiisoo ta'an kanneen akka darbiinsi yeroo mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa argamsiisuu danda'uu fi dhiisuu; dhimmoota falmii dhaalaa, kenna, kiraa, jeequmsaa, abbaa qabiyyummaa, fi kkf mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaan walqabatanii ka'aniif tumaan darbiinsa yeroo dambii 151/2005 raawwatiinsa qabaachuu fi dhiisuu; lafa baadiyyaa qabiyyee mootummaa ta'e kan akka lafa bosonaa qabatanii bara dheeraaf fayyadamuun sana booda falmii darbiinsa yeroo kaasuun irraa fayyadamuu danda'uu fi dhiisuun wal qabatee yoo ka'an ni mul'ata. Dhimmoota kanneen irratti yeroo leenjiin laatamu ejjannoon mariin bilchaate kan itti qabatamu ta'a.

Gaaffilee Marii

1. Dhimmi darbiinsa yeroo mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa dambii lakk. 151/2005 keessatti eeramuun isaa sirrii dha?
2. Tumaan darbiinsa yeroo mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa lakk. 151/2005 falmii mootummaa fi nama dhuunfaa gidduutti ka'u irratti raawwatiinsa hin qabu yaadni jedhu qabatama hojii keessatti ni calaqqisa . Maal jettu isin?
3. Darbiinsi yeroo mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa argamsiisuu danda'aa?

4. Dhimmi (dhimma 7ffaa) kun dhimma Dhaddachi Ijibbaataa Federaalaa galmee lakk 119563 ta'e irratti ilaalee murteessee dha. Akka galmee kan keessaa hubatamutti himataan jalaa Obboo Hajii Nagawoo himatamaa jalaa kan ta'e Humna Ibsaa Itiyoophiyaa irratti himata Mana Murtii Olaanaa Godiina Shawaa Bahaatti dhiyeeffateen himatamaan jalaa bara 2001 gaafa daandii hojjatu booyii bishaanii osoo hin baasiin hafuu isaan lafa qonnaa koo qarxii 4 waan na jalaa balleesseef galiin qonnaa irraa argadhu kan waggaa 7 waan na jalaa hafeef omisha qamadii kuntaala 178 qar 990'n kan waggaa 7 qar 151,200 dhabe akka shh kwt'n 1254, 2027, fi 2092'tti akka naaf kanfalu jedhee himatee jira.

   Himatamaan gama isaan erga miidhaan gahee wagga torba .Akka tumaa seera h/h kwt 2143'tti immoo himanni miidhaa gaheef beenyaan naaf haa kanfalamuu waggaa 2 keessatti dhiyaachuu qaba jedhe. Manni Murtichaas himanni dhiyaate himata alaabaati jechuun gatii oomisha waggaa jahaa qarshiin 151,200n akka kanfalamuuf murteesse. Manni murtii Walii Gala Oromiyaas dhimmicha oliyyataan ilaalee himanni kun himata beenyaati; akka shh kwt 2143'tti immoo beenyaan kan gaafatamu waggaa lama keessatti; kan waggaa jahaa gaafachuu hin danda'u; kan waggaa lamaa qofa gaafachuu danda'a; kan waggaa sadii walakkaa qar.151,200 haa kanfaluuf himatamaan jalaa jedhe.

   Dhimmi kun Dhaddacha ijibbaataa federaalaaf dhiyaatee dhaddachichis dhimmichi dhimma beenyati; akka shh kwt 2143'tti waggaa 2 keessatti dhiyaachuu qaba ture; hin dhiyaanne waan ta'eef waggaa 7 booda dhiyaachuu hin danda'u jechuun murtiiwwan mana murtii jalaan kenname haqee jira.

   - Murtiiwwan manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin kennaman adda baasuun bu'ura seera rogummaa qabuun madaaluun irratti mari'adha.

5. Dhimma(dhimma 8ffaa) kanaaf ka'umsa kan ta'e, falmii qabiyyee lafa qonnaa yoo ta'u, Naannoo Oromiyaa, Godina Wallaggaa Bahaa, Aanaa Gudayyaa Biillaatti kan eegale waamamtuun ammaa himatamaa jalaa kan ture nama maqaan Taakkalee Quyyaasaa jedhamu irratti dhiyeessiteen, qabiyyee lafa qonnaa heektara 1 ½ ta'e bara 2006 irraa eegaluun, haala isheen hin beekneen waan jalaa qabatee, lafa qonnaa karaa seeraa alaan jalaa qabate kana akka gadi

lakkisu jechuun himannaa kan dhiyeessite yommuu ta'u; himatamaan jalaa kunis deebii gama isaatiin Moojuuliin kenneen, qabiyyee lafa qonnaa kana waliigaltee gaafa 01/08/2004 Moojuuliin taasiseen, iyyataa ammaa irraa akka waliigaltee kontiraataan akka qabateefi hanga ammaas qotaa akka jiru, waamamtuun ammaa kunis waliigalteen kun yeroo raawwatu, waliigaltichaarratti ragaa ta'uun akka mallatteessan, himatichi kufaa akka ta'u jechuun falmaniiru.

Haala kanaan, iyyataan ammaa gidduu lixummaan falmichatti akka makamu erga ta'een booda, deebii kenneen, lafti qonnaa bal'inniifi daangaan isaa himannaa keessatti ibsame kun, akka aadaa naannoo isaaniitti, bara 1986 yeroo sirna gaa'elaa raawwatu, waamamtuufi abbaan isaa waliin ta'uun kennaadhaan akka isaaf kennan, yeroo kana irraa eegaluun akka itti fayyadamaa ture, waliigaltee gaafa 01/08/2004 barreeffameenis kontiraataan himatamaa jalaaf waggaa 3f, hanga bara 2007tti kan kenne ta'uu ibsuun, waamamtuun himata lafa qonnaa qabiyyee ishee hin taane irratti waan dhiyeessiteef himanni kufaa akka ta'u jechuun gaafateera. Waamamtuunis deebii iyyata gidduu lixaa irratti kenniteen, falmii Iyyataan akkaataa aadaa naannootiin anifi abbaan isaa yeroo gaa'ela raawwatu kennaadhaan naaf kennaniruu kan jedhu kan hin kennine ta'uu, lafti falmii kaase kunis hanga ammaa maqaa abbaa warraa isheetiin galmaa'e kan jiru ta'uu ibsuun, falmiin gidduu lixaa kufaa ta'uun, falmicha keessa akka bahuuf gaafateetti.

Manni murtii aanaas falmii bitaafi mirgaa ragaa waliin erga dhagaheen booda, qabiyyeen lafaa amma falmii kaase kun kanaan dura kan himattuu jalaa (waamamtuu ammaa)fi abbaa warraa ishee akka ture ragaa namaafi Moojuulii dhiyaate irraa hubachuun akka danda'amu ibsuun, himatamaan jalaa immoo laficha waliigaltee Moojuuliia gaafa 01/08/2004 gidduu lixaa waliin taasiseen, bara 2004 irraa eegaluun kontiraataan qabatee qotaa kan jiru akka ta'ee ragaan namaafi Moojuuliia ibseera, gidduu lixaan jalaa(Iyyataan ammaa) laficha yeroo gaa'ela raawwatu bara 1986, 'mana bahaa' jedhamuun akka aadaa naannoo isaaniitti argatee yeroo sanaa kaase

laficha ofii qotaa, yeroo biroo immoo qixxee nama waliin itti fayyadama akka ture mirkanaa'eera. Himatamaan laficha waliigaltee gidduu lixaa waliin taasiseen waggaa 3f kan qabate ta'uufi himattuun laficha haala hin beekneen na jalaa qabateera jechuun bara 2006 keessa himannaa dhiyeessuun akkaataa seera Hariiroo Hawaasaa keewwata 1149(2) tiin bu'uura seera kan hin qabneefi lafti kunis harka himattuuti bahuun yeroo dheeraa waan tureef, bu'uura seeraatiin himatamaa hin gaafachisu jechuun murteesseera.

Waamamtuun ammaas murtii mana murtii aanichaa komachuun oliyyata mana murtii olaanaa godinichaaf kan dhiyeessite yommuu ta'u; manni murtii olaanaas bitaafi mirga erga falmisiiseen booda, qabiyyeen lafa falmii kaase kan waamamtuu ammaa ta'uun mirkanaa'ee otuu jiruu, manni murtii jalaa kana bira darbuun bu'uura seera Hariiroo Hawaasaa keewwata 1149(2)tiin kufaa taasisuun isaa Dambii lakk.152/2005, keewwata 32tiin waan walitti bu'uuf, murtiin jalaa dogoggoora seera qaba jechuun murtii jalaa diiguun, lafa falmii kaase waamamtuuf ni mala jechuun murteesseera. Iyyataan ammaas murtii kana komachuun Mana Murtii waliigalaa Oromiyaatti oliyyata kan dhiyeesse yoo ta'u, manni murtichaas murtii mana murtii olaanaa waan cimseef, murtiin kun dogoggora bu'uura seeraa qaba jechuun Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha ijibbaataaf kan dhiyeesse yoo ta'u, dhaddachi kunis komii isaa kufaa godheera. Iyyataan ammaas kanarraa ka'uun murtiin manneen murtii jalaa dogoggoora bu'uura seeraa qaba jechuun komii isaa MMWFDhItiif dhiyeesseera. Iyyataanis murtiin Manneen Murtii Olaanaa hanga dhaddacha ijibbaataa jiran kennan, aadaafi duudhaa naannichaa bu'uura kan hin godhatiin, qabiyyee lafa yeroo gaa'elli raawwatamu, 'mana bahaa' kennaan otuu lubbuun jiru gara maqaa kootti naaf haa jijjiiramuun jechuun dhorkaa ta'uu, iyyataan qabiyyee lafa kennaan isaaf kenname kana irratti qabeenyaafi mana horatee, ilmaanis godhatee jiraachaa kan jiru ta'uu otuu hin hubatiin, lafichii fi waraqaan abbaa qabiyyummaa maqaa abbaa isaatiin galmaa'ee argamuu qofaan, qabeenyaafi qabiyyee falmiif sababa ta'e akkan gadi lakkisu murtiin kenname dogoggoora, waamamtuunis qabiyyeen lafa falmii kaase yeroo kontiraataan himatamaa jalatti darbu waliigalticha keessatti ragaa ta'uun akka beektuufi lafichaas

waggaa 20 oliif qabatee akka ture ibsuun, murtiin manneen murtii olaanaa hanga ijibbaataa akka diigamuuf jechuun, murtiin mana murtii aanaa akka cimuuf gaafateera.

MMWFDhI dhimmicha qorachuun iyyataan bara 1986 irraa eegaluun lafa kennaadhaan argate hanga ammaa itti fayyadamaa jiru akka gadi lakkisu murtiin kenname seera qabeessa ta'uu isaa qulqulleessuuf ni dhiyeessisa jedheera. Waamamtunis falmii taasisteen, iyyataan yeroo tokko lafti falmii kaase karaa seeraan naaf kennameera jechaa, yeroo tokko immoo kennaan kun kan inni raawwatamu bu'uuraa aadaa naannootiin jechuun qabxiin falmii kaasu deeggarsa seeraa hin qabu; Waliigaltee kan hin raawwanne ta'uus jalaa kaaste falmaa akka turte, Waajjirri Bulchiinsa Lafa Baadiyyaafi Eegumsaa Naannoo Aanichaas xalaayaa barreesseen, lafti falmii kaase maqaa abbaa warraa waamamtuutiin galmaa'e akka argamu malee kennaadhaan iyyataaf darbuu ragaan mirkaneessuu kan hin dhiyaanne ta'ee osoo jiruu waliigalteedhaan naaf mirkanaa'eera falmii jedhu fudhatama waan hin qabneef kufaa akka ta'u, iyyataan bara 1986 kennaan naaf kennameera kan jedhu yoo ta'ees hanga ammaa itti fayyadamee kan hin beekne, Waamamtuunis laficha qabachuun hanga ammaa gibira akka kaffaltuufi iyyataan baadiyyaa gadi lakkisee magaalaa Biillaa kan jiraatu ta'uu waraqaa eenyummaan isaas akka hubachisu ibsuun, iyyanni iyyataa kufaa ta'uun Murtiin manneen murtii olaanaafi Waliigalaa akka cimuuf gaafattee jirti.

Dhaddachi kunis falmii bitaafi mirgaa ijoo dubbii qabame waliin qorachuun, bu'uura Labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa, lakk.130/99, keewata 2(3)tiin, 'lafa seeraan qabame' jechuun lafa haala seera qabeessa ta'een qaama itti gaafatamummaa qabuun kenname, ykn lafa dhaalmaadhaan, ykn kennaadhaan dabarfame akka ta'e, labsicha keewwata 9(5) immoo abbaan qabiyyee mirga itti fayyadama lafa baadiyyaa ilaalchisee mirga isaa miseensa maatii isaa kan galii lafa sanaatiin buluuf, ykn galii biraa hin qabneef, ykn lafa dhabeeyyii ijoollee isaatiif kennaadhaan dabarsuu akka danda'u ni tuma. Bu'uura tumaalee kanneen, waamamtuufi abbaan warraa ishee lafa falmii kaase iyyataa fayyadama taasisaniiru. Iyyataan laficha

waggaa 20 oliif itti fayyadamaa kan ture ta'uun mirkanaa'ee otuu jiruu, lafichi maqaa nama kennaa kenneetiin hanga ammaa galmaa'e argamuunifi gibirri maqaa isaatiin kaffalamuun qofti qabiyyeen lafichaa waliigaltee kennaadhaan hin dabarfamne hin jechisiisu jechuun ibseera. Kanarraa ka'uun, iyyataan qabiyyee karaa seeraa qabeessaan qabachuun waggaa 20 oliif ofii isaatiin ykn nama biroo waliin misoomsuun itti fayyadamaa ture, waamamaaf akka gadi lakkisu jechuun murtiin kenname, mirga heerawaa iyyataan qabiyyee ofii irraa buqqa'uu dhabuun, kan cabsu waan ta'eef, murtiin manneen murtii olaanaafi waliigalaan kenname dogoggoora bu'uura seeraa qaba jechuun, murtiilee kanneen diiguun, murtii mana murtii aanaa cimsuun murteesseera.

a. Bu'uura Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa lak.130/99tiini fi Dambii labsicha Raawwachisuuf bah, lak.152/2005tiin akkaataa lafti baadiyyaa itti argachuun danda'amu keessa tokko kennaadha. Sirni kennaa lafa baadiyyaa kun seera idilee kennaan haalli itti bitamu jiraa? Maaliif?
b. Kennaan lafa baadiyyaa seera qabeessaan raawwatameera jechuuf bu'uura labsiifi dambii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo keenyaatiin ulaagaaleefi haaldureewwan guutamu qabu maal fa'i? tumaa seerichaa rogummaa qabu waliin ibsa.
c. Xiinxala dhimmaa armaan olii keessatti, bu'uura labsiifi dambii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo keenyaatiin ulaagaaleefi haaldureewwan seerichaan tumaman guutamaniiru jettu? Akkamiin?
d. Akka hubannoo keessaniitti murtii mana murtii isa kamtu dhama qabeessa jettu? Maaliif?
e. Dhimma kana keessatti qabiyyeen lafa falmiif sababa ta'ee, bara 1986 duraa eegalee hanga ammaatti maqaa abbaa Iyyataatiin galmaa'ee kan argamuufi kaffaltiin gibiraas bu'uuruma kanaan raawwachaa kan jiruudha. Haalli kun mirkaneessa abbummaa qabiyyeefi dirqama isaa waliin akkamiin ilaaltu?

6. (Dhimma 9ffaa) Qabiyyee lafa baadiyyaa mala aadaatiin misoomu, abbaan qabiyyichaa yeroo waggaa sadiif hin caalleef waliigaltee kiraatiin dabarsuuf mirga akka qabuufi kireeffataanis lafichaa haaluma walfakkaatuun yeroo waggaa sadii hin caalleef kireeffachuun misoomsu akka danda'uufi waliigaltichis bu'aa seeraa kan qabaatu, yoo qaama aangoon seeraan kennameef biraatti dhiyaachuun ragga'e akka ta'e murtiin mana murtii MMWFDhI[50] ni agarsiisa.

Dhimma kanaaf ka'umsa kan ta'e, falmii qabiyyee lafa qonnaa yoo ta'u, Naannoo Oromiyaa, Godina Wallaggaa Bahaa, Aanaa Guutoo Giddaatti kan eegalee, Waamama 1ffaan ammaa kun himata iyyataa kana irratti mana murtii jalaatti dhiyeesseen, qabiyyeen himatichaas, 'lafa amma falmii kaase kana murtiidhaan bara 1989 irraa eegaluun kan argate yoo ta'u, iyyataan ammaa bara 2005 irraa eegaluun seera ala na jalaa qabatee waan argamuuf akka gadi naaf lakkisu' jechuun himateera. Iyyataanis gama isaatiin deebii kenneen, 'lafichi Bulchiinsa Mootummaa **B**eenishanguul Gumuuz jala kan ture akka ta'eefi erga murtiin gara Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jala galee as Aanaa Guutoo Giddaatti gibira kaffaluun itti fayyadamaa waan jiruuf, waamamaan 1ffaan mirga waan hin qabneef, himanni isaa kufaa akka ta'u gaafateera. Manni murtii aanaa kunis falmii bitaafi mirgaa ragaa waliin xiinxaluun, iyyataan lafa falmii kaase kana waamamaa 1ffaaf amma gadi lakkisu jechuun kan murteesse ture yoo ta'u, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa, dhaddachi ijibbaataa murticha diiguun, iyyataan laficha waamamaa 2ffaa irraa kontiraataan fudheera waan jedhuuf, waamamaa 2ffaa ammaa erga gidduu galchee booda, abbaan qabiyyee lafichaa eenyu akka ta'eefi lafichi haala kamiin harka iyyataa kana akka gale qulqulleessuun murtii barbaachisa ta'e akka kennu jechuun qabxiin gadi deebiseera.

Waamamaa 2ffaanis gara falmiichaatti erga galeen booda, deebii kenneen, 'lafa falmii kaase kana waamamaa 1ffaa irraa waggaa shaniif kontiraata fudhatee

[50] Dhimma falmii hariiroo hawaasaa, Iyyataa Obbo Haayiluu Kidaanuufi Waamamaa 1ffaa Obbo Qaccinuu Dhugumaafi Waamama 2ffaa Obbo Tasammaa Alamayyoo gidduu tureen, MMWFDhI, galmee lakk. **150773**, dhaddacha gaafa 27/09/2009 ooleen murtii kana argateedha. Maxxansa Murtiilee MMWFDhI, Jiildii 23ffaa.

akka tureefi gidduutti waan dhukkubsateef immoo laficha kontiraataan waggaa 10f iyyataa ammaaf kan kenne ta'uufi lafichi kan iyyataa miti' jechuun waamamaa 2ffaa deeggaruun deebii kenneera. Manni murtichas falmiifi ragaa erga xiinxaleen booda, waamamaa 1ffaan lafa falmii kaase kana qabatee kan irratti abboomaa ture ta'uu bu'uura seeraan waan hin hubachifneef, bu'uura SDFHH keewwata 33(2)tiin mirga himannaa dhiyeessuu hin qabu jechuun himannicha kufaa gochuun murteesseera. Waamamaa 1ffaanis murtii kana komachuun mana murtii olaanaa godinichaatti kan oliyyate yoo ta'u, manni murtii olaanaas falmii dhagahuun ragaa waliin xiinxaluun, iyyataan lafa falmiif sababa ta'e kan qabatee waliigaltee kontiraataan waggaa 15f waamamaa 2ffaa waliin taasiseen ta'uu amanee waan falmeef, waamamaa 2ffaan immoo laficha waamamaa 1ffaa irraa waliigaltee kntiraataan akka qabatee waan ibseef, akkasumaas bu'uura labsii lakk.130/99tiin waliigalteen kiraa qaama aangoo qabutti dhiyaachuun waan hin galmoofneef, iyyataan laficha waamamaa 1ffaa akka gadi lakkisu jechuun murtii mana murtii aanaa diiguun murteesseera. Iyyataan ammaas murtii kana komachuun Mana Murtii Waliigalaa naannichaatti oliyyata kan gaafate yoo ta'es murtii mana murtii jalaa waan cimseef, ammaas gara dhaddacha ijibbaataatti komii isaa yoo dhiyeessees fudhatama hin arganne.

Kanarraa ka'uun iyyataan ammaa komii isaa MMWFDhIf dhiyeesseera. Qabiyyeen komii isaas, 'Waamamaa 1ffaan waaamamaa2ffaa lafa falmii kaase kana kontiraataan kennuu ragaadhaan akka hin mirkanoofnee fi laficha waliigaltee gaafa 01/09/1998 waamamaa 2ffaa waliin taasiseen kiraadhaan qabatee itti fayyadama kan ture ta'u, himannaa dhiyeessuufis mirga kan qabu waamamaa 2ffaadha malee waamamaa 1ffaa miti, Waamamaa 1ffaan kun himannaa dhiyeeffachuuf mirga kan qaba yoo jedhamees, darbiinsa yeroon hafaa waan ta'eef, murtiin manneen murtii jalaan kenname dogoggoora bu'uura seeraa raawwataniiru. Waamamaa 2ffaan qabiyyeen lafichaa kan dhuunfaa isaa ta'uu ibsuun natti kireesse malee gaafa namni biraa gaafatu argamu gadi nan lakkise jedhee waanan waliigaltee hin raawwatiinitti akkan gadi lakkisu ajajuunis dogoggoora, qabiyyeen lafichaa kan waamamaa 1ffaa ta'uun bakka ragaadhaan hin mirkanoofneetti akka gadi lakkisu murteessuun dogoggoorri bu'uuraa seeraa raawwatameera jechuun murtiin manneen murtii

olaanaafi waliigalaa diigamuun murtiin mana murtii aanaa akka cimuuf gaafateera.

Dhaddachi ijibbaataa kunis murtiin manni murtii olaanaa waliigalteen kontiraataa bara 1999 dura raawwachuun otuu beekamu, labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannichaa lak.130/99 caqasuun walii galtichi galmaa'uuu dhabuun diigamaa ta'a jechuun murtii kenne rogummaa isaa qorachuuf bitaafi mirgi akka wal falmaan taasiseera. Waamamaa 1ffaan falmii taasiseen, 'qabiyyeen lafa falmii kaase heektara 3 ta'uu ibsuun bu'uura labsii lak'130/99tiin qabiyyee lafa qonnaa waggaa hanga kanaa ol kireessuun hindanda'amu jechuun iyyataan laficha akka gadi lakkisu jechuun sirrii akka ta'e, naannoo waan hin turreef hanga deebi'utti waamamaa 2ffaan akka eeguun itti fayyadamuuf kan itti kenne malee qaama 3ffaatti kireessu waan hin taaneef waliigalteen kiraa kun kufaa ta'uu qaba, iyyataan laficha waliigaltee kiraan bara 1998 irraa eegaluun waanan qabadheef, mirgi himachuu darbiinsa yeroon hafaa ta'a kan jedhu fudhatamummaa seeraa hin qabu jechuun falmeera. Waamama 2ffaanis falmii waamamaa 1ffaa deeggaruun falmeera.

Haala kanaan, falmii bitaafi mirgaa ijoo dubbii qabame waliin qorachuun, iyyataan lafa falmii kaase waliigaltee 01/09/1998 waamamaa waliin taasifameen kontiraataan waggaa 15f kan qabatee ta'uu ibsuun kan falme yoo ta'u, waamamaa 2ffaan gama isaatiin laficha waggaa 5f waamamaa 1ffaa irraa kontiraataan kan argate ta'uufi gidduutti waan dhukkubsateef, kontiraataan iyyataa ammaaf waggaa 15f kireesse kan ture ta'uu ibsuun lafichi waamamaa 1ffaaf deebi'uu qaba jechuun falmeera. Manni murtii olaanaa iyyataan laficha gadi lakkisu qaba jechuun sababni murteesseef, iyyataan waamamaa 2ffaa irraa waliigaltee gaafa 01/09/1998 taasiseen kan qabate ta'uu, waliigalteen kiraa kunis bu'uura waliigalteen kiraa lafa baadiyyaa raawwachuu qabuun qaama aangoo qabuun hin galmoofne kan jedhuu dha.

Manni Murtii WFDhIs ijoo dubbii qabame waliin xiinxaluun, bu'uura labsi lakk.130/99 keewwata 10(2fi3)tiin waliigalteen kiraa lafa baadiyyaa mala aadaan qotamu waggaa 3 qofaaf raawwatamu akka qabuufi waliigaltichi bu'aa seeraa kan qabaatu, qaama aangoo qabu Biiroo Qonnaafi Misooma Baadiyyaa naannichaatti galma'uun yoo ragga'e qofaa ta'uu, otuu labsiin kun

hojiirra hin oolin dura labsiin hojiirra ture, labsiin lakk.56/94 keewwata 11 (2fi 4)tiin haala walfakkaatuun lafti baadiyyaa mala aadaan qotamu yeroo waggaa 3 qofaaf kiraan darbuu akka danda'uufi innis qaama lafa bulchuun naannoo sanatti aangoo qabuun yoo mirkanaa'e qofa akka ta'e ibseera. Bu'uura labsiilee lameeninuu, lafti baadiyyaa mala aadaatiin misoomu yeroo waggaa 3f hin caallee qofaaf waliigaltee kiraan kennamuu akka qabuufi waliigalteen kunis bu'aa seeraa kan qabaatu yoo qaama aangoo qabuun galmaa'uun ragga'e qofa ta'uu ni tumu jechuun, dhimma amma falmii kaase kana keessatti iyyataan laficha waggaa 15f kan kireeffate ta'uufi waliigaltichis qaamaa aangoo qabuun galmaa'uun kan hin mirkanoofne ta'uu, bu'uura labsii lakk.56/94 keewwata 11(2fi 4) akkasumaas labsii lakk.130/99 keewwta 10 (2fi 3)tiin bu'aa seeraa waan hin hordofsiisneef, haalli itti waamamaa 2ffaa itti dirqisiisu hin jiru. Kana malees, waamamaa 2ffaan laficha waamamaa 1ffaa irraa waggaa 5f kiraatiin argadhe waan jedhuuf, mirga hin qabneef haalli inni itti waggaa 15f iyyataaf itti kireessu sirrii miti jechuun haala kanaan, murtiin manni murtii olaanaa iyyataan laficha waamamaa 1ffaaf akka gadi lakkisu murteessuunifi manneen murtii sadarkaan jiranis murticha cimsuun waan komatamu miti jechuun murtii jalaa cimseera.

a. Waliigalteen Kiraa lafa baadiyyaa seera qabeessaan raawwatameera jechuuf bu'uura labsiifi dambii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo keenyaatiin ulaagaaleefi haaldureewwan guutamu qabu maal fa'i? tumaa seerichaa rogummaa qabu waliin ibsa.
b. Xiinxala dhimmaa armaan olii keessatti, bu'uura labsiifi dambii bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo keenyaatiin qabiyyee lafa baadiyyaa mala aadaatiin misoomu yeroo waggaa 3 oliif kireessuunifi qaama aangoo qabuu biratti galmeessuu dhabuun bu'aa seeraa maal hordofsiisa?
c. Akka xiinxala dhimmaa armaan olii irraa hubatamutti, namni lafa baadiyyaa kiraadhaan qabate tokko qaama 3ffaatti dabarsee kireessuu danda'a jettu? Akkamiin?
d. Akka hubannoo keessaniitti murtii mana murtii isa kamtu dhama qabeessa jettu? Maalii

7. Dhimma (dhimma 10ffaa) kanaaf ka'umsa kan ta'e,[51] murtii manni murtii olaanaa Godina Iluu Abbaa Booraa, dhaddacha gaafa 22-04-2012 ooleen kenne komachuun komii oliyyannoo oliyyattuun ammaa dhiyeessite yoo ta'u, dhimmichi falmii qabiyyee lafa baadiyyaa ilaalchisee mana murtii aanaa Dooranniitti kan eegale yoo ta'u falmii qabiyyee lafa baadiyyaa oliyyattuu ammaafi D/Kennaa gidduu tureen, D/kennaan ammaa himata mana murtii aanaa Dooranniitti dhiyeesseen, lafa daangaan isaa ibsame, sangaa lama kan bunaan misoomeeru, sangaa jaha immoo duwwaa kan jiru abbaan warraa oliyyattuu ammaa yeroo lubbuun jirutti mana Amantaa isaanii tajaajiluuf waliigaltee bara 2006 keessa taasisaaniin qabatani, abbaan warraa ishee erga du'een booda waliigalticha haaromsuu waan diddeef, qabiyyee kana akka gadi naaf lakkiftu jechuun himateera.

   Oliyyattuun ammaas deebii Moojuuliin kenniteen, qabiyyee lafaa kana bara 1967 dhaalaan abbaa abbaa manaa ishee irraa kan argatan ta'uu, , qabeenya mana jireenyaafi biqiltuu adda addaa irratti oomishuun qabatanii itti fayyadamaa waan jiraniif, waggaa 44 booda na gaafachuu hin danda'an, waliigaltee bara 2006 keessa taasifame jedhames ani irratti hin mallatteessine, abbaan warraa ishee bara 2006 keessa erga du'ee hanga ammaattis qabattee itti fayyadamaa waan jirtuuf himanni dhiyaate kufaa akka naaf ta'u jechuun falmiteetti. Manni murtii aanichaas falmii bataafi mirgaa ragaa waliin xiinxaluun, qabiyyeen falmii kaase irratti himataan jalaa abbummaan irratti abboomu isaa bu'uura seeran hin hubachiifne jechuun himata isaa kufaa kan taasise yoo ta'u; himataan jalaas murtii kana komaachuun mana murtii olaanaa godinichaatti dhiyeeffatee, manni murtii olaanaa godinichaa komii dhiyaateefi ragaa dabalataan qulqulleessuun, murtii mana murtii aanaa diiguun, oliyyattuun ammaa lafa falmiif sababa ta'e D/Kennaa ammaaf akka gadi lakkistu jechuun murteesseera. Oliyyattuun ammaas murtii kana komachuun, qabiyyee kana yeroo dheeraaf mana irratti ijaarrachuun, hundee

[51] Dhimma falmii hariiroo hawaasaa, Oliyyattuu Adde Caaltuu D/Kennaa Mana Amantaa Ortodooksii, gidduu tureen, Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Lixaa, galmee lakk. 222119 dhaddacha gaafa 26/05/2012 ooleen murtii kana argateedha.

bunaa, avookaadoofi muuzii irratti misoomsuun itti fayyadamaa akka turte, waliigaltee gaafa 27-09-2006 irratti kan hin mallatteessine ta'uufi bu'uurumaan qabiyyee kana dhaalaan abbaa abbaa manaa isheerraa argatanii itti fayyadamaa jiranii, murtii mana murtii aanaa diiguun mana murtii olaanaa dogoggoorachuun akka sirratuuf gaafatteetti. Manni Murtii Walligaalaas ijoo dubbii qabiyyeen falmii kaase kan eenyuu akka ta'eefi mana jireenyaafi biqiltuu adda addaa Oliyyattuun ammaa irratti oomishatte itti fayyadamaa jirtu ilaalchisee manni murtii haala kamiin bira darbe qabxiilee jedhaan qulqulleessuuf ni dhiyyeessisa jechuun bitaafi mirgi akka falmaan taasiseera. D/kennaan ammaas gama isaatiin falmii taasiseen qabiyyeen falmii kaase kan mana amantaa ta'uu, oliyyattuun mana jireenyaafi biqiltuu hundee bunaa, avookaadoofi muuzii irraa qabdi, qabiyyeeen kun kan D/kennaa ammaa waan ta'eef, qabeenya irratti horatte akka irraa kaaftuufi qabiyyicha gadi dhiistu jechuun murtiin mana murtii olaanaa ragaadhaan qulqullaa'uun waan murtaa'eef, akka cimuuf gaafateera.

Manni Murtii waliigalaas ijoo qabameefi ragaa galmee keessa jiru waliin akka xiinxaleetti, ragaan himataa jalaa abbaan manaa himatamtuu jalaa waliigaltee gaafa 27-10-2006 taasifameen bakka miindaa isaa qabiyyee kana fayyadamuuf qabiyyee kana mana amantaa irraa argatee itti fayyadamaa ture, duriin qabiyyee kanaa kan eenyuu akka ta'e hin beeknu jechuun akka ibsan, ragaan himatamtuu jalaa immoo qabiyyee kana abbaan manaa ishee dhaalaan abbaa isaa irraa argatee bara hanga bara 2006tti mana jireenyaa irratti ijaarratee hundee bunaa, avookaadoofi muuzii irratti misoomsee osoo itti fayyadamaa jiruu yoo du'u, himatamtuun qabattee kan itti fayyadama jirtu ta'uu ibsaniiru. Manni murtichaa dabalataan, bu'uura irraa mana amantaaf qabiyyeen lafaa kan kennamu bakka waaqeffannaafi bakka awwaalchaaf yoo ta'u; qabiyyeen amma falmii kaase bakka awwaalchaa ykn bakka waaqeffannaa akka hin taane akka hubatamu ibseera. Hundaa ol immoo oliyyattuun abbaa warraa ishee waliin mana jireenyaa irratti ijaarrattee, biqiltuu adda addaa irratti misoomsitee kan itti fayyadamaa jirtu ta'uu ragaan ishee kan hubachisee akka jiru ibseera. Waliigaltee gaafa 27-10-2006 taasifameenis abbaan manaa oliyyattuu kanaa qabiyyee kana D/kennaa irraa

argate osoo hin taane qabiyyee kanaafi miindaa wal faana hin fayyadamu, qabiyyeedhuma kana fayyadameen mana amantaa kana tajaajila jechuun kan waadaa gale akka ta'efi kun immoo bara 2006 durallee qabiyyee kana qabatee kan itti fayyadamaa ture ta'uu akka agarsiisufi gaafa du'uus qabiyyee kana isiniifin deebi'a jechuun akka walii hin gallees ibseera.

Ibsa Waajjiri Bulchiinsaafi itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa aanaa Doorannii barreessuun mana murtii olaanaa godinichaaf ibseen, durumaan qabiyyee kanatti oliyyattuun fayyadamaa kan turte ta'uu; qabiyyichi immoo maqaa mana amantaa kanaan galmaa'e akka jiru malee haala itti qabiyyee kana argate waan ibse hin qabu jechuun ragaa barreeffamaa kana xiinxaleera. Kun immoo qabatamaan qabiyyee kanatti fayyadamaa kan jiru oliyyattuufi abbaa manaa ishee ta'uu, waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa garuu D/kennaan kan itti qabu ta'uu agarsiisa jechuun, qabiyyee kanatti osoo qabatamaan itti hin fayyadamiin, waraquma ragaa abbaa qabiyyummaa itti qabaachun qofti immoo abbaa qabiyyee kan isa taasisu miti jechuun, murtii mana murtii olaanaa durumaa kaase qabiyyee kana qabachuun kan itti fayyadamaa tureefi jiru oliyyattuu ta'ee, abbaan manaa ishee dhaalaan argatee kan itti fayyadamaa ture ta'uu ragaan hubachisee otuu jiruu, mana jireenyaafi hundee bunaa, avookaadoofi muuzii irratti misoomsitee kan itti fayyadamaa jirtuu akka gadi lakkistuuf murtiin kenname ragaa galmee keessa jiru sirnaan madaaluu dhabuu agarsiisa waan ta'eef jechuun murtii mana murtii olaanaa diiguun, murtii mana murtii aanaa cimsuun murteesseera.

a. Qabiyyee lafa baadiyyaa yeroo dheeraaf qabachuufi irratti misoomsuun abbaa mirgummaa qabiyyee lafa baadiyyaa nama gonfachisaa? Akkamiin?

b. Namni qabiyyee lafa baadiyyaarraa abbaa mirga ta'e, abbaa mirgaa ta'uu isaa ragaa akkamiin mirkaneessuu qaba?

c. Waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa maqaa ofiin qabaachuufi qaama aangoo qabu biratti galmaa'ee argamuun qafti abbaa mirgaa nama taasisa jettu? Maaliif?

d. Dhimma kanarraa akka hubataniitti murtii mana murtii kamtu dhama qabeessa jettu?

e. Manni Murtii Waliigalaa xiinxala taasiseen, 'bu'uura irraa mana amantaaf qabiyyeen lafaa kan kennamu bakka waaqeffannaafi bakka awwaalchaaf qofa' kan jedhu bu'uura seera qaba jettu? Maaliif?

8. Dhimmi (dhimma 11ffaa) kun dhimma dhaddachi Ijibaataa Federaalaa galmee lakk. 138286 ta'e irratti ilaalee murteessee dha. Akka dhimma kana keessaa hubachuun danda'amutti himattoota jalaa kan ta'an Adde Caalumee Mul'ataa fa'a N2 himata mana Murtii Aanaatti dhiyeeffataniin himatamtuu jalaa kan taate adde Caalaashi Qalbeessaa lafa hadhuuraan isaa kan abbaa keenyaa ta'e himatamtuun haadha manaa obboleessa keenyaa taatee erga obboleessi keenya du'ee booda isheen dhaaluuf mirga hin qabdu waan ta'eef akka gadi nuuf lakkiftu akka nuuf murtaahu jedhan. Himatamtuun jalaa gama isheen abbaan himattoota jalaa fi abbaa mana koo erga du'ee waggaa 17 yoo tahu haati isaanii immoo erga duutee waggaa 10 tahee jira; himanni kun darbiinsa yeroon cufamuu qaba. Kunis yoo irra darbame immoo abbaa fi haati himatamtootaa lafa kana abbaa warraa koo isa du'e obbo Qajeelaa Mul'ataatiif kennaan dabarsanii inni maqaa isaan waraqaa itti baafatee bara dheeraaf waliin itti fayyadamaa turre; erga inni du'ees natti darbee maqaa koon galmeessifadheen jira waan ta'eef himattoonni lafa kana irraa mirga hin qaban ; galmeen narraa haa cufamu jette.

Manni Murtii Aanaa Ambootis dhimma kana ilaalee lafichi duriin isaa kan abbaa fi haadha himattoota jalaati waan ta'eef haati warraa immoo abbaa warraa ishee dhaaluu hin dandeessu waan ta'eef qabiyyicha himattootaaf haa gadlakkiftu; qabeenya waliinii kanneen biro dhaaluu dandeessi jechuun murteesse. Manni Murtii Ol'aanaan Godinichaas dhimmicha oliyyannoon ilaalee lafa kana abbaan warraa himatamtuu jalaa kennaan argachuu ragaan hin dhiyaanne; haati warraa garuu abbaa warraa waliin fayyadamaa waan turteef lafa kana keessaa 1/8 haa argattu jedhe.

Himatamtuun jalaa oliyyata lammataa Mana Murtii Walii Gala Oromiyaaf dhiyeeffattee Manni Murtichaas lafa amma falmii kaase kana bara 1983 abbaa fi haati himattoota jalaa abbaa warraa himatamtuuf kennaan dabarsuu isaanii, bara 1996 immoo abbaan warraa himatamtuu maqaa isaan lafa kana galmeeffachuun raga itti argachuu isaa ragaan kan mirkanaahe tahuu isaa caqasuun lafichi kan himatamtuu fi abbaa warraa ishee isa du'ee ta'ee jira. Kana waan ta'eef himatamtuun akka labsii lafa baadiyyaa Oromiyaa kwt 130/99 kwt 9 fi dambii 151/05 kwt 10 tti kan himatamtuu waan ta'eef hiruunis ta'ee gadilakkisuu hin qabdu jedheera.

Dhimmi kun dhaddacha Ijibbaataa Federaalaaf dhiyaatee mirgoota dubartootaa Heera RDFI'n mirkanaa'e keessaa tokko dubartoonni lafa baadiyyaatti fayyadamuuf, dabarsuuf, bulchuuf fi too'achuuf warra dhiiraa faana mirga wal qixa ta'e akka qaban mirga tumu kan Heericha kwt 35/7 jalatti tumamee dha. Mirguma Heeran kenname kana raawwachiisuuf kan bahe tumaan labsii 130/99 kwt 6/13 fi dambii lakk 151/05 kwt 15 qabiyyeen abbaan warraa fi haati warraa waliin itti fayyadamaa turan yommuu wal fuutota keessaa inni tokko boqatu inni lubbuun jiru mirga kana karaa seera qabeessa ta'e biroon yoo dhabe malee qabiyyichi maqaa isaan galmaahee akka ragaan kennamuuf fi mirgi lafa kanatti fayyadamuu akka itti fufu kaa'a jechuun murtii Mana Murtii Walii Gala Oromiyaan kennamee dhaddacha ijibbaataa naannichaan cime cimsee jira.

- Murtiiwwan Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin laatame madaalaa mee?
- Qabiyyeen lafaa gaa'ilaan dura garee tokkoon yoo argame diiggaa gaa'ilaa irratti qabiyyee waliiniiti jedhamee qoodamuu qaba moo hin qabu? Waggaa meeqaaf waliin itti fayyadamuu qabu? Maaliif ?

9. Dimmi kun(dhimma 12ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibaataa Federaalaa Lakk.g,140538 irratti ilaalee murteesse dha. Akka dhimma kana keessaa hubachuun danda'amutti himataan jalaa Obbo Jiraataa Ilfataa himata Mana Murtii Aanaa Baakkoo Tibbeetti himatamaa jalaa Obbo Warquu Taddasaa irratti

dhiyeesseen himatamaan himataan yeroo mana sirreessaa jirutti bara 2000 keessa lafa isaa hektaara 0.25 ta'u tajaajila kaloo lafaaf karaa seeran alaa jalaa waan qabateef akka gadi gadhiisuuf himatee jira. Himatamaan jalaa gama isaan deebii dhiyeeffateen lafti falmiif ka'uumsa ta'e kun hektaara 1 akka ta'e, bara 1967 irraa qabee hanga ammaatti waggaa 42'f itti fayyadamaa akka jiruu fi himataan itti fayyadamee akka hin beekne waan ta'eef darbiinsi yeroo akka isa ittisu ibsuun mormii sadarkaa duraa yoo dhiyeessu himata ijoo irratti lafichi lafa ol ka'aa waan ta'eef jedhanii akka shallaguufii didan ibsuun himanni itti dhiyaate akka kufaa ta'ee bilisaan gaggeeffamu gaafatee jira. Manni Murtii Aanaa lafti kan himataa ta'uu waan mirkanaa'eef himatamaan jalaa himataa jalaaf gadi haa lakkisu jedhe. Murtiin kun Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin mirkanaa'e.

Dhimmi kun dhaddacha Ijibbaataa Federaalaaf dhiyaatee dhaddachichi dhimmicha erga ilaaleen booda himatamaan jalaa lafa falmiif ka'uumsa ta'e kana bara 1990 qabee akka fayyadamaa ture mana murtii jalaan mirkanaa'ee jira. Karaa biraan manni murti jalaa lafti falmiif sababa ta'e kun karaa seeran ala ta'een himatamaan qabamu hin mirkaneessine. Kanaaf himanni himataa akka dambii 151/05 kwt 32'tti darbiinsa yeroo waggaa 12'n kufaa ta'eera jedhe.

- Murteewwan Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin kennaman adda baasuun bu'ura seerota rogummaa qabanii madaalaa.

10. Tumaaleen seeraa biyyaa fi naannoo keenyaa akkaataa argannaa fi itti fayyadama mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa ilaallatan mirga dubartootaa fi dhiiraa wal qixa kabachiisuu? Maaliif ?
11. Rakkoowwan qabatamaan hojii keessatti gaafa mootummaan faayidaa uummataaf mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa dhaalu kaasuun irratti mari'achuun fala isaa waliin kaa'aa.

1.3. BOQONNAA SADI :-AKKAATAA WALDIDDAAN QABIYYEE LAFAA BAADIYYAA ITTI HIIKAMU: RAKKOO HIIKKOO FI RAAWWII

1.3.1. Hiikkaa Waldiddaa :- Dhimmoota Walii Galaa

Dhalli namaa waliin jiraata. Jireenya waliinii keessatti immoo wal diddaan hin dhibu. Hambisuunis hin danda'amu. Kan danda'amu akkaataa miidhaa hin geessifneen furuu dha.

Namni fedhii adda addaa qaba waan ta'eef wal diddaan hiikkamuu qabu yoo itti fufa ta'e tarii gara rakkoo caalaa biraatti ce'uu danda'u uumamuun kan hin oollee dha. Waan ta'eef wanti guddaan wal dhabdeen maaf uumame ykn hin uummamu jechuu osoo hin taane dhugaa jiru fudhachuun fala kaa'uun dhimma murteessaa dha.

Kanaaf immoo malli ittiin wal dhabdeen hiikkamu murteessaa dha. Dhalli namaa gaafa biyya lafaa kana irra jiraatu mala wal dhabdee adda addaa uumee ittiin fayyadamaa tureera; jiras. Maloonni kunniin haayyonni dhimmicha irratti barreessan iddoo gurguddoo lamatti qoodanii yoo ilaalantu mul'ata. Isaanis maloota filannoo wal dhabdeen ittiin hiikkamu kanneen akka dubbii dhiisuu (avoidance), ofumaa waliin dubbachuun araara buusuu (negotiation) , jaarsummaa laallachuu (arbitration), fa'a fi dhimmicha Mana Murtiitti dhiyeeffachuun fala akka argatu taasisuu dha. Kana waan ta'eef qaamni fedhii adda addaa irratti qaama biraa waliin wal dhabdee keessa seene rakkoo isaa maloota kanneen keessaa tokkoon ykn tokkoo oliin akka akka isaatti fala akka argatuuf taasisuu danda'a.[52]

Wanti guddaan asitti ilaalamuu qabu haqa qabeessummaa mala waldhabddichi ittiin hiikamuu dha. Malli wal-dhabdeen tokko ittiin hiikkamu immoo haqa qabeessa jechuuf akka hayyuun 'Edgardo Busca Glia' jedhamu kaa'uutti ulaagaalee afur guutuu qaba. Isaanis tilmaamawummaa murtichaa, dhaqqabamummaa sirnichaa, yeroo tilmaamawaa ta'e keessatti fala kennuu danda'uu falichaa, fi fala gahaa ta'e kennuu danda'uu falichaati dha.

[52] Burton , J.W., Confilict Resolution and Prevension, London ; Mac Millian,1990

Bu'uruma kanaan, sirnoonni seeraa adda addaa haala qabatamaa isaan keessa jiran irraa ka'uun fala waldiddaa lafa baadiyyaan wal qabatee ka'u adda addaa filatanii hojiirra oolchaa jiru. Muuxannoowwan gama kanaan jiran keessaa kan biyya 'Papua New Guinea' haala qabatamaa keenya faana rogummaa gudda kan qabu dha. Lafti biyya kanatti jiruu fi kabaja uummatichaan hidhata guddaa waan qabuuf iddoo ol-aanaa qaba. Kanaaf waldhabdeen lafaan wal-qabatee ka'u kan dhaloota irraa dhalootatti darbu dha. Rakkoo kana hiikuuf mootummaan biyyatti bara 1975 seera wal-dhabdee lafa baadiyyaa hiiku baase.

Kaayyoon seerichaa inni duraa walitti dhufeenyi hawaasa gidduu jiru utuu hin boora'in haala bu'aa qabeessa ta'een waldhabdicha hiikuu dha.Bu'uuruma kanaan waldhabdeen lafaa sadarkaa sadii keessa darbuu akka qabu tumeera. Kunis sadarkaa duraatti jaarsoliin dhimma kanaaf hawaasni naannoo dandeetti isaa ni qabu jedhe itti amanee ramadamaniin akka waliigalan taasifama. Yoo araaramuu baatan dhimmichi jaarsaan ilaalamee akka waliigalan taasifama. Yoo didan jaarsi dhimmicha ilaalee murteessa (arbitration). Murtiin kun isa dhumaati. Murtiin kun kan mana murtiitti komatamu dogoggora seeraa isa bu'uuraa yoo qabaate qofa .Bu'aan araaraa sadarkaa 1 fi 2 irratti kennamu akkuma murtii Mana Murtiitti ilaalama.

Muuxannoo biyya keessaa immoo kan Naannoo Tigiraay filatamee jira. Bu'uura mala wal dhabdee mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaa naannoo kanaan namoonni qabiyyee lafa baadiyyrratti wal dhabanii gara bulchiinsa gandaa deeman dura ofuma isaaniif mari'ataniiwal-dhabdee isaanii akka hiikan godhama.[53]

Jarri kun dubbii isaanii ofuma isaaniif waliin dubbatanii hiikuu yoo dadhaban mala waldiddaa hiikkaa wal diddaa naannoo sanaa beekamaa ta'etti fayyadamuun akka araaraman godhama. Jarri wal didan ofiifis mala beekamaa iddoo sanaan dhimma isaanii hiikuu kan hin dandeenye yoo ta'e koreen bulchiinsa lafa baadiyyaa gandaa dhaqama. Koreenis dhimmicha ilaalee murteessa.[54]

Murtii koree bulchiinsa lafa baadiyyaatti gareen lamaanuu ykn tokko hin quufne yoo ta'e, ol iyyataan gara Mana Murtii aanaatti dhihaata. Manni Murtii Aanaa

[53]Labsii Naannoo Tigraay labsii lakk. 136/2000 Kwt.28

[54] Kanuma

murtii koree bulchiinsa lafa baadiyyaa gandaa yoo cimse murtiin kennamu isa dhumaa ta'a; yoo fooyyeesse ykn yoo diige garuu ol iyyataan gara MMO dhaqa.Murtiin MMOn kennamus isa dhumaa ta'a. Qaphxii murteessaan araarri gareewwan godhan, murtiin jaarsummaan ykn koree bulchiinsa lafa baadiyyaan kennamu qixuma murtii mana murtii idileetti ilaalamuun kan raawwatamuu dha.[55]

1.3.2. Haala Hiikkaa Wal Diddaa Mirga Abbaa Qabiyyummaa Lafa Baadiyyaa: Kan Naannoo Oromiyaa

Labsiis ta'e danbii lafa baadiyyaa irraa akka hubatamutti, dhimmi falmii qabiyyee lafa baadiyyaa nannoo Oromiyaa keessatti ka'u duraan dursee jaarsummaan ilaalamuu akka qabu tumamee jira.[56] Bu'uruma kanaan falmii daangaa ykn mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaan wal qabatanii ka'an Mana Murtii osoo hin deemin dura jaarsummaan falli barbaaddamuufi qaba jechuu dha.

Falmiiwwan gosa akkasii ammoo adeemsa idilee ala (mana murtiin ala) yoo hiikaman filatama. Sababiin isaa, adeemsi mana murtii adeemsa al idileen wal bira qabamee yoo ilaalamu, walxaxaa kan ta'e, baasii kan barbaaduu fi yeroo kan fudhatu dha. Godaannisa malee waan raawwatamuuf nagaa fi tasgabbii hawaasaa keessattillee shoora olaanaa qaba. Falmiin dhimma kana keessatti ka'us falmii seeraa osoo hin taane falmii ijoo dubbii(fact) waan ta'eef jaarsoliin ilaalamee fala argachuun isaa gaarii dha.

Bu'uruma kanaan akka labsii 130/99 kwt 16 fi dambii 151/2005 kwt 18 tiin, bulchiinsa gandaatti iyyannoon falmii qabiyyee lafaa yammuu dhiyaatu, akkuma iyyannoon itti dhiyaateen guyyaa shan(5) keessatti garee himatamaa waamsisuun jaarsolee namoota lama lamaa(2) akka filatan taasifama. Erga isaan filatamanii booda walitti qabaa jaarsolee bitaa fi mirgi ofumaan ni filatu. Yoo waliigaluu didan garuu bulchaa gandaan akka filatamu taasifama. Jaarsoleen dhimmicha guyyaa kudha shan(15) keessatti ilaalanii furmaata akka laatan taasifama. Jaarsoleenis waan irratti waliigalan fi waliigaluu dadhaban hunda tarreessuun bulchaa gandaaf gabaasa godhu.

[55] Kanuma

[56] Labsii 130/1999 kwt.16 fi Danbii 151/2005 kwt.18

Himatamaan guyyaa waamichi isaa dhaqqabee kaasee guyyaa hojii shan keessatti sababa ga'a hin taaneen yoo hafe, bu'uuruma dambii 151/2005 kwt 18(3) tiin bulchaan gandaa iddoo himatamaan hin jirretti ofii jaarsolee filuudhaan dhimmichi akka ilaalamu taasisa. Namni hin dhiyaanne sun sababa ga'a yoo qabaate guyyaa toorba keessatti ibsachuun jaarsolee filatee falmiin keessa deebi'ame akka ilaalamu taasifama. Gareen iyyannaa dhiyeesse ofumaa isaaf yoo hin dhiyaanne bulchiinsi gandaas ta'e jaarsoleen dhimmicha ni cufu. Garee dhiyaateef baasiin ni murama jettanii yaadduu? Yoo murame meeqaa? Mee irratti yaada wal geddaraa!

Dambiin kun kwt 18(10) jaarsoleen bu'aa araaraa irratti yoo waliigalan (uninamous), bu'uuruma kanaan bulchiinsi gandaa ni raawwachiisa. Kan irratti walii hin galle yoo ta'e immoo kwt 18(11) jalatti bulchiinsi gandaa mana murtii Aanaatiif ni erga jechuun tumameera. Asirratti qabxiin hubatamu qabu bu'aan araara jaarsolee raawwiif kan dhiyaatu yoo jaarsoleen sagale guutuun(uninamous) waliigalani dha.

Jaarsoleen araaraa sagalee guutuun (unanimous) waliigalanis mirgi isa tokkoo yammuu dhiibamu qabatamaan ni mul'ata. Dambiin kun kwt 18(10) irraa keesoo (roughly)hogguu dubbifamu waan jaarsoleen sagalee guutuun waliigalan qofaadhaaf, dhimmichi raawwiidhaaf ajajamu qaba jechuun dhama qabeessaa hin fakkaatu. Fakkeenyaaf, qabiyyee bitaa fi mirgi kooti jechuun wal falman jaarsoleen walakkaatti haa qooddatan yemmuu jedhan qabatamaan jira. Kanaaf, hiikaan haqa qabeessii fi dhama qabeessi bu'aa araaraa irratti namni komii qabu iyyannoo isaa waliin MMA tti dhiyeeffachuu gonkumaa sarbamu hin qabu.

Bu'uura S/D/F/S/ kwt 389 tiin manni murtii nama raawwii irratti jeequmsa uume hidhuun murtii yemmuu raawwachiisu, qabatamaan galmee manneen murtii irra ni mul'ata. Gama bulchiinsa gandaan bu'aa araaraa jaarsolee akka raawwachiisuuf dambiin dirqama irratti gateera. Dhimmi deebii barbaadu kan biraan raawwii himatamaa ykn namni biraan jeequmsa raawwii irratti yammuu uumuu haala akkamiin raawwatama? Bulchiinsi gandaa himatamaas ta'e nama raawwii irratti jeequmsa uume hidhuu danda'a laata kan jedhu dha?

Heera mootummaa RDFI kwt 79(1) fi naannoo oromiyaa kwt 63(1) tiin aangoon abbaa seerummaa kan manneen murtii qofaadha. Bu'uuruma kanaan ajaja ebelu

haa hidhamu ykn haa hiikamu jedhu kennuu kan danda'uu qaama aangoo Abbaa seerummaa qabu qofaadha. Aangoo abbaa seerummaa kan manneen murtii qofa erga jedhamee raawwii himatamaas ta'e namoota biraa raawwii irratti jeequmsa uumaniin walqabatee bulchiinsi gandaa hidhuuf aangoo hin qabu.

Kanaafuu, tumaan seerichaa bulchiinsi gandaa bu'aa araaraa jaarsolee ni raawwachiisa jechuun akkaataa bitaa fi mirgi waliigalanitti yoo ta'een ala bitaa fi mirgi walii hin galle taanaan bulchiinsi gandaa raawwachiisuu hin danda'u.

Himatamaan ykn himataan bulchiinsa gandaa yoo ta'ee; iyyanni kan dhiyaatu itti aanaa bulchiinsa gandichaatti. Sababni isaa bulchaan gandaa akka qaama himataa ykn himatamaatti ilaalama waan ta'eef iyyata dhiyaate keessumessuu hin danda'u. Falaasama seeraa keessattis namni dhimma ofii irratti murtii kennu akka hin dandeenye yaadni deggaru jira.

Qajeeltoo heera mootummaa RDFI kwt 12 fi naannoo Oromiyaa kwt 12 tiin itti gaafatamaan hojii kamiyyuu ykn filatamaan uummataa itti gaafatamummaa isaa yoo hir'ise itti gaafatama. Bifuma kanaan bulchiinsi gandaa iyyata abbaa dhimmaatiif yeroo murtaa'e keessatti deebii hin laanne yoo ta'e seeraan akka itti gaafatamu dambii 151/2005 kwt 18(14) jalatti tumeera. Itti gaafatamummaan kunis bu'uuruma seerota rogummaa qabaniin kan ilaalamuu dha. Gabaabumatti dhimmi tokko jaarsoleen haalan ilaalamee raawwatameera jechuuf wantootni asii gaditti tarreeffaman raawwatamuu qabu.

a. Namni miidhame jedhu iyyannoo bulchiinsa gandaatti yoo dhiyeessee dha.
b. Himatamaa fi himataan dhiyaatanii jaarsolee lama lamaa waliin akka filataniif bulchaan gandaa guyyaa shan (5) keessatti waamicha seera qabeessa (duly served summon) taasisuu qaba.
c. Walitti qabaan jaarsolee araaraa wal falmitootaan ykn jaarsoleen filatama; yoo isaan waliigaluu baatan bulchaa gandaatiin filatama.
d. Jaarsoleen yaada bitaa fi mirga dhiyaate dhaga'uu qabu (fair trial).
e. Barbaachiisa ta'e yoo argame ragaa dhaga'uu ykn iddoo falmiin itti ka'e dhaquu.
f. Jaarsoleen yaada bitaa fi mirga dhaga'uun bu'aa araaraa kennu qabu.

g. Bu'aa araara jaarsolee guyyaa kudha shan(15) keessatti bulchaa gandaaf dhiyeessuu.
h. Bulchaan gandaa bu'aa araaraa jaarsolee galmeessee chaappeessuun abbootii dhimmaaf kenna.
i. Gareen komii qabu guyya soddoma (30) keessatti bu'aa araaraa jaarsolee himannaan walqabsiisee mana murtii aanaatti dhiyeeffata.

Dhimmi biraa ijoo kanaan wal qabatee ka'uu qabu dhimma bu'aa araaraati. Bu'aan araaraa jaarsolee sagalee guutuun(unanimous) kenname bulchiinsi gandaa guyyoota kudha shan(15) keessatti akka raawwachiisu dambii 18(10) jalatti tumameera. Bu'aan araaraa jaarsolee sadarkaa akkamii qabaachuu akka qabu irratti yaadni adda addaa manneen murtii keessa ni jira.

Bu'aa araaraa jaarsolee ilaalchiise ejjennoon lama abboottii seera gidduutti ni mul'ata. Ejjennoon jalqabaa, bu'aan araaraa jaarsolee akkuma murtii mana murtiin kennametti ilaalamu qaba kan jedhuu dha. Warri ejjennoo kana qaban bu'aan araaraa jaarsolee bulchiinsa gandaan raawwatamaa jechuun isaa murtii ta'u argarsiisa jechuun yaada dhiyeessu. Itti dabalaniis bu'aan araaraa jaarsolee bu'uura S/D/F/S/ kwt 319(2) tiin akka "arbitration award" itti ilaalama jechuun ejjennoo isaanii cimsuu.

Warri faallaa ejjennoo kanaa qabaatan bu'aan araaraa jaarsolee akka murtii mana murtiin kennameetti ilaaluun seera qabeessa miti.Sababni isaa bu'aan araaraa jaarsolee murtii dirqisiisaa miti.Dambiin 151/2005 kwt 18(10) jalatti bu'aan araaraa jaarsolee bitaa fi mirgi yoo waliigale qofa raawwiif akka dhiyaatu kallattii agarsiisa. Bu'aan araaraa jaarsolee murtii "arbitral award" irraa adda addummaa qaba. Innis murtiin "arbitral award" bu'uura S/D/F/S/ kwt 318(3) tiin sagalee caalmaan murtaa'u danda'a. Bu'aan araaraa kun garuu akkuma ragaa kamiitti (ordinary evidence) gargaara malee murtii dirqisiisaa miti jechuun falmu.

Inni biraa, bu'aan araaraa jaarsolee ulaagaalee barreeffamni murtii tokko guutuu qabu waliin kan ilaalamuu ta'a. Haaluma kanaan, qabiyyeen murtii siivilii wantootni inni hammachuu qabu S/D/F/S kwt182 fi 183 jalatti tumameera. Akkaataa tumaalee seera kanaatti qabiyyeen murtii tokko qabxiilee armaan gadii dura duubaan qabaachuu qaba: firii dubbii, ijoo dubbii, xiinxala, guduunfaa fi

'decree' dha. Dhimmoota kana irratti daree leenjii keessatti itti mar'atamuun ejjannoon hojii kan itti qabatamu ta'a.

1.3.3. Itti Gaafatamummaa Yakkaa Seerota Lafa Baadiyyaa Kabajuu Dhabuun Walqabatee Ka'u

Akkuma beekkamu biyya keenyatti lafti akka qabeenya addaa fi murteessaa ta'e tokkootti fudhatamee imaammani qabeenya kana ilaallatu tumaalee heeraan illee osoo hin hafin iddoon kennameefi bulee jira. Kana malees addatti seeronni addaa baheefi dhimmicha bulchuuf tattaaffiin hedduun akka taasifame ni hubatama.

Seeronni kunniin akka qixa sirriin hojiirra oolan taasisuuf seerota kanneen hojiirra oolchuu dhabuun itti gaafatamummaa yakkaa kan hordofsiisu ta'uun shoora ol aanaa qaba. Gama kanaan tumaan labsii federaalaa lakk. 456/97 kwt 19 namni tumaalee labsichaa, dambii fi qajeelfama labsicha hojiirra oolchhuf bahan cabse kamee akka seera yakkaa raawwatiinsa qabuun itti gaafatamu kaa'a. Labsiin 130/99 kwt 27 immoo itti fayyadamaan lafa baadiyyaa tumaalee labsicha keessatti ibsaman ykn labsii kana hojiirra oolchuuf seerota bahan cabsee argame kamiyyuu akkaataa seera dhimmi ilaaluun ni gaafatama jedha.

Akkuma tumaalee kanneen irraa hubatamu tumaan seera yakkaa dhimmoota yakkaa seerota mirga abbaa qabiyyee lafa baadiyyaan walqabatanii jiran hojiirra oolchuun walqabatee raawwataman bulchan ilaalchisee seera yakkaa rogummaa qabutti qajeelchu. Haa ta'u malee seerri yakkaa rogummaa qabu kun isa kam akka ta'e ifaan hin kaa'an. Kana irraa kan ka'e seerri yakkaa kun tumaalee koodii seera yakkaa bara 1996 bahe moo seerota yakkaa addaa kanneen akkaataa tumaa koodii seera yakkaa bara 1996 kwt 4'n addatti bahanii dha; dhimma jedhu irratti addaa addummaan ni mul'ata.

Gama biraan, tumaan dambii lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk.151/2005 kwt 33 tumaa ilaallamuu qabu waan taheef akka itti aanutti dhiyaata.

Kwt 33:- *Adabbii*

1. *Lafa baadiyaa osoo hin kennamniif seeraan al qabachuun yookiin qabachuu yaaluun yookiin mana ijaaruun yookiin dallaa ijaaruun yookiin qotuun yookiin qotuu yaaluun dhorkaadha, namni kamiyyuu osoo beekuu yookiin*

beekuu osoo qabuu: lafa badiyaa seeraan ala qabatee yookiin qabachuu yaale yookiin mana ijaare yookiin dallaa ijaaree yookiin qotee yookiin qotuu yaalee argame seera biraatiin kana caalaa kan adabsiisu yoo ta'e malee adabbii hidhaa waggaa tokkoo hanga waggaa shanii fi qarshii kuma lamaa hanga kuma jahaatiin adabama.

2. *Hojjataan mootummaa yookiin namni ragaa lafa badiyaa akka qopheessu akka kennu akka jijjiiru angoon seeraan kennameef ragaa lafa baadiyaa dogongoraa kennuun yookiin qopheesuun yookiin jijjiiruun dhoorkaadha; namni kamiyyuu osoo beekuu yookiin beekuu osoo qabuu: ragaa qabiyyee lafa baadiyaa sobaa yookiin dogongooraa kenne yookiin jijjiiree yookiin qopheesee argame seera biraatiin kana caalaa kan adabsiisu yoo ta'e malee adabbii hidhaa cimaa waggaa tokkoo hanga waggaa shanii fi qarshii kuma sadii hanga kuma jahaatiin adabama.*

3. *Abbaan qabiyyee lafa baadiya mirga ittifayyadama lafa baadiyaa seeraan ala kennuun yookiin kennuu yaaluun, ragaa dogongoraatiin fayyadamuun lafa baadiyaa qabachuun yookiin qabachuu yaaluun, ragaa dogongoraa qopheessuun yookiin qopheessisuun, waraqaa ragaa qabiyyee lafaa seeraan ala fudhachuun yookiin fudhachuu yaaluun dhoorkaadha; namni kamiyyuu osoo beekuu yookiin beekuu osoo qabuu: mirga ittifayyadama qabiyyee lafa baadiyaa seeraan ala kenne yookiin kennuu yaale, ragaa dogongoraatiin fayyadamuun lafa baadiyaa qabate yookiin qabachuu yaale, ragaa dogongoraa qopheesse yookiin qopheessise, waraqaa ragaa qabiyyee lafaa seeraan ala fudhate yookiin fudhachuu yaalee argame seera biraatiin kana caalaa kan adabsiisu yoo ta'e malee adabbii hidhaa waggaa tokkoo hanga waggaa sadii fi qarshii kuma tokkoo hanga kuma sadiitiin adabama.*

4. *Namni lafa baadiyaa ittifayyadamu irraan gadee qotuun, daagaa hojjatame diiguun,daagaa bakka barbaaddametti ijaaruu dhisuun, karaa lolaa irra gadee baasuun lafa biqiltuu yookiin lafa eegumsa biyyee fi bishaantiif ittifame beelada itti gadi dhiisuun dhoorkaadha; namni kamiyyuu osoo beekuu yookiin beekuu osoo qabuu: lafa baadiyaa ittifayyadamuu irraan gadee qotee yookiin daagaa hojjatame diigee yookiin daagaa bakka barbaaddametti ijaaruu dhisee yookiin karaa lolaa irra gadee baasee yookiin*

lafa biqiltuu yookiin lafa eegumisa biyyee fi bishaantiif ittifame beelada itti gadi dhiisee yoo argame seera biraatiin kana caalaa kan adabsiisu yoo ta'e malee adabbii hidhaa salphaa hanga ji'a sadii fi hanga qarshii kuma tokkootiin adabama.

5. *Bulchiinsi Gandaa dhimma mirga qabiyyee lafa baadiyaatiin walqabatuu irratti iyyata dhiyaatu fuudhee yeroo seeraan murta'ee keessatti deebii qaama barbaachisuu kennuu diduun dhoorkaadha; bulchiinsi gandaa osoo beekuu yookiin beekuu osoo qabuu: dhimma mirga qabiyyee lafa baadiyaatiin walqabatuu irratti iyyata dhiyaate yoo fuudhuu dide yookiin iyyata fuudhee jaarsolee araaraa filachiisuun raawwachuu yoo dide yookiin bu'aa araaraa raawwachisuu yoo dhiise yookiin yeroo seeraan murta'ee keessatti qaama barbaachisuuf deebii yoo kennuu dhabee argame seera biraatiin kana caalaa kan adabsiisu yoo ta'e malee, hidhaa salphaa ji'a tokkoo hanga ji'a sadii fi qarshii dhibba shanii hanga kuma tokkootiin adabama.*

Tumaaleen koodii seera yakkaa bara 1996 bahee keessaahuu kwt 686, fi 404 fi kanneen itti aananis kanneen qalbii nama qabnii dha.

Dhimma kana caalatti mariin bilcheessun ejjannoo qabachuuf dhimma qabatamaa kana haa ilaallu. Dhimmi kun dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMW Oromiyaa galmee lakk. 230693 ta'e irratti ilaalee murteessee dha. Galmee kana keessaa akka hubatamutti, dhimma kanaaf kan ka'uumsa ta'e himata yakkaa Abbaan Alangaa Aanaa Wandoo himatamtoonni jalaa Obbo Bashaa Ganamoo fa'a N2 s/y kwt 32/1//a/, 433 fi dambii lakk. 151/2005 kwt 33/1/ irra darbuun gaafa 04/06/2007 guyyaa keessaa sa'aati 10:00 yoo ta'u Aanaa Wandoo ganda Buusaa bakka addaa Shafamaa jedhamutti lafa mootummaa bali'inni fi daangan isaa adda ba'e kaa'ame hayyama malee qabanii waan argamaniif jechuun himatee dha.

Manni Murtii Aanichaa dhaddacha gaafa 01/08/07 ooleen irratti murtii dabarseen WLEN afaaniin dhiyaatanii gaafa 04/06/07 qabatan haa jedhu malee galmee dhiyeessaa jennaan galmeen hin jiru jedhe; ragaan abbaa alangaa immoo yoo qotan arginee irraa kan hafe akkamiin (karaa seeran moo seeran alaan) akka argame wanti kaasehin jiru. Ragaan ittisaa garuu namoonni kun akaakayyuu irraa argatan. Bara dargii irraa qabee itti fayyadamaa jiru waan jedheef ragaan ittisaa ragaa Abbaa Alangaa kan kuffisu ta'ee argamee jira jedhee himatamtoota bilisaan gaggeesse jira.

MMO Godina Arsii lakk g.23769 irratti ragaan WLEN irraa baraa'e lafti falmii kaaste tun kanaan dura nama kaamiifiyyuu kan kennamee hin beeknee fi lafa uummataa fi mootummaa ta'uu ibsee baraa'ee jira. Ragaan ittisaa daangaan jedhuu fi kan himata irra jiru immoo garaagarummaa qaba. Kanaaf sy kwt 58, 32/1/a/ 433 fi dambii lakk. 151/2005 kwt 33/1 jalatti baleessa dha jedhee hidha waggaa 1 fi ji'a 6'n adabee jira. MMWO ajaja gaafa 11/12/07 lak. g. 195657 irratti kenneen murtii MMO cimsee jira.

Dhimmumti kun dhiyaateefi Dhaddachi Ijibaata MMW Oromiyaa dhimmi kun dhiyaatef dhimma kana ilaalee ijoowwan fala argachuu qaban, himatamtoonni seera yakkaa lamaa jalatti himatamuu fi seera yakkaa lama jalatti balleessaa taasifamuun sirri dha?; balleessummaa yakkaa hoo qabu moo hin qaban?; iyyattoonni kun balleessaa yoo qabu jedhame tumaa seera yakkaa kamtu dhimma isaaniif rogummaa qaba ? kanneen jedhanii dha jechuun galmee qorateera. Bu'uruma kanaan lafti seeran ala qabmuu ragaan mirkaneessera. Dhaalan arganne haa jedhan malee ragaan hin mirkaneessine.

Himatamtoonni kan raawwatan jedhame gocha tokko dha; kanaaf akka seera yakkaa kwt 61/1'tti kan ittiin himatamanis ta'ee balleessaa kan jalatti jedhamuu qabanis tumaa seeraa tokko jalatti ta'uu qaba. Kanaaf diiggamee sireeffamuu qaba jedhe. Dhimma ammaaf seera yakkaa kwt 433 moo dambii lakk. 151/05 kwt 33/1 'tu rogummaa qaba dhimma jedhu ilaalchisee immoo seera yakkaa kwt'n 433 yakka hojii mootummaa irratti namoota hojjataa mootummaa hin taaneen raawwatame ilaallata. Yakki himatamtoonni raawwatan immoo yakkaa hojii mootummaa irratti raawwatame osoo hin taane yakka lafa qabiyyee mootummaa irratti raawwatamee dha. kanaaf gochi raawwatame jedhamee fi kwt'n 433 wal hin simu. Kanaan baleessaa taasisun dogongora seeraa isa bu'raa ta'e qaba.

Wa'ee dambii lakk.151/05 kwt 33/1 ilaalchisee, tumaa seeraa kana osoo hin ilaalin wa'ee labsi federaalaa 456/1997 fi labsii MNO 130/1999 haa ilaallu. Labsii 456/97 kwt 19 gochoota yakkaa raawwatamaniif danbiin ni baha osoo hin taane seera yakkaa idilee kallattiin ilaallatutu raawwii qaba jedha. Labsiin 130/99 kwt 27 illee akkataa seera dhimmi ilaallatuun laallama jedha malee dambii kaabineen baastuun ilaallama hin jenne. Hiikkoon afaan Amaariffa isaa ittumaayyuu seera yakkaa rogummaa qabu jedha. Kan labsiifederaalaa lakk456/1997 kwt 19 jala

jiruun wal sima. Kanaaf haala kanaan xiinxaluu osoo qabanuu tumaa dambii labsii federaalaa lakk. 456/97 kwt 19'n wal faallessu n adabuun fi balleessaa gochuun sirrii miti.Tumaan dhimmicha ilaallatu seera yakkaa kwt 686/1/a dha jechuun guyyaa harki isaani qabame irraa kaaseekan hirreeggamu hidhaa salphaa ji'a ja'aan adabee jira.

- Dhimma kanaan wal qabatee murteewwan Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin kennaman adda baasa. Qabxiilee tokkoon tokkoon isaanii itti irratti adda bahan adda baasaa. Sana booda inni kam akka sirrii ta'e sababaa fi seeraan deeggaruun ibsaa.

Gaaffilee Marii

1. Dhimmi kun (dhimma 13ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMWF lakk gal. 102406 ta'e irratti ilaalee murteesse irraa kan fudhatamee dha. Akka dhimma kana keessaa hubatamutti himataan jalaa Warshaan shukkaara wanjii himata Mana Murtii Olaanaa Godina Adda Adaamaatti dhiyeeffateen himatamaan jalaa obbo Baacaa Alamuu lafa koo karaa seeraan mootummaa irraa kaartaa seera qabeessan fudhe irratti shankoora misoomsaa jiru daangaa fi hammi isaa caqasame humnaan na jalaa qabatee jeequmsa waan narratti uumaa jiruuf akka gadi naaf lakkisee deemu akka naaf murtaa'u jedhee himate. Himatamaan deebii kennee dhimma kana erga jaarsi nuuf laalee nu araarsee gandatti galmaahee guyyaa 30 darbee jira waan ta'eef darbiinsa yeroon narraa cufamuu qaba jedheera.

   Manni Murtichaas dhimmicha bitaa mirga erga wal falmisiiseen booda gaaffiin dhiyaate darbiinsa yeroon hafaa ta'a jechuun murteessee jira. Himataan jalaa dhimmicha Mana Murtii Waliigala Oromiyaafis dhiyeessee manni murtichaa murtii mana murtii jalaan kenname cimsee jira.

   Dhimmichi oliyyannoon Dhaddacha Ijibbaataa MMWF'f dhiyaatee dhaddachichi kaayyoon labsii nannoo Oromiyaa lakk.130/1999 kwt'n 16 falmii abbaa qabiyyee lafaa qonnaan bulaa lamaa fi sana ol jidduutti ka'uun qonnaan bultoonni hojii misoomaa isaanii dhiisanii falmiin yeroo isaanii akka hin

balleessine taasisuuf akka jaarsa iddoo sanaan dhimma isaanii jalqaba ilaallatan yaadameeti. Kanaaf kayyoo labsii kanaan tumaan seeraa kun falmii qonnaan bulaa fi dhaabbata nama seeraa jidduutti ka'u kan laallatu miti. Kana malees tumaaleen labsii 130/99 kan labsii lakk.456/97 faana haala wal unateen hiikkamuu qabu dha. Kana waan ta'eef mirgi himataa darbiinsa yeroon hafaa ta'ee jira kan jedhame dogongora jedheera.

a. Dhimma kana irratti murtee manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiranii akkamitti ilaaltu?
b. Daangaan turtii yeroo guyyaa 30 dhimma kana keessatti ka'e darbiinsa yerooti moo kan biraati?
c. Osoo dhimmichi qonnaan bulaa fi qonnaan bulaa jidduutti ta'ee garaagarummaa uumaa laata?

2. Dhimmi kun(dhimma 14ffaa) mana murtii Aanaa Baddalleetti, galmee lakk.40611[57] keessatti ilaalamuun dhimma murtii argateedha. Dhimmichis himata himataan jalaa gaafa 28-02-2012 Moojuuliin mana murtii aanichaatti dhiyeesseen, waliigaltee afaanii bara 1982 keessa himatamaa jalaa waliin taasiseen, lafa duwwaa sangaa saddeet(8) ta'u kan bosona ofirraa qabu ciruun buna dhaabee misoomsuun qixxee fayyadamuuf waliigaluun, inni bu'uuruma waliigalameen bunicha dhaabuun bara 1982 irraa eegalee hanga 2011tti waliin qixxee fayyadamaa jiranii, himatamaan bara 2009 keessa buna kuntaala sadii qixxee funaane akka isa dhowwate, bara 2011 keessa immoo buna walakkaa walin qixxee funaannatanii, walakkaa immoo kan kuntaala afur ta'u akka hin funaanne akka isa dhorke ibsuun tilmaamni buna funaaname dhowwatamee qarshii gahee isaa qarshii 7000 (kuma torba) akka kaffaluuf, bunni misoome jiru gaheen isaa walakkaan gosaan akka qoodamuuf ykn tilmaama qarshiin kuma 150,000(kuma dhibba tokkoofi shantama) akka kaffalamuuf gaafateera.

Himatamaan gama isaatiin deebii kenneen, Ashaakiltiin bunaa falmiif sababa ta'e qabiyyee abbaa isaa ta'uu ibsuun, bunni kunis abbaan isaa kan dhaabeefi

[57]Dhimma falmii hariiroo hawaasaa, himataa Obbo Kabbadaa Taaddasaafi Himatamaa Obbo Amiinuu Jamaal gidduu tureen, Mana Murtii Aanaa Baddallee galmee lakk.**40611**, dhaddacha gaafa 16/04/2012 ooleen murtii kana argateedha.

himatamaan immoo yeroo abbaan isaa bara 1982 du'aan boqatu dhaalaan argachuun waraqaa eenyummeessaa abbaa qabiyyummaa akka itti qabu ibsuun, himatan mirga qabiyyee bunaa kana isa waliin qooddatu hin qabu, akkasumaas waliigalteen waliin misoomsuus yoo ta'e bu'uura labsii Bulchiinsaafi Itti Fayyadama lafa Baadiyyaa, lakk.130/99fi dambii labsicha raawwachisuuf bahe, lakk.151/2005tiin ulaagaa guutee wanti ragga'e hin jiru, waliigalteen afaaniin raawwatamu kunis fudhatama hin qabu jechuun himanni isaa bu'uura SDFHH keewwata 33(2) kufaa akka ta'uuf gaafateera.

Manni murtii kunis falmii bitaafi mirgaa ragaa waliin dhagahuun, himataan qabiyyee jedhame irratti buna parsantii 50 dhaabuun ragaadhaan waan mirkanaa'eef, seerummaan bunni kun qixxee akka qoodamuuf gaafatame bu'uura labsii 130/99fi dambii 151/2005 keewwata 7(7fi 8) bu'aa seeraa hin qabu jechuun kufaa taasisuun, ta'us buna kanas kan dhaabe otuu himatamaan beekuu waan ta'eef bu'uura Seera hariiroo hawaasaa keewwata 1176 tilmaama waliigalteen jiru kaffalchisuun gadi lakkisiisuun akka danda'amu ibsuun, waliigalteen bakka gidduu isaanii hin jirreetti immoo bu'uura seera hariiroo hawaasaa keewwata 1177(1) tilmaama waggaa kudhanii, walakkaa isaa waan jedhuuf, himatamaan himataaf qarshii 35,000 akka kaffaluuf murteesseera.

a. Dhimma armaan olii kana keessatti himatamaan, 'ashaakiltii bunaa dhuguma himataan misoomsuun qixxee itti fayyadamuuf afaaniin waliigaleera garuu himataan bu'uura waliigalleen waan misoomsu dideef, qixxee qoodachuu dhorkadheera'kan jedhu yoo ta'e murtii akkamii kennitu? maaliif?

b. 'Murtii manni murtii aanaa kenne seerummaan gaafadheen ala' jechuun yoo himataan oliyyate, dhimmicha irratti murtii akkamii kennitu?

c. Murtiin manni murtii aanaa kun seera rogummaa qabuun murtii argateera jettu? Maaliif?

d. Waliigalteen ashaakiltii waliin misoomsuuf raawwatamu bu'uura labsiifi dambii itti fayyadama lafa baadiyyaatiin ulaagaaleefi haaldureewwan akkamii guutanii argamu qabu?

2. KUTAA LAMA :-SEERA LAFA MAGAALAA

Seensa

Lafti qabeenya ummamaa murteessaa fi bu'ura qabeenya biroo ta'ee dha.Sirnaa fi sochii diinagdee kamiyyuu keessatti dhimmi lafaa dhimma ijoo fi xiyyeeffannoo murteessaa ta'e barbaaduu dha. Lafti sanuma ta'uu ishee fi yeroo irraa yerootti kan hin daballe ta'uu isaan walitti dabalamee qabeenyi kun qabeenya mi'aawaa akka ta'u taasiseera.Kun immoo sirni ittiin qabeenyi murteessaan kun haala gaarii ta'een faayidaa irra oolu diriirsuun dhimma murteessa dha.

Kutaan Moojuulii kanaa kundhimmoota seera lafa magaalaa biyya keenyaan wal qabatan kan ilaallatu yoo ta'u, xumura kutaa kanaan booda leenjifamtoonni

- Imaammata bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa magaalaa irratti hubannoo isaanii ni gabbifatu,
- Akkaataa argannaa, mirga dabarsuu fi adda citiinsa mirga abbaa qabiyyummaa itti fayyadama lafa magaalaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu,
- Sirna waldiddaan adeemsa hojii labsii liizii hojiirraa oolchuu keessatti ka'u itti hiikkamu adda baasuun ni ibsu,
- Itti gaafatamummaa yakkaa labsicha kabajuu dhabuun wal qabatee ka'uadda ni baafatu.

jedhameeti eeggama.

2.1. Boqonnaa Tokko:-Seenaa Dhufaatii Sirna Bulchiinsa Lafa Magaalaa Itoophiyaa

2.1.1. Sirna Bulchiinsa Lafa Magaalaa bara 1967'n Duraa

Hundeeffamnii fi babal'inni magaalota biyya keenyaa seenaa bara dhiyooti.[58] Magaalonni biyya teenyaa hedduun isaanii giddu galawwan tajaajila humna loltuu fi siyaasaaf jarraa kudha saglaffaa keessa hundaayan irraa suuta suuta kan guddatani dha.[59]Wantoonni duubatti hafiitii guddina magaalaa biyya keenyaaf sababa ta'an hedduu ta'anis isaan ijoon, qonnaan bultoonni biyyattii jiruu isaanii bu'aa hojii qonnaa irraa argataniin salphumatti gageessuu danda'uu isaanii fi mootonni biyyattii bulchaa turan hanga seenaa biyya teenyaa yeroo dhihootti magaala mootummaa dhaabbataa tahe dhabuu isaaniiti.[60]

Mootichi Minilik II[ffaa]'n humna waraanaan erga daangaa biyya Itoophiyaa har'aa tana of harka galfateen booda, giddu-galeessi bulchiinsa mootummaa isaa dhabbiin Finfinnee akka taatu filate. Isaan wal qabatee haala lafti magaala haaraa hundoofte tanaa tajaajiltoota fi jalee isaaf itti qooddamu ilaalchisee seenaa biyyattii keessatti yeroo jalqabaaf lafa magaalaa seerri ilaallatu dhuma bara 1907 labsame.[61] Seerri bara kana labsame kun keewwatoota 32 kan qabu ta'ee, lafa magaalaa akka qabeenya dhuunfatti qabachuun, gurgurachuuni fi galmeesifachuun akka danda'amu kan hayyamu dha.[62] Bu'uruma kanaan magaala Finfinneetti lammiileen biyya alaa illee osoo hin hafin lafa hanga hektaara 10 gahutti qabachuu haala itti danda'anitu ture.[63] Haa ta'u malee, mootummaan haala addaan yoo hayyame malee lammiileen biyya hambaa lafa magaalaa hektaara 10'niin ol qabachuuf mirga hin qaban ture.[64]

---

[58] *Molla Mengsitu, the Ethiopian Urban Landholding System: An Assessment of the Governing Legal Regime in Muradu Abdu eds Land Law and Policy in Ethiopia since 1991: Continuities and Challenges, Ethiopian Business Law Series, (AAU 2009) , p.150*

[59] *John Markakis, Ethiopia: Anatomy of A Traditional Polity, Oxford University Press (1974) , p.160*

[60] *Kanuma, fuula 52*

[61] *Kanuma*

[62] *Kanuma, fuula 156*

[63] *Dambicha, kwt 16*

[64] *Kanuma*

Dambii kana hojii irra oolchuuf mootichi Miniliki IIffaa qajeelfama ulaagawwan abbootii qabeenyaa lafaaf lafti isaaniif kenname yommuu maqaa isaaniin galmaahuu fi ragaan abbaa qabeenyummaa kennamuuf guutuu qaban kaahu akka baasee hojii irraa oolchee ture.[65]

Sirni seeraa lafa qabeenya dhuunfaa taasisu kun bara aangoo mooticha H/Sillaasee 1ffaakeessas cimeetuma itti fufe. Heerri mooticha kanaan bara 1955 fooyyahee bahes lammiilee biyyattii hundaaf mirga abbaa qabeenyaa tahuu fi qabeenya ofii immoo dabarsuuf beekkamtii kenneera.[66] Seerri hariiroo hawaasaa gama isaan tumaalee addaa kaa'uun mirga kanaaf eegumsa taasiseera.[67]

2.1.2. Sirna Bulchiinsa Lafa Magaalaa Bara Mootummaa Dargii

Jijjiirramni sirna bulchiinsa lafa magaalaa bara 1967 taasifame qaama jijjiirrama sirnaa sosochiin ummata biyyattii hanga bara 1966'tti taasifame fideeti.[68]Sosochii ummataa kana booda sirna mootota warra Salamoon irraa aangoo fudhachuun dargiin gara aangotti erga dhufee eegalee sirni siyaasaa biyyattii sirna sooshaalizimii hordofaa dhufuu isaatiin sirni diinagdee biyyattiis waan jijjirrameef sirni bulchiinsa lafaa akka jijjiirramu taasiseera.[69]

Bu'uuruma kanaan, bara mootummaa dargii keessa, labsiin lafa magaalaa fi mana darbaa 'tirfii' qabeenya mootummaa fi uummataa taasisuuf bahe labsii lakk.47/1967'n lafti daangaa biyyattii keessa jiru kamiyyuu qabeenya uummataa fi mootummaa Itoophiyaa akka ta'ee fi namni dhuunfaa lafa magaalaa irratti mirga itti fayyadamaa malee mirga abbaa qabeenyummaa argachuu akka hin dandeenye tumeera.[70]

Bu'ura labsii kanaatiin lammiin biyya keenyaa kam iyyuu bara sana keessa lafa iddoo jireenyaa hanga kaaree meetira 500 gahuu danda'u magaalaa kennamuufii

[65] *Mahatama Selassie Woldemiskel, Zekrenger (1970), p.166*

[66] *Heera Mootummaa Itiyoophiyaa bara 1955 fooyya'ee bahe kwt'n 44 fi 130/d*

[67] *Seera Hariiroo Hawaasaa Itiyoophiyaa (1960), kwt 1549 ilaala.*

[68] *Rahmato, D. (1993). Agrarian Change and Agrarian Crisis: State and Peasantry in Post-Revolution Ethiopia. In Journal of the International African Institute, Vol. 63, No. 1. P. 40*

[69] *Kanuma*

[70] *Labsii Mootummaa Itiyoophiyaa lakk. 47/1967 kwt 16*

akka danda'u, lammiileen bifa kanaan lafa argatan kunniin dhuunfaa isaaniin lafa kanatti fayyadamuu irraa kan hafe mirga kana dabarsanii kennuu, dhaalchisuu, geeddaruu ykn gurguruuf mirga akka hin qabne tumeera.[71]

Labsiin kun abbaan qabiyyee kun gaafa du'u abbaan manaa, haati manaa ykn ijoolleen isaa qofti isa bakka bu'uun mirga kanatti fayyadamuu akka danda'an kaa'eera.[72] Haa ta'u malee, lammiileen qabeenya lafa kana irratti horatame gurgurachuu, dhaalchisuu, kennaan dabarsuus ta'ee itti fayyadamuu akka qaban labsicharraa ni hubatama.[73] Waan kana ta'eef, sirna kana keessa mootummaan lafa yeroo barbaadetti lafa biraa bakkaa buusefii ykn yoo manni irra jiraate beenya kanfaleefii fudhachuu danda'a ture.[74]

2.1.3. Sirna Bulchiinsa Lafa Magaalaa Bara Mootummaa Ce'uumsaa Keessa

Kufaatii dargiin booda bara mootummaa ce'umsaa keessa imaammata bulchiinsa lafa magaalaa ilaalchisee jijjiirramni bu'uraa taasifame hin turre.[75] Haa ta'u malee, haala hojmaata bulchiinsa lafaa ilaalchisee yeroo mootummaa ce'uumsaa gara dhumaa irra kan bahe labsiin lakk.80/1986 jijjiirramoota hedduu qabatee dhufeera. Labsiin kunyeroo calqabaaf lafa magaalaa sirna Liiziin buluu akka qabu kan kaa'ee dha.

Labsiin kun hojimaata duraanii lafti magaalaa bilisaan fayyadamaaf itti kennamu hanbisuun abbaa qabeenyaa lafa magaalaa kan ta'an ummannii fi mootummaan biyyattii abbaa qabeenyummaa isaatiin faayidaa argachuu qabu akka argachuu danda'aniif, namoonni lafichaan fayyadaman gatii faayidaa argataanii sirna itti kanfalanii itti fayyadamuu danda'ai kan diriirsee dha.[76]

2.1.4. Lafa Magaalaa fi Heera Mootummaa RDFI

Heera mootummaa RDFI kwt 40/3 irraa hubachuun akka danda'amutti mirgi abbummaa lafaa fi qabeenya ummamaa baadiyyaas ta'e magaalaa, kan mootummaa

[71] *Kanuma, kwt'n 2/11 fi 4*

[72] *Kanuma, kwt.5/1 ilaalata.*

[73] *Kanuma, kwt 12/1*

[74] *Kanuma, kwt'n 3/3, 8/2, fi 19*

[75] *Asii ol Yaadannoo lakk. 29, fuula 46*

[76] *Seensa Labsii Mooummaa Itiyoophiyaa lakk. 80/1986 ilaala*

fi kan ummataa qofaa dha. Lafti daangaa biyya Itiyoophiyaa keessa jiru kan hin gurguramne hin deeggaramne qabeenya gamtaa saboota, sablammootaa fi uummatoota Itoophiyaati.[77]

Mirgi abbaa qabeenyummaa lafaa kan uummataa fi mootummaa qofa dha yoo jedhamu mirgi abbaa qabeenyummaa lafaa kun nama biraatti hin gurguramu hin darbu; yeroo hundaayyuu kan mootummaa fi ummataa qofaa dha jechuu dha.[78] Mirga namoonni qabeenya irratti qaban keessaa tokko kan ta'e mirgi qabeenya gurgurachuu fi nama biraatti dabarsuu lafa irratti hin hojjatu jechuu dha.[79]

Kaayyoon bu'uraa tumaa heera mootummaa kanaa mootummaan dirqama siyaasaa, diinagdee, fi hawaasummaa uummataaf bu'ura heera mootummaan seene galmaan gahuuf lafti magaalaa qabeenyummaan isaa kan mootummaa fi ummataa ta'ee fi inni itti ajajuu danda'u harka isaa irra jiraachuu waan qabuuf.[80]Sababni isaas meeshaa misoomaa bu'uraa kana malee haala qabatamaa biyyi teenya keessa jirtuun biyya misoomni itti fufiinsa qabu, dimokraasiin, bulchiinsi gaariini fi olaantummaan seeraa itti mirkanaa'e ijaaruun waan hin danda'amneefi.[81] Kun kan jedhamuuf lafti magaalaa qabeenya dhuunfaa abbootii qabeenyaa yoo ta'e, mootummaan hojiilee misoomaa magaalota keessatti ofii isaaf hojjatuufis ta'ee abbootii qabeenyaa dhuunfaan hojjatamaniif lafa barbaachisu abbootii qabeenyaa lafaa irraa lafa bitee dhiyeessuf dirqama.[82]

Kun immoo hojiin misoomaa hojjatamu gatiin investimantii isaa akka ol-ka'u taasisuun, itti fufiinsaan sadarkaa ta'uu qabuu fi saffisa barbaachisuun akka hin hojjatamne gufuu gudda itti ta'a.[83]Kana waan ta'eef maddi imaammataa fi kayyoo

---

[77] Heera Mootummaa RDFI kwt 40/3

[78]Ibsa dhimma kana irratti mummicha ministeeraa duraanii kan turan Obbo Malas Zeenawiin kenname, 1997, Finfinnee.

[79]Kanuma

[80]DFID (2001) Strategies for achieving the International development targets:meeting the challenge of poverity in Urban areas, DFID , London, pp.234

[81] Ibisa Ministeera Misooma fi Ijaarsa Magaalaa Itiyoophiyaa kan ta'an Obboo Makuriyaa Hayileen marii Ummata Magaala Finfinnee waliin gaafa 23/04/2004 taasisan irraa cuunfamee bifa muujuulif ta'uun kan fudhatame.

[82]Kanuma

[83]Kanuma

lafa magaalaa qabeenya waliinii uummataa fi mootummaa taasisu kanaa dirqama mootummaan akka bakka bu'aa uummataatti qabeenya murteessaa fi kan waliinii ummataa kan ta'e kana haala maadaalawaa ta'een lammiilee hundaaf waliin gahuuf, to'achuuf,bulchuuf, sirneessuu fi dirqamawwan dinagdee, siyaasaa, fi hawaasummaa kanneen biroo bahuuf qabuu dha.[84] Kun immoo dhimmoota carraa gara fuulduraa biyyattii murteessan keessaa akka tokkootti fudhatamuu fi mul'ata heera mootummaa keessatti saboonni, sablammoonni fi ummatoonni biyyattii kaahataniin kallattiin kan wal-qabatuu dha.[85]

Haa ta'u malee, namoonni tokko tokko heerri mootummaa lafti hin gurguramu hin jijjiirramu jedhu illee qabatamatti lafti abbootii qabeenyaa biyya alaa fi keessatti gurguramaa jira yaada jedhu qabu.[86] Egaa dubbii kanaaf deebii kennuuf gaaffii lafa liiziin kennuun abbaa qabeenyummaa lafaa nama birootti dabarsuu irraa maaliin adda baha?jedhu sirnaan deebisuu gaafata. Kana immoo kutaa barreeffamichaa gara fulduraa keessatti akkuma haala isaatti kan ilaallu ta'a.

Tumaan heerichaa kwt'n 40'n dhimmi bu'uraa ifatti kaa'e kanbiroo, mirga qonnaan bulaan, horsiisee bulaa fi gamishorsiisee bulaan biyyattii itti fayyadama lafaa irratti qabuu dha.Bu'uruma kanaan qonnaan bulaan, horsiisee bulaa fi gamis horsiisee bulaan biyyattii mirga bilisaan lafa argachuu fi lafa isaanii irraa seeraan ala buqqa'uu irraa bilisa ta'uu qabu.[87]Haa ta'u malee, heerichi lammiileen biyyattii magaala jiraatan lafa magaalaa bilisaan mirga argachuu fi itti fayyadamuu qabu jedhee ifatti hin kaa'u.[88] Kun immoo sababni tumaan heera mootummaa kun lafa baadiyyaa qofa bilisaan argachuun akka danda'amu agarsiisee, lafa magaalaa garuu dhimma ilaallatu callisee bira darbeef maal inni? gaaffii jedhu kaasa.

Kana irraa kan ka'e namoonni tokko tokko tumaan heera mootummaa kwt'n 40'n wa'ee mirga qonnaan bultoonni lafa baadiyyaa irratti qabanii malee haala itti lafti magaalaa qabmuu danda'u ilaalchisee wanti jedhu waan hin jirreef lafa magaalaa

---

[84]*Kanuma*

[85]*Asii Ol Yaadannoo lakk. 39*

[86]*Adnewe, B., Deininger, K., Demeke, M., Gebre- Selassie, S. & Jin, S. 2003. Market and nonmarket transfer of land in Ethiopia: implications for efficiency, equity and non-farm development. World Bank Working Paper No. 2992. Washington, DC, World Bank., pp. 45*

[87] *Heera Mootummaa RDFI, kwt'n 40/4 fi 40/5*

[88]*Kanuma*

liiziin dabarsuun bu'ura heera mootummaa hin qabu jedhu.[89] Kana waan ta'eef mootummaan lafa magaalaa daangaa yerootiin daangessee sunuu immoo kanfaltiin akka kennamu gochuun mirga bal'aa qonnaan bulaan lafa irratti qabuun wal-bira qabamee yoo ilaallame dubbichi faallaa heera mootummaa ta'ee mul'ata jedhu.[90]

Kana irraa kan hafe namni kamiyyuu lafa akka itti fayyadamu karaa seera qabeessa ta'een argate irratti qabeenya dhaabbataa horatetti ykn jijjiirrama dhaabbataa fide irratti mirga guutuu qaba.[91] Jechuunis qabeenya dhuunfaa isaa ta'a jechuu dha. Kana waan ta'eef akkuma qabeenya dhuunfaa kamiyyuuttuu gurguruus jijjiiruus ni danda'a. Mirgi itti fayyadama lafaa gaafa adda citutti qabeenya isaa kana yoo danda'e kaafachuu, abbaa qabeenyummaa isaa dabarsuu, ykn beenyaa isaa argachuu ni qaba.[92]

Gaaffilee Marii

1. Dhimmi kun (dhimma 15ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibaataa MMW Federaalaa lakk.g 100671 irratti ilaalee murteesse dha. Akka galmee kana keessaa hubatamutti himatamtuun jalaa adde Jamiilaa Alii himata mana murtii aanaatti dhiyeeffatteen himatamaan jalaa ajajan 50 Geetinnat Taarqoo lafa dura maqaa ishee fi abbaa warraa isheen ture amma immoo maqaa isheefi ijoollee daa'imman abbaa manaa ishee ta'aniin jiru isheen lafa dandeessee inni immoo maallaqa isaa danda'ee gamoo abbaa darbii sadii ijaaruuf walii galanii turan. Sana booda, himatamaan jalaa manichi maqaa dhaabbata daldalaa waliin dhaabnuun ijaarramuu qaba jedhee lafichi akka maqaa dhaabbata kanaatti jijjiirramu jechuun walii galtee gurgurtaa isheefi dhaabbata kana jidduutti akka ta'u gochuun lafichi maqaa dhaabbata 'Isuu Baalw Hoona' jedhuun akka kartaan ittu bahu ta'e; kun immoo ana gowwomsee gocha ijoollee koo miidhu na raawwachiise waan ta'eef walii galteen kun akka naaf diigamu jettee himatte. Walii galtee bittaa fi gurgurtaa taasisuuf mirga qabdi; ana waliin hin seenne walii galtee keessa; guddistuu ijoollee waan taateef angoo qabdi jedhe.

[89] *Dessalegn, R. 1992. The land question and reform policy: issues for debate. Dialogue, 1(1): 43 - 57.*

[90] *Kanuma*

[91] *Heera Mootummaa RDFI, kwt'n 40/7*

[92] *Heera Mootummaa RDFI, kwt'n 40/8*

Manni Murtii Aanaa walfalmitoonni fedhiin walii galtee raawwatan waan ta'eef diigamuu hin qabu jedhee murteesse. Murtiin kun Mana Murtii Ol'aanaaf dhiyaatee cime. Kana booda ,dhimmichi dhaddacha ijibbaataa naanichaaf dhiyaatee walii galteen jedhame lafa magaalaa duuwwaa irratti kan taasifame waan ta'eef, akka Heera RDFI kwt 40/3 fi shh kwt 1716/1 tti jalaqabayyuu hin jiru jedhe. Dhaddachi Ijibbaataa Federaalaas kanuma cimse.

- Murteewwan Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin laatame adda erga baastanii booda inni kam sirrii ta'e seera rogummaa qabun madaalaa.

2. Dhimmi kun (dhimma 16ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala RDFI lakk.g. 19479 irratti ilaalee murteesse irraa haala mariif ta'uun sissirrate fudhatame dha. Kessoo dhimmichaarraa akka hubatamutti Obbo Bishaw Ashame fa'an (N4) Adde Amalawarq Galatee mana dhaalan maatii keenya irraa nu gahu qophaa ishee qabattee jirti waan ta'eef gahee keenya nuuf haa hirtu jechuun himata Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalatti dhiyeeffatanii ture.

Adde Amalawarqi haadha ishee fi abbaa ishee kan haadha ishee faana dura gaa'ila tokkoffaa keessa turan irraa dhalatte. Obbo Bishaw fa'aan immoo erga abbaan Amalawarqi du'ee gaa'ila lammaffaa haati isaanii hundeessite keessatti dhalatan. Lafti manni amma irratti wal falman kun irratti ijaarrame gaa'ila lammaffaa keessatti horatame. Sana booda gaa'ila lammaffaa keessatti manni irratti ijaarrame.

Manni Murtichaas bitaaf mirga erga wal falmisiiseen booda manni falmiin irratti ka'e erga fuudha fi heerumni lammataa raawwatamee kan ijaarrame waan ta'eef kan waliiniiti. Kanaaf manni kan waliiniti. Iddoon kan Amalawarqi qofa waan ta'eef walakkaa tilmaama manichaa qofa himattootaaf akka kennitu, kana gochuu yoo hin dandeenye immoo himattoonni gatii tilmaama iddoo lafa magaalaa manni irra jiruu fi gahee tilmaama himatamtuu himatamtuuf kennanii manicha akka fudhatan, kunis hin ta'u yoo tahe timaamni manaa fi

lafaa adda addatti ogeessan hojjatamee calbaasiin bahee gurguramee bu'uura murtiin akka raawwatamu murteesse.

Murtii Mana Murtii jalaa komachuun deebii kennitoonni jalaa ol-iyyatan illee Manni Murtii Ol-Aanaa Federaalaa galmicha akka sdfhh kwt 337'tti cufee jira.

Dhimmichi Mana Murtii Federaalaa Dhaddacha Ijibbataaf dhiyaatee dhaddachi kun dhimma lafa manni falmii kaase irratti ijaarrame ilaalchisee falmiin Mana Murtii jalaatti taasifame hin jiru; murtiin lafa manni irra jiru ilaalchisee kenname falmii wal falmitoonni gaggeessan kan bu'ura godhate miti. Dabalataan, murtiin laatame tarkaanfii labsiin lakk.47/67 lafa magaalaa qabeenya mootummaa fi uummataa taasisuun fudhate ilaalcha keessa kan galche ta'ee hin mul'atu . Manni falmii kaase kan waliinis haa ta'u kan dhuunfaa lafti manichi irratti ijaarrame manicha irraa adda bahee akka gatiin isaa timaammamu yoo barbaachisaa ta'ee argames akka gurguramu kan jedhu faallaa seeraa fi Heera lafa qabeenya mootummaa fi uummataa taasisuuti.

Manni Murtii Ol'aanaanis dogongora raawwatame sirreessuun irra osoo jiruu akka sdfhh kwt 337'tti hin dhiyeessisu jechuun isaa sirrii miti jedheera. Kana irraa ka'uun murtiiwwan Manneen Murtii jalaan kennaman haquun manaa fi iddoo falmii kaasee bitaa mirgi walii galanii yaa hiratan; yoo walii galuu baatan calbaasiin gurguramee maalaqa isaa adda haa fudhatan jechuun murteessee jira.

a. Murtii Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin kenname akkamitti madaaltu?
b. Lafa magaalaa gaa'ila duraa keessatti argame haalli itti Manni Murtii ijoollee gaa'ila lammataa keessatti dhalatteef dhaalchise tumaa seera dhaalaa fi maatii rogummaa qabuun akkamitti ilaallama?
c. Labsii 47/67 dhimma kana irratti rawwachuun hoo akkamiin ilaallama?

3. Dhimmi kun (dhimma 17ffaa) dhimma murtii Dhaddachi Ijibbaataa MMW Federaalaa lakk. g. 14094 ta'e irratti ilaale murteesse irraa haala mariif toluun sisirreeffamee fudhatamee dha. Akka galmee kana keessaa hubatamutti Obbo

Salamoon Warradaa himatamaan mana koo ani dhaalan argadhe seeran ala na jalaa qabatee jira waan ta'eef akka gadi naaf lakkisu jedhee Mana Murtii Sadarkaa Duraa Federaalatti himate.Himatamaan gama isaan mana amma falmiif sababa ta'e kana Ministeera Ittisa Biyyaatu Dhaabbata Bulchiinsa Manneen Mootummaarraa naaf kireeffate waan ta'eef himatamuu hin qabu jedhe.

Kana irraa ka'uun Manni Murtichaa Ministeerri Ittisa Biyyaa fi Dhaabbanni Bulchiinsa Manneen Mootummaa falmii keessa akka seenan taasisuun akka wal falman erga taasiseen booda himatamaa fi Ministeera Ittisa Biyyaa bilisaan gaggeessuun manni falmiin irratti ka'e kan abbaa himataa ta'uu fi himataan immoo dhaalaa isaa ta'uu waan mirkanaa'eef Dhaabbanni Bulchiinsa Manneen Mootummaa manicha himatamaa harkaan akka gahuu fi gatii kiraa manaa kan ji'a 6 qarshii 12,000 akka kanfaluuf murteessee jira. Manni Murtii Ol-Aanaa Federaalaa dhimmichi ol iyyannoon dhiyaateefis oliyyataa Dhaabbata Bulchiinsa Manneen Mootummaa osoo hin yaamin galmee cufee jira.

Ol'iyyanni Dhaabbata Bulchiinsa Manneen Mootummaatiin dhaddacha ijibbaataaf kan dhiyaate murtee kana irraa yoo ta'u qabiyyeen ol iyyatichaas kaartaa fi hayyamni ijaarsaa mirga abbaa qabeenyummaa mana falmiin irratti ka'ee agarsiisuuf dhiyaate abbaa qabeenyummaa hin agarsiisu; akka shh kwt 1195'tti ragaa mirga abbaa qabeenyummaa qaama angoo qabu irraa kennameef hin dhiyeeffanne; bu'ura labsii lakk. 47/67'tiin namni abbaa qabeenyaa mana magaalaa ta'e abbaa qabeenyaa ta'uun isaa Minsteera lafa magaalaa bulchuun hanga hin mirkanoofnetti mirgi abbaa qabeenyummaa isaa hin ragga'u jedha waan ta'eef ragaa kana hin dhiyeessine kan jedhu ture.

Manni Murtichaas dhimmichi akka dhiyaatuf taasisee falmii isaanii Moojuuliian dhiyeessisee laalee jira. Kana malees, manni falmiin irratti ka'aa jiru kun hanga bara 1983'tti Dhaabbata Bulchiinsa Manneen Mootummaan kan bulaa turee fi himataan jalaa manicha bara 1983 kan qabate ta'uu afaaniin qulqulleeffannaa taasisee kan hubate ta'uu galmeen ni mul'isa.

Kana booda, Manni Murtichaa galmee qoratee manni falmii kaase bara dheeraaf mootummaa harka kan ture yoo ta'u dhaalchisaan himataa jalaa deebii kennaa ammaa manichi akka labsii 47/67'tti hayyamamuufiifi abbaa qabeenyaa ta'uu isaanii ykn immoo haala hin malleen karaa labsiin kun jedhuun ala na jalaa fudhatames kan jedhu yoo ta'e qaama ilaallatuuf gaaffii isaa dhiyeeffatee abbaa mirgaa ta'uu isaa wanti hubachiisame hin jiru.

Dhaalchisaan deebii kennaa ammaa manicha kan qabatan bara 1983 ta'uu ibsan illee haala akkamiin akka qabatan garuu wanti agarsiisan hin jiru. Kana yoo ta'e immoo manichi akka deebi'uuf gaafa himata dhiyeeffatan manicha irratti mirga isaan qaban hin mirkaneessine. Akkaataa sdfhh kwt 33/2'tiin immoo qabeenya himataaf sababa ta'e irraa faayidaa ykn mirga qabaachuu agarsiisuu yoo danda'e malee himata dhiyeeffachuu hin danda'u.

Waan ta'eef manneen murtii jalaa himataan jalaa kaartaa fi hayyama ijaarsaa maqaa abbaa isaan jiru qofa waan qabateef yeroo himata kana dhiyeeffatutti mirga inni manicha irratti qabu osoo adda hin baasin manicha akka harkaan gahamuu fi gatiin kiraa manaa akka kanfalamuuf murtaa'uun dogongora seeraa bu'uraati; himataan jalaa manicha irratti himata dhiyeessuuf mirga kan qabu ta'uu waan hin mirkaneessineef jechuun galmee cufee jira.

- Murtii kanaan wal qabtee ijjannoowwan manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin qabatamee, seera hojiirra oolee fi akkaata dhimmichi itti laallame adda baasuun xiinxalaa.

4. Dhimmi kun(dhimma 18ffaa) dhimma Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddachi Ijibaataa lakk.g.32640 irratti ilaalee murteesse irraa haala mariif ta'uun kan fooyya'ee fudhatame. Akka galmee kana keessaa hubatamutti Obbo Shawaragid Abaadir himata Mana Murtii Aanatti dhiyeeffateen Bulchiinsi Magaala Jimmaa lafa magaalaa haadha kootii kan lakk. Kaartaa 928 kennameef bal'inni isaa $m^2$1392 ta'e fi manni lakk. 158'n galmaa'e irra jiru ani dhaala haadha kootii ta'uu mirkaneeffadhe osoon jiruu nama biraatti na jalaa waan gurgurateef jeeqameen jira; jeequmsi narraa haa dhaabbatu kan jedhuu dha.

Himatamaan jalaa gama isaan kaartaan lakk.928'n galmaahe kan kenname bara 1954 ture. Mannii fi lafti amma falmiin irratti ka'e kun labsii 47/67'n qabeenya mootummaan dhaalamee fi amma kan mootummaati. Mootummatu bulcha.Kanaaf jeequmsi itti uummame hin jiru jedhuun falmee jira.

Manni Murtii Aanichaas himataan qabeenyi kun kan kooti dhaalan argadhee jira jechuuf ragaan hin mirkaneessine; qabeenya labsii lakk. 47/67'n dhaalamee dha waan ta'eef jeequmsi uummame hin jiru jechuun murteesse. Murtiin kun Mana Murtii Ol aanaanis cime.

Dhimmichi Mana Murtii Walii Gala Oromiyaaf oliyyataan dhiyaatee qabeenyichi labsii 47/67'n dhaalame haa jedhamu malee dhaalamuu isaa ragaan dhiyaate hin jiru; Manni Murtii jalaa ragaan himataan jalaa dhaalaa ta'uu agarsiisu osoo jiruu abbaa mirgaa ta'uu isaaf ragaan hin jiru jechuun sirrii miti; kanaaf qabeenya kaartaa fi pilaanii qabu liiziin gurguruun sirrii miti jechuun murteewwan Manneen Murtii jalaan laatame haqee jira. Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaatis murtiin Mana Murtii Olaanaan kenname dogongora seeraa hin qabu jechuun cimsee jira.

Dhimmichi darbee oliyyannoon Dhaddacha Ijibbaataa Federaalaaf dhiyaatee Manni Murtichaa murtii lakk, g.22297 irratti laateen qabeenyi kun labsii lakk. 47/67'n dhaalamuu fi dhiisuu isaa hubachiisuuf seerichi eenyu irra dirqama akka kaa'u osoo hin ilaalin murtii laatamee dha waan ta'eef murteen Mana Murtii Waliigala Oromiyaa fi Dhaddacha Ijibbataa Oromiyaan kenname dogongora seeraa qaba; kanaaf haqamee jira.Murtiin Mana Murtii Aanaan lakk. g. 532 irratti laatamee Manni Murtii Olaanaa lakk.g. 05349 ta'e irratti cimse cimee jira jedhee jira.

- Murteewwan Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin laatame seera rogummaa qabu bu'ura godhachuun madaalaa.
- Bulchiinsi lafa magaalaa lafa dhaalaa qabuu fi kaartaa fi pilaanii qabu liiziin dabarsuun sirrii dha? Maaliif?
- Bu'ura labsii 47/67'n dhimmicha ilaaluun hoo akkamitti ilaallama? Dirqama qabeenyi tokko akkaataa labsii 47/67'n dhaalamuu dhiisuu isaa hubachiisuu kan qabu eenyu ture? Maaliif?

5. Dhiimmi kun (dhimma 19ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMW Federaalaa lakk.g. 22469 irratti laalee murteessee dha. Galmee kana keessaa akka hubatamutti himata Waldaan Mana Amantaa Gabri'eelii Jijjigaa himata Addee Adaanachi mangistuu fa'a N7 irratti Mana Murtii Olaanaa godina Jijjigaatti dhiyeeffatteen manneen magaalaa magaala Jijjigaa ganda 06 keessaa Waldittiin qabdu ture labsii 47/67'n booda gandichi jalaa kan qabate ta'u illee manneen kunniin akka waldittiif deebi'anu waan murtaa'eef namoonni keessa jiran akka keessaa bahanii manicha harkaan gahan gaafatte.

Haa ta'u malee, himatamtoonni jalaa Waldittiin manni kun kan ishee ta'uu waraqaa ragaa /kaartaa/ agarsiisu hin qabdu waan ta'eef nu himachuu hin dandeessu jechuun falman. Manni Murtichaas iyyattuun abbaa qabeenyaa/abbaa mirgaa ta'uu ishee hin mirkaneessine jechuun himata dhiyaate kufaa taasisee jira.Manni Murtii Waliigala Naannoo Somaalee dhimmicha oliyyataan ilaales murtii mana murtii ol aanaan kenname cimsee jira.

Dhimmichi Dhaddacha Ijibbaataa MMW Federaalaaf dhiyaatee Manni Murtichaa abbaan qabeenyaa qabeenya dhaabbataa tokko abbaa qabeenyaa ta'uu isaa agrsiisuuf ragaa abbaa qabeenyummaa akka shh kwt 1195(1) dhiyeeffachuu qaba kan jedhame nama dhuunfaati malee qabeenya hin sochoone tajaajila uummataaf oolu kan akka qabeenya mana amantaa tajaajila uummataaf oolu abbaa qabeenyummaa isaa agarsiisuuf galmee abbaa qabeenyummaa keessatti ragaa galmaahe qabaachuun dirqama akka hin taane shh kwt'n 1578 ni ibsa.

Kana jechuun immoo mirga abbaa qabeenyummaa akka kanaa kana agarsiisuuf dirqama waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa fiduun dirqama miti ; karaa biraan agarsiisuun ni danda'ama jechuu dha. Dhimma ammaa irratti immoo qabeenyi kan waldittii ta'uu falmiin hin kaane; waraqaa raga qofaaf kan galmeen cufame waan ta'eef kun faallaa seerati jechuun murtee Manneen Murtii jalaa haquun murteessee jira.

- Dhimma kana irratti ijjannoo Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin qabatame seera rogummaa qabu faana madaaluun itti mari'adha.

6. Dhimmi kun (dhimma 20ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibbaataa lakk.g 112190(J 20 F 129) ta'e irratti murteesse irraa kayyoo Moojuulii kanaaf haala toluun kan fudhatamee dha.Galmee kana keessaa akka hubatamutti himataan mana gandaa kan mootummaa ta'uu osoo hin beekinan bite; kanaafuu mirga abbaa qabeenyummaa argachuun qaba; namni kireeffatee keessa jiru dirqamee keessaa naaf haa bahu jechuun mana murtii aanatti himate.

   Himatamtuun gama isheen ani mana kana mootummaan labsii 47/67 dhaalee naaf kireesse; waggaa 35 oliifan keessa jiraadhe; himatamuu hin qabu jechuun falmite. Manni qopheessaa magaalichaas akka falmii keessa seenu gaafatte.

   Bulchiinsi magaalaa mana murtiin afferramee falmii seenes himataan gibira bara 1988-2003 kaffaleera kan jedhu al tokko bara 2003 kaffaleeti. Gibira qofa gabbaruun mana mootummaa labsii 47/67'n dhaalame argachuu hin danda'u jechuun falmeera. Sana booda manni murtii aanaa himanni dhiyaateef xalayaawwan hooggansa adda addaan barra'ee fi nagaheen gibiraa dhiyeeffate manni qabeenya himataa ta'uu hamma barbaachisuu ol agarsiisa waan ta'eef himtamtuun himataaf gadi haa lakkiftu jedhe. Manni murtii ol'aanaa fi dhaddachi ijibbaataa naannichaas murtii mana murtii aanaa cimsanii jiru.

   Dhaddachi ijibaataa federaalaa mana mootummaa labsii lakk.47/67'n dhaalame qaama mirga gurguruu hin qabne irraa bituun abbaa qabeenyaa ta'uun hin danda'amu jechuun murteessera.

   - Murtiin manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin kennaman seera rogummaa qabu bu'ura godhachuun madaalaa.

7. Dhimmi kun (dhimma 21ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMW Federaalaa lakk.g.141606 ta'e irratti ilaale murteesse dha. Dhimma kana keessaa akka hubatamutti himataan jalaa obbo Abbabaa Abarraa himata Mana Murtii Aanaa Mulootti himatamaa jalaa Obbo Maammoo Tulluu irratti dhiyeeffateen himatamaa jalaa manaa fi lafa magaalaa walii galtee afaanii taasifneen qarshii 30,000 naaf kanfaluuf walii gallee narraa bitee ture. Haa ta'u malee, qarshicha

naaf hin kennine waan taheef yookaan qarshii koo akka naaf kennu yoo tahuu baate immoo manicha akka gadi naaf lakkisu akka naaf murtaahu jedhee iyyate. Himatamaan jalaa gama isaan ani lafa duuwwan qar 13,000'n irraa bite malee mana irraa hin binne jedheera.

Bu'ura kanaan Manni Murtichaa bittaa fi gurgurtaan manaa bu'uura akka shh kwt 1723'tti kan hin taasifamne ta'uu dhabuu irraayyuu himataan jalaa akka jedhame himatamaatti kan gurgurate mana osoo hin taane lafa duuwwaa dha. Kana waan ta'eef akka Heera RDFI kwt 40/3 fi s/h/h kwt 1808/2 walii galtichi fudhatama hin qabu. Himataa fi himatamaan jalaa iddoo gocha bittaa fi gurgurtaa osoo hin raawwatin turanitti haa deebi'an. Bu'uruma kanaan Himataan jalaa qarshii fudhate qar.13000 akka deebisu, himatamaan immoo qabiyyee biteen jira jedhu irraa qabeenya qabu hunda kaafatee himataa jalaaf akka gadi lakkisu murteessee jira. Manneen murtii oliyyataa hanga dhaddacha ijibbaataa naannootti jiran murtii mana murtii aanaa cimsanii jiru.

Dhimmumti kun Dhaddacha Ijibbaataa MMW Federaalaaf dhiyaatee dhaddachichi himataa fi himatamaa jidduutti walii galteen bittaa fi gurgurtaa taasifame lafa duuwwaa irratti taasifamuun isaa dhimma adda bahe dha. Himatamaan jalaatis deebii kennaniin himataa jalaa irraa kan bitan mana osoo hin taane lafa duwwaa akka ta'e ifaan falmaa ture. Walii galteen qabeenya dhaabbataa irratti himataa fi himatamaa jalaa gidduutti raawwatames afaaniin akka ta'e wal falmitoonni hin haalle. Bu'aan walii galtee bittaa fi gurgurtaa lafa duuwwaa irratti raawwatamee maal dhimma jedhu tumaalee seeraa Heera RDFI kwt 40/3, ssh kwt'n 1678/b fi 1716/1 ilaaluun barbaachisaa dha. Himatamaan mana kan ijaare lafa walii galtee seeran alaan argame irratti waan ta'eef fedhii himataan ijaare jedhame haalli itti tilmaamni seeraa illee fudhatamu hin jiru. Kanaaf murteen manneen murtii jalaa walii galteen taasifame kufaa dha ; wal falmitoonni iddoo jiranitti haa deebi'an jedhu dogongora seeraa hin qabu jedhee jira.

- Dhimma kana ilaalchisee murtiiwwan manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin kenname bu'ura seera rogummaa qabuun madaalaa.

2.2. Boqonnaa Lama: ~ Akkaataa Argannaa, Mirga Dabarsuu fi Adda Citiinsa Mirga Abbaa Qabiyyummaa Itti Fayyadama Lafa Magaalaa

2.2.1. Akkaataa Argannaa

2.2.1.1. Mirga Abbaa Qabiyyummaa Lafa Magaalaa Liiziin Argachuu

Akkaataa mirgi itti fayyadama lafa magaalaa liiziin itti argamu ilaaluun dura maalummaa liizii adda baasuun barbaachisaa dha. Kuusaan hiikoo jechoota afaanii hedduun jecha Liizii jedhu 'walii galtee namni tokko qabeenya ta'e tokko, mana, lafa, ykn kan biroo ta'uu danda'a, namni biroo yeroo murtaa'e tokkoof gatii itti fayyadamaa kanfalaa akka itti fayyadamuuf ittiin kennudha' jechuun hiiku.[93]Kuusaan hiikoo jechoota seeraa 'black's law' jecha liizii jedhu kana akka walii galtee namni abbaa qabeenya hin sochoone ta'e tokko qabeenya isaa kana namni biraa gatii itti fayyadama isaa kanfalaafii akka itti fayyadamuu fi qabuuf ittiin taasisu ta'etti hiika.[94]

Jechuma kana hayyuun seera lafaa beekkamaan Simon Gardner

> *The… right in rem for consedration is a lease.The general idea of a lease is well known: I own some land, but allow you to have it for some period, usually in return for rent.*

jechuun hiikeera.[95]

Hiikkoo hayyichaan liiziif kaa'ame irraa hubachuun akka danda'utti liizii jechuun mirga namni qabeenya lafaatti yeroo walii galteen murtaa'eef yeroo baay'ee gatii itti fayyadamaa kanfaluun argamu ta'uu isaati dha.[96]

Haayyuun seera lafaa kan biroo liizii "*A lease is an estate in the land; it signifies a form of 'ownership' of land for a stated and defined period of time.*"

jechuun hiikeera.[97]

---

93 Fakkeenyaf 'Concise Oxford Dictionary, 8th edition.' Ilaalaa.

94 Campbell, H. B. (1991), Black's Law Dictionary, 8th edition, St. Paul, Minn. West Publishing Co. USA. ISBN 0-314-88536-6, p.2833

95 Simon Gardner, An Introduction to Land Law, Hart Publishing Press (2007), p.195

96Yaada hayyichaa kan cuunfee kaa'e barreessaa Moojuulii kanaati.

Hiikoon haayyota kanneen lamaaniin kaawwame liizii mirga namni tokko sababa walii galtee abbaa qabeenya lafaa wajjin taasiseen lafa irratti horatu ta'uu isaa jala muruun agarsiisu. Bu'ura walii galticha kanaan itti fayyadamaan lafaa abbaa qabeenya lafaaf gatii itti fayyadamaa akka kanfaluu fi walii galtichi kun immoo yeroon daangahee akka taasifamu hiikowwan kanneen irraa ifatti hubatama.

Biyya keenyatti yeroo sirna H/Sillaseetii qabee hanga ammaa qabeenya socha'us ta'ee hin sochaane kireessuun itti fayyadamuun dhugaa haguuggii seeraa horatee ittiin hajjatamaa jiru ta'uu tumaalee seera hariiroo hawaasaa keenya laaluun gahaa dha.[98]Tumaan seera hariiroo hawaasaa kwt'n 2896 'kiraa qabeenya hin sochoonee jechuun walii galtee ittiin kireessaa jedhamee namni yaammamu nama biraa kireeffataa jedhamee yaammamuuf yeroo murtaa'ef kireefataan bifa maallaqaan ykn haala biraan gatii kiraa kanfalaafii qabeenya hin sochoone tokkotti akka fayyadamuuf kennuufii dha.'jedhuun kaa'a.

Hiikoowwan kanneen irraa kan hubatamu liizii jechuun kireessaa fi kireeffataan walii galtee taasisan ta'ee, kireessaan lafa isaa kireessuu isaan mirga kanfaltii argachuu kan qabu yoo ta'u, kireeffataan immoo mirga qabeenya kireeffate kana itti fayyadamuu kan argatu ta'a jechuu dha.

Labsiin lafa magaalaa sirna liiziin bulchuuf yeroo jalqabaaf bahe labsii lakk.80/1986 Liizii jechuun maal jechuu akka ta'e ifatti hiikoo hin keenyef ture. Labsiileen labsii kanaan booda lafa liziin bulchuuf bahan garuu jecha kanatti ifatti hiikoo kennaniiru.

Labsiin lakk. 272 jecha Liizii jedhu kana

> *"'Lease" means lease-hold system in which use right of urban land is transferred or held contractually;'* jechuun hiikeera.[99]

Hiikoo kana irraa akka hubachuun danda'amutti bu'ura labsii kanaan lizii jechuun sirna itti mirgi itti fayyadama lafa magaalaa walii galteen darbu ykn qabamu jechuu akka ta'e dha.

97*Martin Dixon, Principle of Land Law, Cavendish Publishing Press (2000), p.165*

98 *Seera Hariiroo Hawaasaa Itiyoophiyaa kwt 2896 fi kanneen itti aanan ilaala.*

[99]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahe lakk.272/1994, kwt.2/1*

Labsii labsii kana foyyessuuf bahe labsiin lakk.721/2004 immoo jecha kana

> *"lease" means a system of land tenure by which the right of use of urban land is acquired under a contract of a definite period;* jechuun hiikeera.[100]

Hiikoo labsii kanaan kaa'ame irraa liizii jechuun sirna bulchiinsa lafaa mirgi itti fayyadama lafa magaalaa waliigaltee daangaa yeroon daanga'een itti argamu jechuu akka ta'e dha.

Hiikoowwan labsiilee kanneen lamaaniin kaa'ame kunniin akkaataa jechoonni himicha keessatti itti saxaxaman irraa kan hafe adda addummaa bu'uraa hin qaban. Haa ta'u malee, hiikoon seerri hariiroo hawaasaa keenya liiziidhaaf kennu kan labsiilee kanneenii irraa addaadummaa hanga ta'e tokkoo ni qaba. Kunis akkuma asii olitti kaasuuf yaallame, bu'ura seera hariiroo hawaasaatiin hiikoo liiziif kaa'ame irraa akka hubatamutti kireeffataan qabeenya dhaabbataa kireeffateef gatii itti fayyadamaa akka kanfalu ni hubatama.[101]Labsiilee liiziin hiikoowwan kaawwaman keessatti garuu kanfaltiin kireeffataan kanfalamu akka qaama hiikoo jecha kanaatti hammatamee hin argamu.[102]

Gabaabumatti, bu'ura labsii liiziitiin liizii jechuun sirna bulchiinsa lafa magaalaa calbaasiin ykn ramaddiin gatiin itti kanfalmee ykn bilisaan daangaa yeroon murtaa'eetiin mirgi itti fayyadama lafa magaalaa itti argamu dha.

2.2.1.2. Akkaataawwan Liiziin Mirgi Abbaa Qabiyyummaa Lafa Magaalaa itti Argamu

Labsiin Liizii duraanii hallan lafti magaalaa liiziin itti kennamu

Art. 4:- Lease Hold

---

[100]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahe lakk. 721/2004, kwt.2/1*

101*Seera Hariiroo Hawaasaa Itiyoophiyaa (1949), kwt 2896*

102Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf Bahe labsii lakk.272 kwt 2/1fi Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721 kwt 2/1 ilaalaa.

1. An urban land shall be permitted to be held by lease
   a. in conformity with plan guidelines where such a plan exists, or, where it does not exist, inconformity with the law which Region or City government makes, as the case may be, and
   b. on auctionor through negotiation;or
   c. According to the decision of Region or City government.

jechuun kaa'a.[103]

Tumaa seerichaa irraa kan hubatamu hallan argannaa mirga liizii lafa magaalaa labsichaan fudhatama argatan hedduu akka ta'anii fi isaanis calbaasiin, walii galteen, ramaddii fi kanneen biroo akkuma barbaachisummaa fi haala isaatti naannoleen ykn bulchiinsota magaalaan murtaa'anii lafti itti kennamu jiraachuu isaaniti. Fakkenyuma fudhannee yoo laalle danbiin Mootummaa Nannoo Amaaraa lakk.6/1994 kwt'n 4/3 lafti magaalaa iddoo mana jireenyaaf carraan ykn kennaan kennamuu akka danda'u tuma. Kana waan ta'eef, akkaataan mirgi liizii lafa magaalaa irratti itti argamu murtee mootummoota naannoo ykn bulchiinsa magaalaadhimmi ilaallatuu irratti hundaa'uun kanneen labsichaan kaa'aman caalaa bal'achuu akka danda'uu dha.[104]

Iftoomina dhabuun hallan lafti magaalaa liiziin itti qabamu kanneen hafanii akkuma jirutti ta'ee, malli walii galteen itti lafti bulchiinsa magaalaarra argamu kun hojimaata kiraa sassaabdummaa fi akka feetee bal'aaf kan saaxilame ta'uun isaa saamicha lafa magaallan biyyattii keessattuu kan Godiina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee irratti raawwatame yaadachuun gahaa dha.

Labsii liizii haarawa amma fooyya'ee bahe irratti akkaatan itti namni lafa magaalaa liiziin bulchiinsa magaalan ykn nannoon walii galee argatu kun hafuun caalbaasii ykn ramaddiin qofa lafti magaalaa liiziin akka argamuu danda'u

[103] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahe labsii lakk.272/1994, kwt 4/1*

[104] *Dabalataan tumaan labsii lakk.272/1994 kwt 8/2 naannoon ykn bulchiinsi magaalaa hojii misoomaa jajjabeessuu fedhan ykn dhabbilee tajaajila hawaasummaa kennanif, ijaarsa mana dhuunfaaf, ijaarsa mana qusannoof fi hojii dhimmoota kana fakkaataniif lafa magaalaa liizii irraa haala bilisa ta'een kennuu akka danda'an tuma.*

labsameera.[105]Adeemsi ittiin calbaasiin lafti magaalaa liiziin itti darbu ilaalchisee tumaaleen labsii kanaa haala gahaa ta'een kaahaniiru. Bu'uruma kanaan lafti magaalaa tokko calbaasiif qophaahaadha kan jedhamu maal guutuu akka qabu, haala itti uummataaf ifa taasifamu, fi calbaasichi mataan isaa haala kamiin gaggeeffamuun akka irra jiraatu labsichi kaaheera. Haala kanaan, adeemsa lafti magaalaa tokko calbaasiidhan liiziin itti kennamu keessatti hojiilee hojjataman tokkoon tokkoon isaaniitti tumaa seeraa baasuun rakkoo kenniinsa lafa magaalaan wal qabatee jiru hambisuuf yaaleera.

Ramaddiin gosa mirgi liizii lafa magaalarraatti itti argamu isa lammataati.Kan ramaddiin akka lafa magaalaa argatan seerichi hayyameef itti fayyadamtoota lafa magaalaa seeraan adda bahanii kaawwamaniif qofa. Isaaniin ala, seerichi lafti magaalaa akka ramaddiin itti fayyadamtoota biroof kennamu halli itti hayyame hin jiru. Eenyummaan itti fayyadamtoota mirga liisii lafa magaalaa ramaddiin argachuuf mirga qabanii seerichaan duguuggamee kan kaa'ame ta'uu bira darbee sunumtiyyuu kan kennamu murtii kaabinee naannicha ykn bulchiinsa magaalaa dhimmi ilaallatuun yoo deeggarame qofaa dha.

Walumaagalatti labsiin liizii haaraan lafa magaalaa sirna liiziin ala qabachuunis ta'e akka qabatamu hayyamuun dhorkaa akka ta'e ifatti kaa'a.[106] Waan ta'eef nannoo ykn bulchiinsa magaalaa kamittiiyyuu taanan lafa magaalaa haala labsichaan tumameen ala hayyamuunis ta'ee qabachuun yakkaan kan nama gaafachiisu dha. Qabiyyee lafa magaalaa duraaniis[107] yoo ta'e bu'uura qorannoo qaama lafa magaalaa bulchuuf angoo qabuun gara fulduraatti sirna liizitti akka galu tumaan labsichaa kwt'n 6/1 ifatti kaa'a. Kana waan ta'eef qabiyyeen lafa magaalaa duraanii gara sirna liiziitti halli itti galu gara fulduraatti hojiirra kan oolu ta'ee, qabiyyeen kun dhaalan yoo ta'e malee karaa biroo kamiiniyyuu gara qaama sadaffaatti yoo darba ta'e ykn qabiyyeen duraanii kun lafa liiziin argame waliin akka walitti

[105]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk 721/2004 kwt. 5(1)*

[106]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahe labsii lakk 721/2004,kwt 5/1*

makamuuf gaafiin dhiyaatee yoo jiraate ykn lafti seeran ala qabame seera qabeessa akka ta'u yoo hayyamame jijjiirran maqaas ta'e galmeessi lafichaa kan taasifamu sirna liiziin ta'uu akka qabu labsiin kun kwt 6 jalatti labseera.

2.2.1.3. Hundeeffama Walii Galtee, Gatii fi Bara Turmaata Liizii

Liiziin walii galtee akka ta'e ragaa lakkaa'uun waan barbaachisuu miti. Waan ta'eef akkuma walii galtee biraa kamiittiyyuu ulaagaa walii galteen tokko seera biratti mirgaa fi dirqama uumuuf guutuu qabu guutee argamuu qaba. Akkasumas, liiziin walii galtee addaa waan ta'eef ulaagawwan seera qabeessummaa walii galtee tokkoof akka walii galaatti seeraan kaa'amaniin dabalata, ulaagawwan amala addaa walii galtee kanaa ilaalcha keessa galchuun addatti seera addaan guuttamu qaban jedhamee kaawwame guutee argamuu qaba.[108]

Kana waan ta'eef, namni liiziin akka lafa magaalaa qabatu hayyamameef tokko qaama mootummaa dhimmi ilaallatu waliin walii galtee mallateessuu qaba. Sana booda waraqaan ragaa mirga abbaa qabiyyumaa liizii ni kennamaaf. Labsiin liizii duraanii lakk.272/1994 kwt'n 5 fi 9 walitti qabamanii yommuu dubbifaman qabiyyeewwan walii galteen liizii fi waraqaan ragaa mirga abbaa qabiyyumaa liizii guutuu qaban dambii nannoleen ykn bulchiinsa magaalotaa dhimmi ilaallatuun bahuun akka murtaa'an kaa'u ture.

Haa ta'u malee, labsiin liizii haaraan kwt 16/2 jalatti walii galteen liizii yeroo ijaarsi eeggalu, yeroo ijaarsi xummuramu, haala raawwii kanfaltii gatii liizii, yeroo fayyadamaan kanfaltii liizii osoo hin eeggalin turuu danda'u, mirgaa fi dirqama walii galtee liizii kennaa fi walii galtee liizii fudhataa fi dhimmoota biroo rogummaa qaban kan hammate ta'uu akka qabu ni labsa. Akkasumas, labsii kana kwt'n 17/2 waraqaan ragaa mirga abbaa qabiyyumaa liizii maqaa guutuu walii galtee fudhataa, bal'inaa fi teessoo iddichaa, gosa taajaajila iddichaa, sadarkaa fi lakkoofsa addaa iddichaa, dimshaasha gatii liizii iddichaa fi hamma calqaba irratti kanfale, hamma kanfaltii liizii Waggaa waggaan kanfalamu fi kanfaltichi yeroo itti xummuramu; akkasumas, turmaata yeroo mirga abbaa qabiyyummaa haalan kan ibsu ta'uu akka qabu ifatti kaa'a.

[108] *Seera Hariiroo Hawaasaa Itiyoophiyaa (1961), kwt. 1676/2*

Hamma gatii liizii ilaalchisee lafti magaalaa sirna bulchiinsa liizii jala gale kamiyyuu ka'umsa gatii liizii qaba. Gatiin ka'uumsaa kun kan murtaa'u haala qabatamaa magaala lafti keessatti argamu bu'ura godhachuun yoo ta'u, kunis dambii naannoleeni fi bulchiisonni magaalotaa dhimmi ilaallatuun bahuun kan labsamu ta'uu ibsa.[109]Akkasumas gatiin kun haala yeroo waliin akka deemuf yoo xiqqaate waggaa Lama, lamaan akka fooyya'uu qabu labsicha irraa waan hubatamu dha.[110]

Dhimmi gatii liizii ilaalchisee asitti ka'uu qabu kan biroo, bu'aa kanfalamuu dhabuun gatii liizii fi jiraachuun kuufama kanfaltii liizii hordofsiisu dha. Akkuma armaan olitti ibsuuf yaallame gatiin liizii yoo danda'ame yeroo tokkoon, yoo hin taane immoo bu'ura itti walii galameen yeroo isaa eeggatee kanfalamuu qaba.[111] Yeroo gatiin kun itti kanfalamutti akkuma liqii baankii kan biro dhalli kan itti kanfalu yoo ta'u, yeroo itti walii galame kabajuudhaan kanfaluu dhabuunis adabbii namni liqii Baankii Daldalaa Ityoophiyaa irraa fudhatee osoo hin kaffalin hafe tokko adabamuu qabuun kan nama adabsiisuu ta'a.[112]

Abbaan qabiyyee lafa magaalaa mirga itti fayyadama lafaa liiziin argate tokko kanfaltii liizii yeroo seeran kaa'ame keessatti osoo hin kanfalin hafee kuufamni kanfaltii liizii kun waggaa sadii fi isaa olii yoo irra ta'e qaamni aangoo qabu qabeenya isaa qabee gurguruun kuufama kanfaltii gatii liizii isa irra jiru kana haguuguuf oolchuuf angoo qaba.[113]

- Tumaan labsii liizii lakk. 721/2004 kwt 20'n qaamni aangoo qabu qabeenya abbaa qabiyyee lafa magaalaa mirga itti fayyadama lafa magaalaa liiziin argatee kanfaltii liizii waggaa sadiif osoo hin kaffalin hafee gurguruun

[109]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk721/2004, kwt.14/1*

[110]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahe labsii lakk721/2004, kwt 14/3*

[111]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk721/2004, kwt. 20/1*

[112]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk721/2004, kwtt.20/4/ fi /5/*

[113]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk721/2004, kwt.20/6*

kuufama kanfaltii gatii liizii isa irra jiru kana haguuguuf oolchuuf angoo akka qabu tuma. Dirqama kana bahuu dhabuun abbaa qabiyyichaa dirqama qabeenyi isaa akka gurguramee kanfalamu taasisa moo qabeenyi akka gurguramu murteessuun fedha qaama kanaa irratti kan hundaa'ee dha? Namni kun kanfaluu kan dhabe sababa gahaaf yoo ta'e hoo? Angoon akka kanaa kun qaama kanaaf kennamuun isaa hojimaata badaaf karra hin banu? Rakkoo ykn cimina gama kanaan jiru fala isaa kaasuun itti mari'adha.

- Qabeenyi abbaa qabiyyee gurguramu kun kamii? Qabeenya isaa iddicha irra jiru qofa ilaallata moo qabeenya isaa gurguramee idaa kanfaluuf ooluu danda'u kamiiyyuu kan laallatuu dha?
- Qaamni aangoo qabu kun qabeenya kana kan gurguru adeemsa akkamii hordofuuni? Halli itti mirgi abbaa qabiyyichaa fi qaamolee sadaffaa qabeenyicha irraa faayidaa qaban itti eegamu jiraa?
- Erga qabeenyi abbaa qabiyyichaa gurguramee kuufamni kanfaltii gatii liizii isa irra jiru kanfalameen booda walii galteen liizii ittiin abbaan qabiyyichaa laficha qabate itti fufa moo adda cita? Maaliif?

Akkuma armaan olitti kaasuuf yaalame liiziin walii galtee yeroo walii galticha irratti murtaa'ee kaa'ameef taasifamu dha. Dhimma kana ilaalchisee labsiin liizii duraanis ta'e kan ammaa dhimmoota murtaa'an irraa kan hafe adda addummaa bu'uraa hin qaban. Bu'uuruma kanaan, akkuma sadarkaa guddina magaalichaatti fi akaakuu hojii misoomaa hojjatamuutti ykn akaakuu tajaajilichaatti adda addummaa kan qabaatu ta'ee, barri turmaata walii galtee liizii xiqqaan waggaa 15 yoo ta'u inni guddaan waggaa 99 dha.[114]

Bu'uuruma kanaan, tumaan labsii liizii lakk. 721/2004 kwt'n 18 magaala kamittiiyyuu taanaan barri turmaata walii galtee liizii lafa mana jireenyaa, saayinsii fi teekinolojii, qorannoo fi qoo'annoo, waajjira mana hojii mootummaa, tajaajila tola ooltummaa fi dhaabbata tola ooltummaa, tajaajila hawaasummaa kanneen akka (Barnootaa, Fayyaa, Ispoortii fi Aadaaf) waggaa 99 , tajaajila Industriif waggaa 80, tajaajila daldalaa fi kanneen biroof waggaa 70 , qonna magaalaaf kan oolu yoo ta'e garuu barri turmaataa kun waggaa 15 akka ta'e ifatti kaaha.

[114] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk721/2004, kwt.18*

Magaala Finfinnee ilaalchisee seerichi barri turmaata walii galtee liizii lafa tajaajila barnootaaf, fayyaaf, aadaa fi spoortiif oolu waggaa 90, hojii industriif waggaa 70, hojii daldalaa fi kanneen biroof waggaa 60 ta'uu isaa haala addaan kaa'eera. Lafa magaalaa tajaajila dipiloomaasii fi dhaabbilee Idil-addnyaaf kennamu ilaalchisee baaxiin bara turmaata walii galtee liizii taasifamuu walii galtee mootummaan qaama kan murtaahu ta'a. Dhimmicha walitti qabuuf, akka qajeeltootti sadarkaa guddina magaalaa fi gosa misoomaa lafichi barbaaddameef bu'ureeffachuun addaa addummaa kan qabu ta'ee baaxiin bara turmaata liizii waggaa 60 – 99 akka ta'u kan murtaa'e ta'u illee hojii misoomaa ykn tajaajila amala isaatiin bara liizii dheeraa barbaaduuf baaxiin bara turtii kun walakkaa bara turtii seeraan murtaa'e osoo hin caaliin dheeressuun ni danda'ama.[115] Karaa biroon lafa magaalaa yeroodhaaf hojii misoomaa irra hin oolle irratti gaaffii dhaabbilee misoomaa fi hawaasummaan dhiyaatu bu'uura godhachuun waggaa 5 yeroo hin caalleef liiziin keessumaa'uu akka danda'anii fi akkuma barbaachisummaa isaatti yeroo walfakkaatuuf haaromfamuufii akka danda'u labsiin kun kwt 18/2/a/ jalatti labseera.[116]

Haala kanaan, namni walii galtee liizii seene tokko bara turmaata liizichaa keessatti laficha deebisi; gatii kiraa isaa dabali osoo hin jedhamin bara walii galtee seene kana hundaaf lafichatti mirga fayyadamuu horata jechuu dha. Barri turmaata liizii itti walii galame immoo gaafa xummuramu ka'uumsa gatii liizii fi safartuuwwan biroo yeroo sanaa bu'ura godhachuudhan halli itti haaromuu danda'u jiraachuu isaa fi barri turmaata liizichaa sababni itti haaromuu hin dandeenye yoo jiraate garuu walii galtichi waan raawwatameef abbaa qabiyyichaaf beenyaan kanfalamu akka hin jiraanne seerichi ifatti kaa'a.[117]

---

[115]Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahe labsii lakk.721/2004kwt .8/2/a

[116] Bara turmaata liizii ilaalchisee addaa addummaan bu'uraa labsii liizii duraanii fi isa haaraa jidduu jiru, bu'ura labsii duraaniin kwt 6/1 jalatti akka tumamee jirutti hojiiwwan misoomaa ykn tajaajilaa biroo adda bahanii hin kaawwamne naannoleeni fi bulchiinsonni magaalaa qorannoo gahaan duuggaramuun dambii baasaniin baaxii bara turmaata liizii biroo murteessuu akka danda'an kan tumu ta'u illee bu'ura labsii liizii haaraa kanaatin angoon nannoleeni fi bulchiinsonni gama kaanaan qaban guutumaan guututti ka'eera.

[117]Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004 kwt .19/1

Bu'uuruma kanaan, namni mirgi abbaa qabiyyummaa liizii isaa akka haaromuuf barbaadu tokko iyyata naaf yaa haaromuu Moojuuliian qaama dhimmichi ilaaluf barri turtii liizichaa dhumuuf waggaa 10-2 ta'u yeroo hafu keessatti dhiyeeffachuu qaba. Qaamni iyyatichi dhiyaateef kunis yeroo waggaa tokkoo keessatti murtii isaa iyyataadhaf Moojuuliian ibsuu kan qabu yoo ta'u, murti isaa yeroo seeraan kaa'ame kana keessatti yoo beeksisuudha baate walii galticha haaromsuudhaf akka walii galetti seeraan fudhatamee ka'umsa gatii liizii fi bara turmaata liizii yeroo iyyatichatti murtiin kennamuu qabuutiin walii galtichi kan haaromu ta'a.[118]

2.2.1.4. Enyummaa, Mirgaa fi Dirqama Walii Galtootaa

Lafti magaalaa daangaa biyya keenyaa keessa jiru kam iyyuu qabeenya ummataa fi biyyaati.[119] Qabeenyi kun qabeenya waliinii saboota, sablammootaa fi uummatoota Itoophiyaati.[120] Kana waan ta'eef, bakka bu'aa uummataa fi biyyaa kan ta'e mootummaan lafa magaalaa faayidaa fi guddina waliinii uummatichaaf akka oolan gochuuf itti gaafatamummaa qaba.[121]Qajeeltuma bu'uraa kanaan kan walii galteen liizii itti fayyadamtoota lafa magaalaa fi qaama mootummaa ykn bulchiinsa magaalaa jidduutti taasifamu.

Bu'uruma kanaan walii galtee kana irratti itti fayyadamtootni lafa magaalaa[122]fi qaama mootummaa ykn bulchiinsa magaalaa[123] mirgaa fi dirqama mataa mataa isaanii walii galticha irraa maddu ni qabaatu. [124]

A. Mirgaa fi Dirqama Liizii Kennaa (Naannolee ykn Bulchiinsa Magaalotaa)

Naannoleeni ykn bulchiinsi magaalotaa uummataa fi biyya bakka bu'uun akka qaama mootummatti lafa magaalaa bu'ura seeraan liiziidhaan itti fayyadamtootaf ni

---

[118]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004 kwt .19/2//3/*

[119]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004 kwt .h/m 40/3*

[120] *Heera Mootummaa RDFI, kwt. 40/3*

[121]*Heera Mootummaa RDFI, kwt. 89/5*

[122] *Walii galtee fudhataa*

[123] *Walii galtee kennaa*

[124]*Labsii iizii lakk. 721/2004 kwt*

kennu. Gaafa kana godhan garuu mirgii fi dirqamni isaan akka qaama walii galtee kennaa tokkootti qaban seeran adda bahee kaawwameera.

a. Mirga Liizii Kennaa

- Mirga bu'uura labsii liizii fi dambiin gatii kiraa liizii itti fayyadamtoota lafaa irraa funaanuu[125]
- Mirga yeroof kanfaltii liizii kanfaluu eegaluu irraa turuu fayyadamtoota lafa magaalaaf kennuu ykn dhoowwachuu[126]
- Mirga faayidaa uummataatif qabiyyee liizii barbaaddame beenyaa kanfaluun gad lakkisiisuu, barbaachisaa ta'ee yoo argames humna poolisii deeggarsa gaafachuun qaama gad dhiisuu dide dirqisiisuun gad lakkisiisuu[127]
- Mirga lafa magaalaa seeran ala qabame gadi lakkisiisuu[128]
- Lafa liizii irratti mormiin gaafa ka'u akka himataattis ta'ee himatamaatti mirga dhiyaachuu[129]

b. Dirqama Liizii Kennaa

- Lafti magaalaa calbaasii liiziif qophaahe uummataaf osoo hin ibsamin dura falmii kan kooti jedhu irraa bilisa, bu'ura pilaanii magaalatiin kan qophaahe, bu'uraaleen misoomaa kan guuttamaniif, adda qoqqooddamee mallattoo fi daangaa kan qabu fi haaldureewwan barbaachisoo kanneen biroo kan guuttamaniif ta'uu isaa mirkaneeffachuu[130]

---

[125] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt. 20*

[126] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004,kwt . 15*

[127] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004,kwt . 25-27*

[128] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004,kwt . 26/4*

[129] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004,kwt . 29-30*

[130] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004,kwt . 8/1*

- Fedha lafa magaalaa jiruu fi hojiiwwan misoomaa xiyyeffannoon itti kenname giddu galeessa godhachuun hamma lafa magaalaa waggaa waggaan calbaasiif dhiyaatu adda baasuun karoorichi uummataaf ifa akka ta'uu fi dhaqqabu taasisuu, fi dhiyeessi lafa magaalaa yeroo isaa eeggate akka jiraatu taasisuu[131]
- Adeemsa calbaasii liizii lafa magaalaa bu'uura seeran gaggeessuu fi moo'attoota adda baasuu [132]
- Nama walii galtee liizii mallatteesseef waraqaa ragaa mirga abbaa qabiyyummaa liizii qopheessuun kennuu fi laficha qaaman iddootti argamuun fayyadamaa harkaan gahuu[133]
- Lafti bu'ura liiziin qabame bu'ura walii galtichaan kan misoome ta'uu, fi kanfaltiin liizii waggaa, waggaan kanfalamu yeroo isaa eeggatee rawwatamaa jiraachuu isaa hordoffii taasisuu fi mirkaneessuuf itti gaafatamummaa qabu[134]
- Gaafiin walii galteen liizii naaf haa haroomuu gaafa dhiyaatu yeroo labsichaan kaa'ame keessatti dirqama haaromsuu[135]
- Faayidaa uummataaf jedhamee lafa abbaa qabiyyee irraa gaafa fudhatu dirqama beenyaa madaalawaa ta'e kanfaluu[136]

B. Mirgaa fi Dirqama Waliigaltee Liizii Fudhataa

Walii galtee liizii fudhataan qaama akka nama dhuunfattis ta'e dhaabbataati lafa magaalaa calbaasinis ta'e ramaddiin argatu ta'ee mirgoottanii fi dirqamoota itti aanan kanneen qaba.

---

[131] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt .10/1/a/*

[132] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004,kwt . 11*

[133] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt .16/4*

[134] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt .16/5*

[135] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt .19/3*

[136] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt'n 25/4 fi 26/1*

a. Mirga Liizii Fudhataa

- Mirga calbaasii keessatti hirmaachuu fi yoo moo'ate kanfaltii isa irraa eeggamu kanfaluun laficha fudhachuu[137]
- Mirga qaamni dhimmi ilaallatu gaafa hayyamuuf gosa hojii misoomaa ykn tajaajilaa hayyamameef jijjiiruu[138]
- Mirga mirga abbaa qabiyyummaa liizii isaa qaama sadaffaatti dabarsuu, wabiin qabsiisuu ykn akka buusii kapitaalatti itti fayyadamuu[139]
- Gaafa qabiyyee isaa faayidaa uummataaf gad lakkisu mirga beenyaa dursaan argachuu[140]
- Lafa liiziin wal qabatee falmiin yoo ka'e mirga falmachuu[141]
- Mirga barri turmaata liizii gaafa dhumu gaaffii naaf haa haaromuu dhiyeeffachuu

b. Dirqama Walii Galtee Fudhataa

- Dirqama yeroo walii galtee liizii irratti kaa'ame keessatti laficha hojii misoomaa jedhameef ykn tajaajila hayyamameef irra oolchuu[142]
- Dirqama yeroo waliigaltee liizii keessatti kaa'ame keessatti ijaarsa eeggaluu fi xummuruu[143]
- Dirqama lafa liiziin qabateef gatii jalqaba kanfalamu, gatii haftee waggaa, waggaankanfalamuu fi dhala isaa yeroo isaa eegee kanfaluu[144]
- Yeroo lafti magaalaa isa harka jiru tajaajila irra hin oolle, bara turmaata liizii xummuree hin haaromsine fi sababa lafichi faayidaa uummataaf

---

[137]Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt .16/3//4/

[138]Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt .21/3

[139]Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt .24

[140]Heera Mootummaa kwtt. 40/8 fi lab.26/1

[141]Heera Mootummaa kwtt 37 fi lab. 29-30

[142]Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004 , kwt 21/1

[143]Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt t22/1/ fi 23/1

[144]Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 20

barbaadameef walii galteen liizii adda cite, dirqama yeroo seeran kaahame keessatti qabeenya laficha irratti horate kaasuun laficha qaama dhimmichi ilaallatuuf deebisuu[145]

- Akkuma lammii kamiittiyyuu sochii labsii liizii raawwachiisuf godhamu kamiyyuu keessatti gumaacha isa irraa eeggamu taasisuu[146]

2.2.1.5. Walii Galtee Liizii Fooyyessuu

Akka qajeeltootti, abbaan mirgaa mirga itti fayyadama qabiyyee lafa magaalaa liiziin argate tokko lafa haala kanaan argatu kana faayidaa maaliif akka oolchuu qabuu, gatii hammamiin akka itti fayyadamuu fi yoom tajaajila ykn hojii misoomaa jedhameef oolchuu akka qabu dursa gaafa walii galteen liizii raawwatamu walii galticha keessatti dhimmoota mootummaan nama itti fayyadamaa lafa magaalaa ta'e kana waliin itti walii galu keessaa isaan duraati. Kana waan ta'eef, namni kun lafa kana fayidaa jedhameef kana irra yeroo jedhame kana keessatti oolchuu qaba. Haala walii galtee liizii kessatti jalqaba itti walii galme kanaan ala itti fayyadamuu hin danda'u.

Kana waan ta'eef, abbaan mirgaa kun tajaajila kana jijjiiruu yoo barbaade walii galtichi kun fooyya'uu qaba. Walii galteen liizii immo kan fooyya'uu danda'u, abbaan mirgaa mirga itti fayyadama qabiyyee lafa magaalaa liiziin argate akkataa pilaanii magaalaatiin lafa liiziin kennameef irratti damee hojii wal-fakkatuuf gaaffii jijjiirraa tajaajilaa qaama dhimmi ilaallatutti dhiyeeffatee, tajaajila gara fuulduraa naannoo sana jiruu wajjiin kan wal hin faallessine ta'ee, jijjiirraan tajajilaa yoo hayyamameefi dha.[147]

Bu'uura gaaffii abbaa qabiyyichaan tajaajilli haaran kun tajaajila gara fuulduraa naannoo sana jiru wajjiin kan wal hin faallessine ta'ee, qaama dhimmi ilaallatuun jijjiirraan tajajilaa kun yoo hayyamameef kun walii galtee liizii duraanii ni fooyyessa moo dhimma jedhu irratti labsiin liizii duraanii lakk. 272/1994 deebii ifa ta'e qaba ture.Akka labsii kanaatti gaafa gosti tajaajilaa lafichi ooluuf jijjiirramu, barri

[145] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt 25/1 / fi/5/*

[146] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 34*

[147] *Kanuma kwt 21*

turmaata walii galtee liizii, hammi kanfaltii liizii, fi dhimmoonni biroo rogummaa qaban hundi faana jijjiirramu.[148]Labsiin liizii haaraan lakk. 721/2004 garuu, jijjiirraan tajajilaa akka hayyamamuufii danda'u qofa ibsuun dhimmoota akka bara turmaata walii galtee liizii, hamma kanfaltii liizii, fi kanneen biroo rogummaa qaban ilaalchisee walii galteen liizii haaran raawwatamu akka haala isaatti fooyya'eeti murtaa'aaf moo isuma walii galtee duraa keessatti itti walii galamee ture hammata dhimma jedhu callisuun bira darbeera.[149]Maal akka ta'uu qabus kallattii homaatuu hin keenye.[150]

Dambiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lafa Magaalaa Liiziin Bulchuuf Bahe Lakk. 155/2005 kwt'n 42, gama biraan, akka qajeeltootti jijjiirraan tajaajilaa kun yemmuu heyyamamu bu'uura waliigaltee duraan akka waliigalteen liizii mallatteeffamu kaa'a. Haa ta'u malee, waliigalteen jijjiirraa tajaajilaa duraan mallattaa'e, baaxii bara liizii jijjiirameef kan caalu yoo ta'ee fi jijjiiramni gatii yoo jiraate akkaataa baaxii bara tajaajilichaaf kennamee fi gatii liizii haaraatiin waliigalteen haaraan kan raawwatamu akka ta'e ibsa.[151]

- Dambiin Naannolee ykn bulchiinsa magaalaan labsii liizii hojii irra oolchuuf bahu dhimma labsiin hin haguuggamnef haala kanaan deebii kennuun isaa sirrii dha jettu?
- Qaamni dhimmi ilaallatu tajaajilli haaran abbaa qabiyyee lafa magaalaan gaafatamu tajaajila gara fuulduraa naannoo sana jiru wajjiin kan wal hin faallessine ta'ee yoo argame tajaajila duraanii kana gara isa haaraa gaafatametti jijjiirufii akka danda'u kaa'a.Kana jechuun yoo fedhe ni jijjiira yoo kaan ni dida jechuu dha? Kun rakkoo biroo hin fidu?
- Jijjiirran tajaajilaa kun yoom gaafatamuu danda'a? Yeroon kun labsii, dambii fi qajeelfama liizii lafa magaalaa keessatti adda bahee kaawwamuu dhabuun isaa rakkoo qaba laata? Adda baasun fala isaa waliin kaa'a.

[148]*Kanuma kwtt 27/94, kwt. 12/3*

[149]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 21*

[150]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 21*

[151]*DambiiDambii Lafa Magaalaa Naannoo Oromiyaa Liiziin Bulchuuf bahe Lakk.155/2005, kwt. 42/3*

2.2.2. Mirga Dabarsuu

Liiziin walii galtee abbaa qabeenyaa lafa magaalaa kan ta'e mootummaa fi itti fayyadamaa lafa magaalaa jidduutti taasifamuu dha. Kana jechuun, abbaan qabiyyee lafa magaalaa mirga mirga abbaa qabiyyummaa lafa magaalaakan argatu kiraadhaan jechuu dha. Mirga kiraan argate kana qaama sadaffaa biroof dabarsuu ni qabaata. Mirga isaa kana dabarsuun dabalata mirga isaa kana wabiin qabsiisuu fi akka buusii kapitaalatti itti fayyadamuu danda'a.

Seerri liizii amma hojiirra jirus ta'ee kan duraanii mirga liizii qaama sadaffaaf dabarsuu hin dhorku. Haa ta'u malee, yeroo darbe keessa magaala Finfinnee dabalatee magaalonni hedduun abbootiin qabiyyee lafa magaalaa lafa duuwwaa ykn bu'urri baheef akka nama sadaffaaf hin dabarsine qajeelfama keessaa baasuun dhorku ture. Magaalonni qajeelfamoota mirga kanatti daangaa horan kanneen sababni akka bahan taasifameef kiraa sasaabdummaa magaallan biyyattii keessatti babal'achaa dhufe hir'suuf akka ta'e ragaaleen gama kanaan jiran ni agarsiisu. [152]

Bu'uura sirna seeraa biyya keenyaa amma lafa magaalaa bulchuun, mirga liizii itti fayyadama lafa magaalaa karaa kamiiniyyuu taanan dabarsuun, idaadhan qabsiisuun fi waldaa daldalaatiif akka buusii dilbootti kennuun akka danda'amu ni hubatama.[153]Kana waan ta'eef, seerichi mirga liizii daangaa tokko malee nama sadaffaaf dabarsuu akka qajeeltotti hayyameera jechuun ni danda'ama. Kana jechuun, seerichi mirga abbaan qabiyyee lafa magaalaa liiziin argate tokko mirga isaa kana nama sadaffaaf dabarsuuf qabu daangaa tokko malee kenneef jechuu miti. Seerichi mirga kana irratti kayyoo kiraa sassaabdummaa nannoo kanatti hojjatamu hir'isuuf qabuun daanggesseera.[154]

Labsii liisii lakk.721 kwt 24 irraa hubachuun akka danda'amutti rakkoo kana hambisuuf maloota gurguddoo afur adda baasuun kaaheera.Inni duraa fi bu'uuraa lafti duuwwan (mirgi liizii qofti) ykn ijaarsa walakkaadha gadi hojjachuun qaama

---

[152]ዳንኤል ወልደገ ብርኤል፣ አነ ጋጋሪ ወየ አዲሱየ ሊዝአ ዋጅይዘ ትናአ ንደምታወat www.ethiopianreporter.com 2011gaafa 25/11/2005 kan laallame, fuula 5

[153]Kanuma fuula 68

[154]Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 24

sadaffaadhaaf dabarsuun bu'aa homaayyuu akka hin argamsiifne taasifamuu isaati. Bu'ura qajeeltoo seeraa kanaan abbaan qabiyyee mirga liizii tokko ijaarsa osoo hin eeggalin ykn walakkaa irraan osoo hin gahin dura dhaalaan yoo ta'e malee qaama sadaffaaf dabarsuu kan danda'u sirna qaama dhimmi ilaallatuun to'annoon irratti taasifamu keessa darbuun qofa dha.[155]

Inni lammataa iddoon ijaarsi irratti hin ijaarramne ykn ijaarsi walakkaan irratti ijaarrame gaafa qaama sadaffaaf darbu abbaan mirgichaa kan argatu gatii liizii kanfalee fi maallaqa kaffale kana osoo baankii kaayee jiraatee dhala argatu; gatii ijaarsa irratti raawwatamee fi mirgichi isaa qaama sadaffaatti darbuu isaaf kanfaltii liizii argame keessaa % 5 qofaa dha.[156]

Kana jechuun fakkeenyaf namni lafa duuwwaa karee meetiriitti qarshii 3000 kanfaluuf karee meetirii 200 calbaasiin moo'ate tokko gatiin kanfaltii liizii duraa % 10, qarshii 60,000 kanfala. Namni kun lafa kana irratti qarshii 40,000'n bu'uura erga baaseen booda ijaaree xummuruu waan hin dandeenyef lafa bu'ura baaseef kana karee meetiriitti qarshii 4000 kanfalchiisee osoo gurguree, karee meetirii 1 irratti bu'aa qarshii 1,000 waan argatuuf walii galatti laficha irratti bu'aan qarshii 200,000 itti argameera jechuu dha.

Namni kun kan argatu eegaa gatii liizii lafaaf dursa kanfale qarshii 60,000, dhala qarshii 60,000 %5 qarshii 3,000, lafichaaf bu'ura baasuuf gatii kanfale qarshii 40,000 fi mirgi liizii isaa darbuu isaatiin mallaqa argame qarshii 200,000 irraa %5 qarshii 10,000 walumaa galatti qarshii 113,000 waan ta'eef bu'aan inni argatu qarshii 13,000 qofa ta'a jechuu dha.

Tarkaanfiin sadaffaan seerichaan fudhatame, abbaan qabiyyee lafa magaalaa mirga itti fayyadama lafa magaalaa liiziin argate tokko mirga isaa kana qabsiisee mallaqa liqeenfachuuf mirgi inni qabu (lafa duuwwaan) kan tilmaammamuuf kanfaltii dursaa liiziif kanfalame bu'ura godhachuudhan.[157] Kana jechuun, dhimma olitti

---

[155]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 24/2*

[156]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 24/3*

[157]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 24/4*

kaasne kana bu'ura godhannee dubbicha yoo xiinxalle abbaan mirgichaa gatii liiziif kan kanfale qarshii 60,000 yoo ta'u baankileen lafichaaf/mirga liizichaaf qofa 60,000 ol liqeessuu hin danda'an. Ijaarsi dabalataa irra yoo jiraate garuu tilmaama kana ille kan dabalatu ta'a. Bahiitii labsii kanaan dura baankileen gaafa liqeessan laficha qofa kaaree meetiraan hirregani akka qabaa turan dhimma beekamu dha. Amma garuu kan qabamuuf kanfaltii kanfale qofa dha.

Afraffaan namoonni haala yeroo ilaaluun lafa mootummaa irraa fudhatanii qofa ykn bu'uura baasuun kan deddeebisanii dabarsan yoo ta'e, qaamni dhimmi ilaallatu akka inni calbaasii liizii kam iyyuu irratti hin hirmaanne dhorkuu danda'a.[158]

2.2.3. Adda Citiinsa Mirga Liizii

Akka qajeeltotti liiziin walii galtee kireessaa fi kireeffataa lafaa jidduutti yeroon murtaa'ee taasifamu waan ta'eef, yeroon jalqaba irratti gaafa walii galtichi raawwatamu kaa'ame kun osoo hin gahin dura kireeffataan (abbaan mirga qabiyyee liizii) mirga isaa liiziin argate kana hin mulqamu. [159]

Haa ta'u malee, walii galteen kun yeroodhaan murtaa'ee kan taasifamu ta'u illee yeroon kun osoo hin gahin dura abbaan mirga qabiyyee liizii mirga isaa kana haalonni addaa itti mulqamuu danda'u ni jiru. Sababoonni itti walii galteen liizii xummura bara turmaata liizii dura itti adda cituu danda'u kunniin labsii liizii lakk. 721 kwt 25/1 jalatti tarreeffamee argama. Isaanis, abbaan qabiyyichaa laficha faayidaa irra osoo hin oolchin yoo hafe, lafichi faayidaa uummataaf jedhamee tajaajila biroof akka oolu yoo murtaa'e, ykn barri turmaata liizii dhumee osoo hin haaromin yoo hafe kanneen jedhani dha.

---

[158] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 24/7*

[159] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 26/3*

2.2.3.1. Laficha Kayyoo Jedhameef Oolchuu Dhiisuu ykn/fi Yeroo Jedhame Keessatti Ijaarsa Eeggaluu fi Xummuruu Dhabuu

Abbaan qabiyye mirga liizii yeroo fi haala walii galtee liizii seenname keessatti kaa'ameen laficha tajaajila hayyamameef itti fayyadamuu qaba.[160] Abbaan qabiyyee mirga liizii kun haala itti fayyadama lafichaa kan jijjiiruu danda'u qaama dhimmi ilaalatutti iyyatee yoo hayyamameef akka ta'e tumaaleen seerichaa ni ibsu.[161]

Kana waan ta'eef abbaan qabiyyichaa lafa kana yeroo walii galtichaan murtaa'e keessatti tajaajila jedhameef yoo hin oolchinee fi kanaaf rakkoon humna isaatii ol ta'e jiraachuu isaa yoo hin mirkanoofne, akkasumas yeroon dabalataa yoo kennamuufii baate walii galtichi adda citee baasii fi adabbiin[162] isa irraa eeggamu erga irraa hir'ifameen booda kanfaltiin liizii abbaan qabiyyichaa kanfale akka deebi'uuf tumaan labsii liizii lakk.721 kwt 25/1//a/, /2/,/ fi /3/ irraa waan hubatamu dha.

Tumaa seeraa kana irraa akka hubatamutti namni dhuunfaan %7 adabamee qabiyyee lafa magaalaa isa harka jiru deebisa. Haa ta'u malee, namni kireeffataa mana gandaa ta'e tokko sababa misooma magaalaan sababa kaafameef lafti magaalaa ijaarsa mana jireenyaaf ka'umsa gatii liiziin kennameefi yeroo walii galticha keessatti kaa'ame keessatti ijaarsa osoo hin eegalle mallaqa dandeetti isaa agarsiisuuf akaawontii baankii hin sochoone keessa akka kaa'u taasifame irraa %3 citeet kan hafe deebi'aaf.[163] Gama biraan lafa magaalaa wajjiraalee mootummaaf tajaajila waajjira hojii ijaaruuf akka oolu, dhaabbilee tola ooltotaaf, manneen jireenyaa waliiniitiif, dhabbilee amantaaf, imbaasiiwwanii fi dhaabbilee idila addunyaaf ramaddiidhan ka'umsi gatii liizii itti kanfalamee kenname qaamni ykn

---

[160] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 21/1/*

[161] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004keewwatoota keewwata 21'tti aananii jiran.*

[162] *የ ሊዝባለይዘ ታወቦ ታወን ከተረ ከበበት ጊዚ ይሮየለ ወን የ ሊዝከ ፍየ ና የ ለቅላላ ወል የ ሊዝዋጋ 7%*

መቀጮ መን ግስ ትተቀንሶ ገ ቢተደርጎ ቀሪ ገ ንዘቡይመለስለታል::

[163] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 22/4*

dhaabbatni laficha fudhate iddoo fudhate kana irratti yeroo murtaa'e keessatti ijaarsa yoo hin egale ta'e adabbii tokko malee laficha qofa akka deebisan taasifama.[164]

Haaluma walfakkaatuun, seerichi yeroon ijaarsi lafa liiziin fudhatame irratti taasifamu itti xummuramuu qabu daangessee kaa'uun sababa adda citiinsa walii galtee liizii taasisee kaa'eera. Kana waan ta'eef, abbaan qabiyyee mirga liizii tokko yeroo seeraan murtaa'e keessatti ijaarsa laficharratti taasifamuuf jedhame yoo xumuruu baate qaamni dhimmi isaa ilaallatu walii galticha adda kutuun laficha deebisee fudhachuu danda'a.[165]Abbaan mirgaa kun qabeenyi inni lafa kana irra dhaabe ykn ijaare yoo jiraate seerichi baasii isaan akka kaafachuu qabu tuma. [166] Yeroo jedhame keessatti yoo kaafachuu dadhabe garuu akkuma haala isaatti bulchiinsi magaalichaa laficha ijaarsuma irra jiru waliin nama biraatti calbaasiin dabarsuu ykn qabeenya laficha irra jiru kaasuun baasii isaa abbaa qabiyyichaa namni ture akka kanfalu dirqisiisuu danda'a.[167]

Abbaan qabiyyee lafa magaalaa mirga itti fayyadama lafa magaalaa liiziin argate tokko ijaarsa kan eegalee hin xummurre jiraachuu sababa humnaa oliif kan jedhamu yoo maal ta'ee dhaa? Maaltu akka sababa humnaa oliitti fudhatama? Jiraachuu fi dhiisuu sababa humnaa olii qaamni murteessuf angoo qabu kam? Sirna maaliin akka murteessu fi komiin kanaan walqabatee ka'u haala kamiin akka laallamuu danda'u irratti yeroo leenjin kennamu mar'atamuun ejjannoon tokko kan itti qbatamu ta'a.

[164]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 22/5*

[165]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 23/5*

[166]*Kanuma*

[167]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 23/7*

1.2.3.2. Laficha Faayidaa Uummataaf Jecha Hojii ykn Tajaajila Biroof akka Ooluu yoo Murtaa'e

Namni mirga abbaa qabiyyummaa lafa magaalaa qabu tokko lafti isaa faayidaa uummataatif yoo barbaadame akka labsii lakk.455/1997'tti mirga isaa kana dhabuu danda'a. Faayidaa uummataa jechuun gama biraan uummatni kallattiin yookiin al-kallattiin mirga itti fayyadamummaa lafa irraa qabu mirkaneessuu fi misooma hawaas-diinagdee itti fufiinsa qabu akka argatu taasisuuf qaamni dhimmi ilaalatu pilaanii magaalaa bu'uura godhachuudhaan haala itti fayyadama lafaa murteessu jechuu dha.[168]

Mirgi abbaa qabiyyummaa lafa magaalaa liiziin argame faayidaa uummataaf jedhamee gaafa mootumman dhaalamu abbaan mirgichaa beenyaa gahaa ta'e argachuuf mirga qaba.[169] Beenyaan isaaf kanfalamu kun bifa maallaqaan ykn gosaan ykn immoo lamaaniniyyuu ta'uu danda'a.[170]

Waan ta'eef faayidaa uummataaf jecha lafti liiziin qabamee ture yoo fudhatamu abbaa qabiyyeef beenyaan itti aanu kun kan kanfalamuuf ta'a. Kunis:-

a. Qabeenya lafa irra jiruu fi jijjiirrama dhaabbataa laficha irratti taasifameef beenyaan ni kanfalamaaf.[171]Qabeenya laficha irratti argamuuf beenyaan kanfalamu qabeenyicha sana yeroo sanatti bakka buusuuf gatii madaalu dandeessisu ta'a.[172] Jijjiirrama dhaabbataa laficha irratti taasifameef beenyan kanfalamu gatii humnaa fi mallaqa (Capital and labour) laficha irratti dhangala'een kan wal madaalu ta'a.[173]

---

[168]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt 2/7*

[169]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004 kewtt 25/4 fi 26/1.*

[170]*Labsii Mootummaa Feederaalaa haala Haala Beenyaan Qabeenya Mootumman Dhaalamee itti tilmaamamu murteessuuf bahelabsii lakk.455/1997, kwt 2/1*

[171]*Labsii Mootummaa Feederaalaa haala Haala Beenyaan Qabeenya Mootumman Dhaalamee itti tilmaamamu murteessuuf bahelabsii lakk455/97, kwt 7/1*

[172]*Labsii Mootummaa Feederaalaa haala Haala Beenyaan Qabeenya Mootumman Dhaalamee itti tilmaamamu murteessuuf bahelabsii lakk455/97, kwt 7/2*

[173]*Labsii Mootummaa Feederaalaa haala Haala Beenyaan Qabeenya Mootumman Dhaalamee itti tilmaamamu murteessuuf bahelabsii lakk. 455/97, kwt 7/4*

b. Qabeenyi laficha irraa ka'u iddoo turee ka'ee ykn buqqa'ee gara iddoo birootti naanna'ee dhaabbamuu fi faayidaa kennuu kan danda'u yoo ta'e qabeenyicha kaasuuf, geejjibuuf, fi dhaabuuf beenyaan dandeessisu ni kanfalama.[174]
c. Beenyaawwan a fi b olii jalatti ka'an kanneeniin dabalata abbaan mirgaa kun beenyaa deebisee of dhaabuuf isa barbaachisu argachuuf mirga ni qaba.[175]
d. Akkasumas, abbaan qabiyyichaa bara turmaata liizii hafeef iddoon itti fayyadamu gahaan bakka ni buufamaaf. Kiraan lafaa bakka bu'uuf kun kiraa lafa faayidaa uummataaf jedhamee fudhatame sanaa gadi yoo ta'e, lafa bakka bu'eef kana yeroo dheeraaf akka itti fayyadamu taasisuun akka wal madaalu gochuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, abbaan qabiyyichaa lafa bakka buufameef kana fudhachuu yoo dide gatiin kiraa bara turmaata liizii hafee hirreeggamee kan deebi'uuf ta'a.[176]

Gaaffilee Marii

a. Faayidaa Uummataa jechuun maal jechuu dha? Jiraachuu fi dhiisuu faayidaa uummataa eenyutu murteessuuf angoo qaba? Angoon kun qaama kanaa kennamuun isaa sirrii dha? Maalif? Tumaalee Heera Mootummaa fi Imammata lafaa biyyattiin qabdu waliin akkamitti laallama?

b. Sirna rakkoowwan raawwii hojii lafa magaalaa fayidaa uummataaf mootummaan dhaalamuu waliin wal qabatee ka'u ittiin hiikkatu adda baasuun mar'adha.

c. Qajeeltowwan bu'uraa heerri mootummaa aaangoo abbaa seerummaa, mirga lammiileen dhimma ofii mana murtiitti dhiyeeffachuun ilaalchifachuu qaban fi caaseffama mana murtii irratti kaahee argamu waliin akkamitti madaaltu?

---

[174] *Labsii Mootummaa Feederaalaa haala Haala Beenyaan Qabeenya Mootumman Dhaalamee itti tilmaamamu murteessuuf bahelabsii lakk455/97, kwt 7/5*

[175] *Labsii Mootummaa Feederaalaa haala Haala Beenyaan Qabeenya Mootumman Dhaalamee itti tilmaamamu murteessuuf bahelabsii lakk.455/97, kwt 8*

[176] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt8/6*

1.2.3.3. Barri Itti Fayyadama Liizii Xummuramee Waliigaltichi osoo hin Haaromin yoo Hafe

Akka qajeeltootti, barri turmaata walii galtee liizii gaafa xummuramu walii galtichi ni haaromfama. Haaromuu kan danda'u garuu, abbaan qabiyyichaa dursa fedhii haromfachuu kana Moojuuliian qaama aangoo qabuuf dhiyeessuun yoo beeksise dha. Gaafa haaromu gatiin liizii haala haaran gatii gabaa yeroo isaa bu'ura godhatee kan murtaa'u dha.[177] Haa ta'u malee, lafichi mootummaan dhimma biroo uummataaf faayidaa caalaa qabuuf yoo barbaaddame ykn lafichi maastar pilaanii yeroo isaan karoora dhimma biroof kan oolu yoo ta'e hin haaromu. Yeroo akka kanaa kana abbaan qabiyyichaa beenyaa tokko malee qabeenya isaa waggaa tokko keessatti laficha irraa kaafachuun qabiyyee lafa magaalaa liiziin isa harka gale mootummaaf galii taasisa. Yeroo kana keessatti qabeenya isaa osoo hin kaafatin yoo hafe qaamni dhimmi ilaallatu laficha qabeenya irra jiru waliin fudhata.[178]

2.2.4. Qabiyyee Seeran Alaa

Mirgi abbaa qabiyyummaa lafa magaalaa kan argamu karaa seera qabeessa ta'een murtii qaamni mootummaa aangoo qabu abbaa qabeenyaa lafa magaalaa kan ta'e uummataa fi mootummaa bakka bu'uun dabarsuuni dha. Seerri kan jedhu kana ta'u illee haala seeraan faallaa ta'een namoonni lafa magaalaa hayyamaa fi beekamtii mootummaan ala yeroon itti of harka galfachuun faayidaa adda addaaf oolchan dhugaa ilaalaa jiraannu dha. Adeemsa seeraan alaa kana dhaabuuf mootummaan tarkaanfilee adda addaa fudhachaa fi akeekkachiisaa turu illee gochi kun dhaabbachuu hin dandeenye.

Labsiin liizii lafa magaalaa lakk. 721/2004 bahiitii labsichaan booda mirga abbaa qabiyyummaa lafa magaalaa liiziin qofa argachuun akka danda'amu tumuu bira darbee namni lafa magaalaa sirna liiziin ala fudhates ta'e kenne yakkaan kan itti gaafatamu ta'uu tuma. Lafti magaalaa kanaan dura seeran ala qabame ilaalchisee

---

[177] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt19/2/ fi /2/*

[178] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt 25/5/ fi /6/*

garuu haala itti seera qabeessa ta'uu danda'u kaa'eera.[179] Kunis kan ta'u lafti qabame kun karoora itti fayyadama lafa magaalaa gara ful duraa iddichaan hanga walitti hin buunetti qofa dha.[180] Adeemsi seera qabeessa taasisuu kun guyyaa labsichi mirkanaa'e irraa qabee waggaa afur keessatti qofa hojiirra oolu kan danda'u akka ta'e labsicha irraa waan ifatti mul'atu dha.[181]

Dambiin labsii kana raawwachiisuuf naannoo keenyan bahe dambiin lakk.182/2008 kwt'n 9's qabiyyeewwan seeraan ala Dambiin Lakk. 155/2005 gaafa guyyaa 24/05/2005 ragga'uun dura qabamanii tajaajilaaf oolaa jiran pilaanii magaalichaan fudhatama kan argatan yoo ta'e, akkaataa istaandardii tajaajilichaaf magaalichaaf murtaa'uun ulaagaa qajeelfamaan bahu irratti hundaa'ee yeroo tokkoof seera qabeessa ta'uun sirna liizii keessa ni galu jechuun tumeera.

Qabiyyeewwan seeraan alaa kunneenis kan seera qabeessa taasifaman staandardii tajaajilichaaf murtaa'u isa xiqqaan ta'ee, gatii ka'umsa liizii gosa tajaajilichaaf murtaa'een ta'a. Magaalaa sirna liizii keessa hin galle keessatti qabiyyeen seeraan alaa seera qabeessa ta'uun gatii kiraa lafaa gosa tajaajilichaaf waggaan kaffalamu gatii ka'umsa liizii ta'ee sirna liizii keessa gala.

Qabiyyee seeraan alaa akka qajeelfama 05/2008 irraa argamutti seera qabeessa taasisuuf qabiyyichi kan qabamee manni itti ijaarrame Amajjii 24, bara 2005 dura , qabiyyichi dura kan qabamee fi manni irratti ijaarame ta'uun bulchiinsa gandaatiin yoo mirkana'e; namni ijaarsa seeraan alaa geggeesse kun Amajjii 24, bara 2005 dura irraa jiraataa magaalichaa ta'uun kan ragga'e; namni qabiyyee seeraan alaa irratti ijaarsa seeraan alaageggeesse kun daangaa yeroo kana dura umriin isaawaggaa 18 fi isaa ol kan ture; ijaarsi geggeeffame tajaajila mana jireenyaaf yoo ta'e,abbaan qabiyyichaa keessa kan jiraachaa turee fi jiru ta'uu akka qabu; namni qabiyyeen seeraan alaa irratti ijaarsa geggeessekun magaalicha keessaa mana yookiin lafa tajaajilawalfakkaatuuf maqaa isaa yookiin

[179]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt6/4*

[180]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt6/4*

[181]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt6/5*

haadhawarraa/abbaawarraatiin kan hin qabnee ta'uu qaba, kanas waadaa seeraduratti fudhatama qabu seenee mallatteessuu akka qabu; iJaarsi seeraan alaa raawwatame kun pilaanii ittifayyadama lafaa fi istaandaardii bal'ina lafa magaalichaankan walsimu ta'uu akka qabu qajeelfamni lakk 05/2008 kwt 25 jalatti ifatti ibsee jira.

Qajeelfamni 05/2008 ijaarsota seeraan alaa seera qabeessa ta'uu hin dandeenye fi tarkaanfiin sirreeffamaa irratti fudhachuu qabu adda baasuun kaa'ee jira. Isaanis ijaarsa qabiyyee lafa labsii lakk. 47/67'n dhaalaman irratti gaggeeffame, ijaarsa qabiyyee seeraan alaa lafa pilaanii qoqqoodiinsaan (Parcelation) fudhatama hin arganne irratti gaggeeffame seera qabeessa hin taasifamu; ni digamma jechuun kaa'ee jira. Haaluma wal fakkaatuun qabiyyeen seeraan alaa Amajjii 24, bara 2005 booda qabame ulaagaa dambichaa fi qajeelfama kanaan tumamee gutullee, haala kamiiniyyuu seera qabeessa taasiisuun akka hin danda'amne seerichi kaa'ee jira. Qabiyyeewwan seeraan alaa kanneen Amajjii 24, bara 2005 dura qabamanii pilaanii magaalichaatiin walhinsimne bulchiinsa magaalichaatiin akka diigamuu qabu seerichi ibsee jira.

Dhimmi biraa asitti ka'uu qabu dhimma qabiyyee lafa magaalaa ijaarsa seeraan alaa irratti geggeeffame misoomaaf barbaadame ilaallatuu dha.Qabiyyee seeraan alaa dambii Lakk.155/2005 qabame misoomaaf yoo barbaadame, ulaagaa dambichaa fi qajeelfama qabiyyeewwan akkanaa keessummeessuuf bahe irratti hundaawuun fudhatama kan argatu yoo ta'e qofa, ijaarsa seeraan alaa qabiyyicha irra jiruuf beenyaa kafaluun osoo hin barbaachisin, lafti bakka bu'iinsaa istaandaardii tajaajilichaa isa xiqqaan sirna liiziitiin ramaddiin kennuun akka danda'amu dambii lakk. 04/2008 ni kaa'a. Haa ta'u malee, qabiyyeen lafa magaalaa ijaarsi seeraan alaa irratti raawwatame dambichaa fi qajeelfama dhimma kanaaf baheen fudhatama hin qabne mootumman misoomaaf yoo barbaaddame beenyaas ta'ee lafti bakka bu'insaa hin raawwatamuuf.

2.2.5. Qabiyyee Lafa Magaalaa Duraanii Ilaalchisee Dhimmoota Labsichi Kaa'e

Biyya keenya keessatti naannoos ta'e bulchiinsa magaalaa kam iyyuu keessatti akka qajeeltootti mirgi itti fayyadama abbaa qabiyyummaa lafa magaalaa kan argamuu

danda'u liizidhaan qofa dha.[182]Tumaan labsii lafa magaalaa liiziin bulchuuf fooyya'ee bahe kwt'n 6 qabiyyeewwan lafa magaalaa duraanii ilaalchisee garuu tumaalee qajeeltoo walii gala olii kana irra adda ta'an kaa'eera.

Bu'uura tumaa labsii kanaatiin, halli addaa inni jalqabaa qabiyyee lafa magaalaa duraanii ilaalchisee kaa'ame, haala qabiyyeen duraanii gara sirna liiziitti itti seenan kan murteessu Mana Maree Ministeerotaati isa jedhuu dha.Tumaan kun Manni Maree Ministeerotaa murtee gama kanaan kennu kana kan murteessu qorannoo qaamni ol aanaan lafa magaalaa akka biyyaatti bulchu dhiyeessu bu'uura godhachuun akka ta'ee fi adeemsi qorannichaan hamma gatii kiraa qabiyyee lafa magaalaa duraanitti kanfalamaa ture akka haala isaatti irra deebi'uun laaluu dhoowwuu kan hin dandeenye ta'uu isaa ifatti kaa'a.[183]

Hojiin qabiyyee duraanii gara sirna liiziitti galchuu kun kan hojjatamu ulaagaa akka biyyaatti bahu bu'ura godhachuudhani dha. Bu'uura ulaagaa mirkanaa'ee sadarkaa biyyaatti hojii irra oolu kanaa fi pilaanii magaalaa dhimmichi ilaallatuutiin hammi qabiyyee abbaa qabiyyee lafa magaalaa duraanii kun hir'ifamuu ykn dabalamuufii danda'a. Bu'uuruma kanaan qabiyyeen abbaa qabiyyee lafa magaalaa tokko yoo jalaa hir'ifame ta'e qabeenya fi jijjiirrama dhaabbataa iddicharra jiruuf beenyaa gahaan bu'uura seera rogummaa qabuun kan kanfalamuuf, kan itti dabalameefis yoo ta'e immoo gatiin liizii kanfalamuu qabu akkuma haala isaatti kan itti kanfalamu ta'uu isaa seerichi kaa'eera.[184]

Qajeeltoon addaa gama kanaan kaawwame inni lammataa qabeenyi abbaan qabiyyee lafa magaalaa lafa isaa irratti horate dhaalaan gara dhaaltoota isaatti gaafa darbu dhaalaan qabeenyichi darbeef kun abbaa qabiyyee kan ta'u sirna liizii hordofeeti miti kan jedhu dha. Kana irraa kan hafe haala biroo kamiiniyyuu qabeenyi abbaa qabiyyee lafa magaalaa gara qaama sadaffaatti darbuun namni

[182]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewttkwt 5*

[183]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt 6/1*

[184]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt6/2*

sadaffaan kun sababa kanaan mirgi abbaa qabiyyummaa lafa magaalaa gaafa argatu namni kun abbaa qabiyyee kan ta'u sirna liizii hordofeeti.[185]

Gaaffilee Marii

1. Dhimmi kun (dhimma 22ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibaataa MMW Federaalaa lakk.g.111311 irratti ilaalee murteesse irraa haala kayyoo Moojuulii kanaaf ta'uun gabaabbatee fudhatamee dha. Galmee kana keessaa akka hubatamutti Obbo Sisaay Tasfaaye himata Bulchiinsa Magaala Finfinnee irratti mana murtii bulchiinsa Magaala Finfinnee irratti hundeesseen himatamaan mana seera qabeessa ta'e bulchiinsa magaala Finfinnee kutaa magaala Nifaas Silki Laaftoo aanaa 3ffaa keessatti lakk. manaa 1/17'n galmaahee jirun qaba; cinaa mana kiyyaa kana lafa jiru akka daangaaf ta'u dallaa itti dalleessee waggaa 10'f gibira kanfalaan jira; lafti kun lafa koo seera qabeessatti akka naaf ida'amu iyyadhee naaf hayyamamee jidduun labsiin 721/2004 bahee na jalaa ture; kun kanumaan osoo jiruu himatamaan xalayaa gaafa 20/02/2006 barreesseen dallaa kana guyyaa 3 keessatti akkan diigee lafa kana gadlakkisu waan naan jedheef jeeqameera jeequmsi narraa haa dhaabbatu kan jedhu dha.

   Himatamaan gama isaan deebii kenneen dallaan falmiif sababa ta'e lafa cinaa lafa isaa himataan hayyama tokko malee qabate irratti dallaahe dha; ijaarsa hayyama ijaarsaa malee gaggeeffame akka kaasu beeksisuun dirqama seeraan natti kenname bahuu dha malee jeequmsaa miti jedhee jira.

   Manni Murtichaa dhimma kana irratti bitaa fi mirga wal falmisiisee himatamaan himataa karaa biraan gaafate malee beeksisa maxxansuun miti. Kun jeequu dha; dhaabbachuu qaba jechuun murteessee jira. Manneen murtii oliyyataa bulchiinsa magaalichaa dhaddacha idileenis ta'e ijibbaataan murtii kana cimsanii jiru.

   Dhaddachi Ijibbaataa MMW Federaalaa dhimmichi dhiyaateef dhimmi fala argachuu qabu jeequmsi jira moo hin jiru kan jedhu dha. Bu'uuruma kanaan, namni jeeqame jedhu tokko mirga caalmaa kan qabu ta'uu isaa akka agarsiisuu

[185] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt6/3*

qabu tummaan shh kwt'n 1149 ni ibsa. Dhimma harkaa qabnu kana irratti garuu himataan lafti cinaa lafa isaanii jiru kun gara lafa isaanitti liiziin dabalamuuf gaafachuu isaanii fi akka dallaa falmii kaase ofuma isaaniif ijaaranii dha.

Labsiin liizii lakk 721/2004 kwt'n 5/2/ fi/4/ namni kamuu lafa magaalaa cinaa lafa isaa seera qabeessa ta'ee jiru qaama aangoo qabu irraa hayyama osoo hin argatin baballifatee qabiyyee isaatti daangeffachuu akka hin dandeenye ifatti kaa'a. Qaamni bulchiinsa magaala gaafatames lafti qabame karaa ta'uu ibseera. Akka labsii liizii lakk.721/2004'tti lafti magaalaa haala faayidaa uummata bal'aa mirkaneessun laatamu qaba. Kun ta'ee osoo jiruu Manneen Murtii jalaa gochi bulchiinsa magaalaa jeequmsa jechuun isaa faallaa seeraati jechuun murteesseera.

- Murtii kana jalatti ijjanoo manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin qabatame bu'ura seera rogummaa qabuun xiinxalaa!

2. Dhimmi kun (dhimma 23ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMW Federaalaa lakk.g.107777 ta'e irratti murteesse irraa haala kaayyoo Moojuulii kanaaf ta'uun fudhatamee dha. Akka keessoo galmee kanaa irraa hubatamutti himataan jalaa obbo Dabaalqee Hayiluu bulchiinsa magaala Sulultaa irraa lafa magaalaa liiziidhaan bara 1990- 1993'f kireeffatee garaajii irratti hojjachaa ture.

   Bulchiinsi magaalichaa namni kun akka lafa gadi lakkisu gaafatu illee didee waggaa 7'f laficha irra turee jira. Kanumaan bulchiinsi magaalichaa waan laficha irra jiru kaasee fudhatee laficha tajaajila biraaf qopheesse.

   Himataan Obbo Dabaalqeen kana irraa ka'uun bulchiinsi magaalichaa mana hojii koo yommuu na jalaa diigu himannaan jeequmsi hin jiru jechuun natti murtaahe; amma immoo magaalichi tilmaama qabeenya koo diigee fudhatee gaafachuu wantan danda'uuf mana lama gidgiddaan isaa qorqoorroo fi mukaan hojjatame, baargamoowwan dhaabe, dhakaa konkolaataa 120, dallaa qorqoorroon hojjatame, kompireesara qilleessaa meeshaa isaa faana, maashina sibiilaan suuphan tokko, giraayindarii tokko, tiraanisfoormarii dabalatee furtuuwwan bilooniiwwan adda addaa, saanduqa sibiilaa lama tilmaamni isaa

qarshii 1,330,100 akka kanfalamuuf himata Mana Murtii Ol-aanaa Godina Addaa Naannawa Finfinneetti gaafate.

Bulchiinsi magaalichaa kiraa liiziin lafa fudhatee namni barri turmaata isaa dhume waggaa tokko keessatti yoo kaafachuu dide akka labsii liizii kwt 25/5/ fi /6/'tti bulchiinsi magaalaa qabeenya irra jiru kaasee fudhatee laficha tajaajila uummataaf oolchuu danda'a waan ta'eef hojii koon hojjadhe jedhe. Ani dirqama koon bahaa jira malee osuma kanfalamuu qaba jedhameeyyuu immoo tilmaamni ol ka'e qabeenyi isaa 50,000 hin caalu jedhe. Manni Murtichaa bitaa fi mirga falmisiisee himaticha kufaa taasise. Dhimmicha ol'iyyataan ilaalee Manni Murtii Waliigala Oromiyaa galmee lakk 183036 irratti ajaja kenneen murtii mana murtii jalaa cimsee jira.

Dhimmumti kun Dhaddacha Ijibaataa MMW Oromiyaaf dhiyaatee dhaddachichi galmee lakk. 183036 irratti murtii kenneen himataan lafti bara 1990-1993'tti liiziin qabate barri turmaata isaa akka xummuramee fi qabeenya isaa irraa kaafatee himatamaaf deebisuu akka qabu hin falmisiisu. Himataan akka labsii liizii lakk.721 kwt 25 /5/fi /6/'tti qabeenya laficha irra jiru kaafatee laficha kennuu waan dideef himatamaan ofumaa kaasuun isaa beenyaa kan isa kanfalchiisu miti. Haa ta'u malee, himatamaan jalaa qabeenya laficharra jiru haa fudhatu seerri jedhu hin jiru waan ta'eef himataa jalaaf haa deebisu jedhe jira.

Dhimmumti kun Dhaddacha Ijibbaataa MMW Federaalaaf dhiyaatee dhaddachi kun walii galteen liizii wagga 3 xummuramuu, himataan jalaa waggaa tokko keessatti qabeenya isaa kaafatee laficha deebisuun akka irra ture, garuu inni waggaa 7'f didee turuu hubadhe jedhe. Gochi akka kanaa kun yommuu qunnamu immoo himatamaan aangoo lafichaa qabeenya irra jiru faana fudhachuu akka qabu labsii 721/2004 kwt'n 25/6 ni tuma; haa ta'u malee, tumaan kun qabeenya himataan iddoon kun hojiif mijataa akka ta'u iddicha irratti hojjate kanneen akka manaa fi kanneen kanaan wal qabatan malee qabeenya hojii salphaatti kaasanii fudhachuun danda'amu jechuun barbaadamee miti. Waan ta'eef himatamaan dallaa, mana, dhakaa fi bargamoo fudhachuun sirrii dha. Kanneen hafan garuu labsichi waanta haguuguu miti jedhe.

- Dhimma kana keessatti Ejjannoo manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin qabataman adda baasaa; sana booda bu'ura seera rogummaa qaba jettaniin xiinxalaa.

3. Dhimmi kun (dhimma 24ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibaataa MMW Federaalaa lakk.g.105125 ta'e irratti laate irraa akka Moojuulii kanaa tolutti sisirratee fudhatamee dha. Akka dhimma kana keessaa hubachuun danda'amutti himataan jalaa obbo Ahimad Umar lafa bal'inni m2 490 maagaala Adigiraat irraa hojii gogaa dhisuuf fudhate. Lafa kana irratti himatamtoonni jalaa mana sarvisii kutaa lama lama dallaa mata mataa ishee qabdu ijaarratan. Gaafa ijaarratan hin falmine. Sana booda gadi lakkisaa gaafa jedhuun didan.

   Kanumaan himataan himatamtoonni humnaan lafa koo irratti mana ijaarratan waan ta'eef baasii isaaniin mana kana jigsanii lafa koo akka gadi lakkisan naaf haa murtaahu jechuun Mana Murtii Aanatti himata dhiyeeffate. Himatamtoonni gama isaaniin nuy kan ijaarre hayyama himataatin malee humnaan hin ijaarre jedhan. Manni Murtichaa dhimmicha ilaalee himataan akka tumaa Heeraa kwt 40/6 fi shh kwt 1179/1'tti yommuu himatamtoonni mana kana ijaaran osoo hin falmin dhiisee amma bu'urri seeraa mana kana ittiin falmu hin jiru jechuun murteesse. Oliyyannoon himataan Mana Murtii Ol'aanaaf , Mana Murtii Waliigalaa fi Dhaddacha Ijibbaataf dhiyeesse osoo fudhatama hin argatin hafeera.

   Dhimmumti kun Dhaddacha Ijibbaataa MMW Federaalaaf dhiyaatee akka heera kwt 40/3'tti lafti qabeenya mootummaa fi uummataati; namni lafa isaa irratti gaafa manni ijaarramu osoo hin falmin hafe akka shh kwt'n 1179/2 fi 1180'tti manicha irratti tarkaanfii barbaade fudhachuu hin danda'u; lafti qabeenya uummataa fi mootummaa ta'uu isaa irraa kan ka'e namni lafa duwwaa irratti mirga abbaa qabiyyummaan qaba jedhu nama laficha irratti mana ijaare irra mirga fooyyee hin qabu jechuun murtii manneen murtii jalaa cimsee jira.

   - Dhimma kana ilaalchisee murtiiwwan manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin laatame bu'ura seera rogummaa qabuun xiinxalaa.

2.3. Boqonnaa Sadi:-Sirna Waldiddaan Adeemsa Hojii Labsii Liizii Hojiirraa Oolchuu Keessatti Ka'u Itti Hiikkamu fi Itti Gaafatamummaa Yakkaa Labsicha Kabajuu Dhabuun Wal Qabatee Ka'u

2.3.1. Sirna Waldiddaan Adeemsa Hojii Labsii Liizii Hojiirraa Oolchuu Keessatti Ka'u Itti Hiikkamu

Abbaan qabiyyee lafa magaalaa liiziin argate tokko lafa isaa kana, yeroo walii galtee liizii kana cabsetti, haalli inni itti lafichatti fayyadamu pilaanii magaalichaa waliin kan wal hin simanne yoo ta'etti ykn lafichi hojii misoomaa mootummaan gaggeessuf barbaadamee yeroo argametti malee hanga barri turmaata liizii gahutti lafa isaa kana akka gadi lakkisuuf hin dirqamu. Mootummaanis ta'e namoonni dhuunfaa mirga kana kabajuuf dirqama qabu. Kutaa Moojuuliia kana jalatti iddoo magaalaatiin wal qabatee wal dhabdeewwan ka'an akkaataa ittiin hiikkaman kan itti ilaallaman ta'a.

Sirni seeraa biyya keenyaa adeemsa falmiiwwan liiziin walqabatanii ka'an itti hiikkaman kan mataa isaa danda'e diriirsee argama. Qaamolee hojii kana hojjatanis sadarkaa sadarkaan adda baasee gahee hojii isaanii waliin kaa'eera. Bu'uruma kanaan jalqaba iyyanni kan dhiyaatu qaamuma dhimmi ilaalatu, kan lafichi akka gad lakkifamu ajaja kenneef yoo ta'u, itti aansan ol iyyannoon kora komii dhagahaa miseensa shanii gad hin taane qabuu fi bulchiinsa magaalicha ykn naannoo dhimmichi laallatu keessatti hundaa'ufi dha.[186]Dhimmicha ilaalchisee murteen qaama kanaan kennamu, murtee beenyaa ilaallatu irraa kan hafe, murtee dhumaa ta'a.[187]

Kana jechuun namoonni kun dhimma beenyaaf yoo ta'e malee mana murtii dhaquu hin danda'an jechuu dha? Tumaa Heeraa mirga dhimma ofii Mana Murtiitti dhiyeeffachuu fi angoo Mana Murtii keessattu Dhaddachi Ijibaataa Heeran qabu ilaalchisee mariin itti gaggeeffamee daree keessatti ejjannoon kan itti qabatamu ta'a.

---

[186]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt29/1*

[187]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt29/3*

Miseensi kora komii dhagahaa kanaa hojii isaa dhiibbaa tokko malee bilisaan seeraa fi qalbii isaanii qofaaf abboomamuun hojjachuu akka qabu seerichi dirqama itti kenna.Bilisummaa isaa kanas dhugoomsuuf itti yaamamni isaa kallattiin mana maree magaalichaa ykn naannoo dhimmichi ilaallatuuf akka ta'u taasifameera.[188]

Sirni deemsa hojii koree kanaa seera deemsa falmii siivilii kan bu'ura hin godhanne akka ta'e; haa ta'uutii garuu bulchiinsi magaalaa ykn naannoo dhimmi ilaallatu sirna deemsa hojii saffisaa fi bu'aa qabeesa ta'e adda baasee kan kennuuf fi isaan kan abboomamu ta'uu isaa seerichi ifatti kaa'a.[189]Barri turmaata aangoo kora kanaa bulchiinsa magaalaa ykn nannoo dhimmi ilaallatuun dambii bahuun murtaa'a.[190]

Labsii liizii lakk.721 irraa waa'ee caaseffama, aangoo fi gahee hojii kora komii dhagahaa dhimma liizii ilaalchisee kan hubatamu kanuma olitti kaasuuf yaallame kana qofa ta'uu isaatin dhimmicha irratti qabxiiwwan tokko tokko falmii banaa akka ta'an taasiseera.

Isaan keessaa inni duraa, akkuma armaan olitti ibsuuf yaallame korri komii dhagahaa qaama qabiyyee lafa magaalaa faayidaa uummataaf barbaadame gad lakkisiisuu waliin wal qabatee waldiddaa ka'u irratti aangoo abbaa seerummaa qabu dha.Hamma beenyaa kanfalamu ilaalchisee murtee kennamu irraa kan hafe qaamni kun dhimmicha irratti murteen kennu isa dhumaa ta'a.[191]Haa ta'u malee, heerri mootummaa keenya aangoon abbaa seerummaa kan manneen murtii qofa akka ta'e ifatti kaa'a.[192]Kana waan ta'eef qaama kana labsiin hundeessuun aangoo akka kanaa kana kennuufin tumaa heera mootummaa kanaan walitti hin bu'uuyii dhimma jedhu irratti ijjannoon adda addaa ogeessota seeraa biyya keenyaa biraa yoo calaqisantu mul'ata.

---

[188]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt30/3*

[189]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt30/8*

[190]*Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kewtt30/9*

[191]*Kanuma*

[192]*Heera Mootummaa RDFI kwt 79/1*

Dhimma kanaan wal qabatee ijjannoon inni calqabaa yoo tarkaanfachiifamu mul'atu heera mootummaan kan wal dhahu waan ta'eef tumaan kun akka tumaa Heera kwt 9/1'tti hojii irra ooluu hin qabu kan jedhu dha. Sababni isaan ijjannoo isaanii kana deeggaruuf kaasan bakka heerri mootummaa RDFI kwt'n 79/1 biyya keenyatti sadarkaa mootummaa federaalattis ta'ee naannotti aangoon abbaa seerummaa kan mana murtiiti jechaa jirutti kora komii dhagahaa kana hundeessuun angoo dhumaa kan irra ol hin iyyatamne fi mana murtii biras hin deemmamne kennuufin sirrii waan hin taaneef jedhu.

Ijjannon lammataa garuu korri kun dhaabbachuun isaas ta'ee angoo akka kanaa kana qabaachuun isaa heeran waan walitti bu'uu miti kan jedhu dha. Ijjannoo isaanii kana cimsuuf sababni isaan kaasan, heerri mootummaa kwt'n 79/1 kan jedhu angoo abbaa seerummaa kan 'mana murtii' qofaa dha jedha malee kan 'mana murtii idilee qofa' dha hin jedhu. Gaaleen heera mootummaa kwt 79/1 jalatti 'Mana Murtii' jedhamee kaawwame kun immoo akka tumaa heera mootummaa kwt 78/4 gad qabuun dubbisuun hubachuun danda'amutti mana murtii idilee fi al-idilee hammata. Kana waan ta'eef aangoon abbaa seerummaa bu'ura heera mootummaa keenyan kan gosa manneen murtii kana lameenitiyyu waan ta'eef halli itti heera mootummaan itti walitti bu'u hin mul'atu kan jedhu dha.

Dabalataan, labsiin kun dhimma beenyaa irraa kan hafe murteen kora komii dhagahaan kennamu isa dhumaati jechuun isaa dhimmichi gonkuma mana murtiitti hin dhiyaatu jechuu barbaadeti miti jedhu.Namni komii qabu akka tumaa Heeraa kwt 80/3'tti dubbii isaa Mana Murtii idileetti dhaddacha ijibaataa dhimmi ilaallatuuf oliyyannoo dhiyeeffachuun ijjibaachuu danda'a waan ta'eef jedhu.[193] Dhimma kana isin akkamitti ilaaltu? Ijjannoo isa kamtu bu'ura seeraa qaba? dhimmoota jedhan irratti yeroo leenjii itti mari'atamee ejjannoon kan qabatamu ta'a.

Gaaffilee Marii

1. Heerri mootummaa kwt'n 78/4 manni murtii aadaa ykn manni murtii yeroo sirna abbaa seerummaa seeraan tumame hin hordofne akka hin hundeeffamne ifatti tuma. Labsiin liizii lakk.721/2004 korri komii dhagahaa

[193] *Heera Mootummaa RDFI, kwt 80/3 ilaala*

sirna seera hariiroo hawwaasaan akka hin hogganamnee fi sirna adeemsa addaa kan bulchiinsi magaalaa ykn naannoo dhimmichi ilaallatuun bahu hordofee kan hojii isaa hojjatu ta'uu kaa'eera.[194] Seera kana kan baasu eenyu ta'a? Labsichi bifuma walii galaan seera bulchiinsi magaalaa ykn nannoo dhimmichi baasun abboomama jechuun isaa kun maal jechuu dha? Bulchiinsa kan jedhu kun bulchiinsa magaalaa ykn nannoo moo mana maree qaamolee kanaati?

Akka walii galaatti yoo ilaallamu labsichaan falmii adeemsa lafa magaalaa faayidaa uummataaf jedhame gad lakkisiisuu keessatti ka'uun wal qabatee ka'u irraa kan hafe falmii fi waldiddaan biroo abbootii qabiyyee jidduuttis ta'ee namoota dhuunfaa fi mootummaa jidduutti ka'u ilaalchisee adeemsi adda ta'e kan kaa'ame hin jiru. Kana waan ta'eef dhimmoonni akka kanaa kun adeemsa baramaa dhimmi kam iyyuu hordofee mana murtiitti ittiin dhiyaatu hordofuun Mana Murtii idileef kan dhiyaatu ta'a jechuu dha.

2.3.2. Itti Gaafatamummaa Yakkaa Labsicha Kabajuu Dhabuun Wal Qabatee Ka'u

Seera lafa biyyaa keenyaan wal qabatee dhimmoota kanaan dura rakkoo ta'anii turan keessaa inni tokkoo fi guddaan namni lafa seeran ala fudhate, kenne ykn haala biroon qisaasee argame haala yakkaan itti gaafatamuu danda'u ilaalchisee tumaan adabbii yakkaa kaa'u seera addatti dhimma lafaa ilaalataniin kaa'amuu dhabuu isaati.

Hanqina gama kanaan ture kanaaf haala fala ta'uu danda'uun labsiin lakk. 721/2004 tumaalee seeraa haala itti namni seeran ala lafa magaalaa kenne ykn fudhate itti gaafatamaa yakkaa ta'uu danda'u ifatti kaa'eera. Adabbiin tumaa seeraa kanaan kaa'ame akkuma haala isaatti adabbii hidhaa waggaa 1 hanga 15 ykn adabbii mallaqaa qarshii 10,000 hanga 200,000 gahuu danda'a.

Adabbiin kunis raawwataa ykn hojjataa mootummaa labsichaas ta'ee dambii fi qajeelfamoota labsicha hojiitti hiikuuf bahan hojiirra oolchuuf dirqama qaban, namoota dhuunfaa seeraan ala lafa magaalaa seeraan ala qabatan, ykn nama ragaa

[194] *Labsii Liizii Mootummaa Feederaalaa haala lafti magaalaa liiziidhaan ittii qabamu murteessuuf bahelabsii lakk.721/2004, kwt30/8*

sobaatti fayyadamuun waliin dhahee dorgommii liizii lafa magaalarratti hirmaate kam iyyuu akka ilaallatu labsicha irraa waan ifatti hubatamu dha.

Tumaan seeraa kun dhimma yakkaa tumaalee labsiichaas dambii fi qajeelfamoota labsicha hojiirra oolchuuf bahan irra darbuun raawwataman irratti sadarkaa duraa irratti raawwatamummaa kan qabu dha. Haa ta'u malee, hammi adabbii gocha ykn miti gocha yakkaa raawwatame kanaaf tumaalee labsichaan kaa'ame jiru kun isa dhimmuma kanaaf seera yakkaan kaa'amee jiruu gadi yoo ta'ee argame tumaan seera yakkaa adabbii ol-ka'aa ta'e kaa'u sun raawwatamummaa dursaa qaba.

Gaaffilee Marii

1. Dhimmi kun (dhimma 25ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMW Federaalaa lakk.g. 117819 ta'e irratti ilaalee murteesse irraa haala Moojuulii kanaaf ta'uun fooyya'ee fudhatamee dha. Dhimma kana irratti himattuun jalaa Addee Taaddalach Dabarraa himata himatamaan 1ffaa jalaa Mana Qopheessaa Magaalaa Boole irratti mana murtii aanaa kindoo kooyishaatti hundeesseen himatamaan lafa magaalaa koodii. Lakk.0443 fi bal'inni isaa $m^2$300 ta'ee irratti calbaasii bahe dorgomee mo'adhee kanfaltii hunda kanfalee waan narraa eegamu guutee walii galtee mallatteesseen jira; lafan ani mo'adhee walii galtee keessa himatamaa 1ffaa waliin irratti seene kana himatamaan 2ffaan lafti inni mo'atee jiru lafa lakk.koodi 0024bal'inni isaa m^2 200 ta'ee osoo jiruu walii galtee duraa kuchisiisuun tappeellaa wal jala jijjiiruun walii galtee haaraa mallatteessisuun lafa koo kana waan kenneef himatamaa1ffaan lafa kana himatamaa 2ffaa gadi lakkisiisee himattuuf akka kennu naaf haa murtaa'u jettee.

   Himatamaa 1ffaan jalaa himattuun jalaa sanadni dorgommii dhiyeessise kan poostaan saamsame waan hin taaneef adeemsa qabiyyeen ittiin kennamu seera qabeessa ta'e miti waan ta'eef manajimantii himatamaa tokkoffan walii galteen himattuu akka haqamu ta'eera; himatamtuun himata kana kan hudeessite wallaalumman; haa cufamu jedhe. Himatamaan jalaa 1ffaan obbo Maatiyoos Maayaa qabiyyee kana karaa seera qabeessa ta'enan dorgomee argadhe waan ta'eef himanni kun narraa haa cufamu jedheera.

Kana booda Manni Murtichaa bitaa fi mirga erga wal falmisiiseen booda falmii himatamtootaa fudhachuun himata himattuu jalaa kufaa taasisuun baasii himattuun calbaasichaan wal qabatee baste qar. 3600 himatamaan 1ffaan haa kanfaluuf jechuun murteessee jira. Himattuun jalaa oliyyata Mana Murtii Olaanaa Godina Walaayitaaf fudhattu illee Manni Murtichaa bitaa mirga erga wal falmisiise booda Manni Murtii Idilee aangoo dhimma kana ilaaluu hin qabu jechuun murtii Mana Murtii Aanaan kenname haquun murteessee jira. Dhimmumti kun oliyyataan Mana Murtii Waliigala Uummattoota Kibbaaf dhiyaatee Manni Murtichaa himattuun dhimma kana qaama bulchiinsaa sadarkaa sadarkaan jirutti iyyattee fala waan dhabdeef Mana Murtii Idilee dhuften waan ta'eef Manni Murtii dhimma kana ilaaluf aangoo qaba; himatamaan jalaa 2ffaan kan dorgomanii mo'atan lafa m2 200 yoo ta'u himattuun jalaa immoo m2 300; walii galtees raawwatanii erga kaffaltiis xummuranii booda sanadni dorgommii himattuu poostaan hin saamsamne sababa jedhuuf walii galteen raawwatame haqamuun sirrii miti; bu'uruma calbaasiin moo'atteen himatamaan 1ffaan himattuu harkaan lafa m2 300 haa gahu jechuun murteessee jira. Murteen kun dhaddacha Ijibbaataa Naannoo kibbaaf dhiyaatee cime.

Himatamaan 1ffaan jalaa murtee kana irraa bu'aa dorgommii calbaasii himattuun jalaa itti mo'atte kan haqe koree manajimantii aanichaa waan ta'eef komii ishee qaama bulchiinsaa dhimmi ilaallatuuf dhiyeeffachuu qabdi malee Mana Murtii idilee dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabu; himattuun adeemsa calbaasiichatti hin quufne yoo ta'e koree liiziif ykn manajimantii bulchiinsa lafaaf, darbees kan godiinaa fi kan naannoof dhiyeeffachuu akka qabdu labsiin liizii lakk.721/2004 akkasuma qajeelfamni ni kaa'a jechuun oliyyata dhaddacha ijibbaataa federaalaaf dhiyeeffate.

Dhaddachi Ijibbaataas himattuu fi himatamaa 1ffaa jidduutti walii galteen raawwatamuu jarri lachuu hin haalan. Walii galteen immoo akka shh kwt 1731 irraa hubatamu takkaa raawwatamee jennaan warra walii galan jidduutti seera.Bitaa mirgi bu'ura walii galtichaan diqamaa fi mirga isaanii

bahachuu akka qaban ni beekama; kun yoo ta'e immoo akkaataan walii galteen kun itti haqamu qaama walii galaniif qofa kan dhiifamu osoo hin taane mana murtii bilisa ta'een kan laallamee murtaahudha. Walii galtee kana kufaa taasisuuf sababoonni walii galteen kufaa ittiin ta'u kan shh kwt 1808 jalatti ibsame jiraachuu qaba. Kana waan ta'eef dhimmi ulaagaaleewwan kunniin guutuu fi dhiisuu Mana Murtii idileen ilaallamee fala argachuu kan qabu dha.Kanaaf manni murtii sababni aangoo dhabuuf hin jiru. Sababni gahaan walii galteen ammaa kun ittiin haqamu danda'u shh 1808/2/'tin kaa'ame hin jiru jechuun murteesse.

- Dhimma kana erga xiinxaltanii booda murteewwan manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin laataman bu'ura seeraa qabaachuu madaalaa. Isa kamtu sirrii dha? Maaliif?
- Dhimmicha bu'ura labsii lakk 721/2004 fi dambii lakk182/2008'n osoo laallame wanti adda ta'e jiraataa? Maaliif?

2. Dhimmi kun (dhimma 26ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibaataa MMW Federaalaa galmee lakk.114622 ta'e irratti ilaalee murteesse dha. Dhimma kana irraa akka hubatamutti himattoonni jalaa addee Assallafachi Indagibe fa'an N2 himata himatamaa jalaa Bulchiinsa Magaala Adaamaa irratti Mana Murtii Anaa Adaamatti dhiyeeffataniin lafti mana jireenyaa m2 200 tokkoon tokkoo keenyaaf akka nuuf kennamu murtaa'ee bu'uuruma kanaan kaartanis kan nuuf kenname ta'u illee garuu kan himata 1ffaa harka gahe m2 90 kan himataa 2ffaa harka gahe m2 110 qofa dha; waan ta'eef, himatamaan jalaa lafa hir'ate guutuu taasisee nuuf haa kennu jechuun himatanii jiru. Manni Murtichaas himatamaan lafa kana himatamtoota harkaan haa gahu jedhee murteessee jira.

Kana booda Obboo Awwal Amaan fa'a N2 akka sdfhh kwt 358'tti lafti himattoonnii fi himatamaan irratti walii galan lafa qabiyyee keenya kan nuhi bara mootii Hayla Sillaasetii qabnee itti fayyadamaa turree fi mana jireenyaa lakk. 188 qar.500,000'tti tilmaammamu irraa qabnuu fi itti fayyadamaa jirruu dha waan ta'eef himatamaan jalaa qabeenya keenya akka nu jalaa hin kennine ykn immoo beenyaa gahaa fi lafa bakka bu'iinsaa argachuu keenya akka nuuf kabajamu jechuun iyyata giddu lixxummaa dhiyeeffatan.

Himattoonnii fi himatamaan jalaa deebii qopha qophaan deebisaniin iyyanni jaraa fudhatamummaa argachuu kan qabuu miti jedhanii jiru.

Manni Murtichaas murtii kenneen Bulchiinsi Magaalichaa lafa jiddu lixxootaa irratti kaartaa himattootaaf hojjate moo ykn laficha karaa seera qabeessaan fudhate moo dhimmoonni jedhan dhimmoota lafaa waliin wal qabatan akka labsii liizii lakk 721/2004 kwt'n 26,29,30 akkasuma dambii fi qajeelfama dhimmicha akka agarsiisutti dhimma achumatti qaama bulchiinsaa angoo qabuun ilaallamu malee kan mana murtii idilee dhufuu danda'uu miti ;dhimma beenyaa yoo ta'e hamma isaa adda baasuun addatti himata hundeeffachuu danada'u jedhee iyyata jiddu lixummaa kufaa gochuun murtuma duraa cimsee jira.

Jiddu lixxoonni dhimmicha oliyyataan Mana Murtii Olaanaa Adda Adaamaaf dhiyeeffatanii Manni Murtichaas iyyata himattoonni jalaa qabiyyee guutuun nuuf haa kennamu jedhus ta'e kan jiddu lixxoonni lafa keenyatu seeran ala nu jalaa kennamaa jira jedhan Manni Murtii idilee fuudhee ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun murtee Manni Murtee jalaa kenne haquun murteessee jira. Himattoonni jalaa dhimmicha Mana Murtii Waligala Oromiyaaf dhiyeessanii manni murtii idilee dhimmicha ilaaluuf angoo ni qaba jechuun murtii mana murtii anaa cimse;kunumti dhaddacha ijibbaataa Oromiyaan cime.

Dhimma kana oliyyannoon jiddu lixxoonni dhaddacha Ijibbaataa federaalaaf dhiyeessanii dhaddachichi murtee mana murtii Godina Adda Adaamaa Cimsuun Manni Murtii idilee angoo dhimma kana ilaaluu hin qabu jedhee jira.

- Murteewwan Mnneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin kenname adda baasuun erga ilaaltanii booda kamtu bu'ura tumaalee labsii liizii lakk 721/2004, dambii lakk 182/2008 fi qajeelfama 5/2008 fi seera rogummaa qabu birootiin akka sirrii ta'e irratti mari'adha.

3. Dhimmi kun (dhimma 27ffaa) dhimma Dhaddachi Ijibbaataa MMW Federaalaa galmee lakk.150803 ta'e irratti ilaalee murteessee dha. Akka

dhimma kana keessaa hubachuun danda'amutti himataan Abbaan Alangaa himatamaan Obbo Nigus Hayiluu qaamni aangoo qabu kamuu osoo hin kenniniis lafa magaalaa qabiyyee mootummaa cinaa lafa isaa jiru m2 11.28 qabatee mana irratti waan ijaarratee argameef tumaa seeraa labsii 721/2004 kwt 35/1/b darbuun yakka raawwate jedhee himate.

Manni Murtii Aanaa dhimmicha ilaalee himatamaa hidhaa wagga 7 fi adabbii maallaqaa qar.40,000'n adabe. Adhimmi kun oliyyataan Mana Murtii Olaanaaf dhiyaatee mootummaan himatamaaf akeekkachiisa guyyaa 7 kan labsii lakk 721/2004 kwt'n 27 gaafatu hin kennineef waan ta'eef jedhee bilisaan gaggeesse. Manneen Murtii naannoo sadarkaa sadarkaan jiran murtii kana cimsan.

Murtii kana irraa A/Alangaa dhaddacha Ijibbaataa Federaalaaf oliyyata kan dhiyeeffate yoo ta'u dhaddachi kunis dhimmicha ilaalchisee kan itti aanu kana jedhee jira. Tumaan labsi 721/2004 kwt'n 26/1 bulchiinsi magaalaa akka angoo lafa seera qabeessa faayidaa uummataaf beenyaa gahaa qabeenya laficha irraa ka'uuf kanfalee gadi lakkisiisuu qabu ibsa. Tumaan seeraa kun keewwanni xiqqaan isaa 4 qabiyyee lafa seeran alaa qaamni angoo qabu kun akka labsicha kwt 27'tti akeekkachiisa kennuu fi beenyaa kanfaluun osoo hin barbaachisin akeekkachiisa Moojuuliia guyyaa 7 qofa kennuun laficha gadi lakkisiisuuf angoo akka qabu ibsa. Kanaaf labsichi akkaataa itti lafa gadi itti lakkisiisan malee wa'ee yakka hundeessuu miti; dhimma ulaagaa yakka hundeessuu hin ilaallatu jechuun murtii balleessumaa mana murtii aanaan kenname cimse.

- Murtee Manneen Murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin laataman seera rogummaa qabu faana madaaluun irratti mari'adha.

Wabiilee Barreeffamichaa

I. Seerota

2. Labasii Heera Mootummaa RDFI, 1987
3. Labsii lakk.31/1967
4. Labsii lakk. 41/1967
5. Labsii lakk. 456/1997
6. Labsii Liizii lakk. 721/2004
7. Labsii Oromiyaa lakk 130/1999
8. Dambii lafa magaalaa Oromiyaa 182/2008
9. Dambii Lafa Baadiyyaa Oromiyaa 151/2005
10. Labsii seera maatii Naannoo Oromiyaa lakk. 69/95 fi 83/96
11. Seera hariiroo Hawaasaa bara 1952

II. Barreeffamoota

1. Biruk Haile, Period of Limitation Applicable to Claims over Immovable Property under the Ethiopian Law: Gateway to Hindsight Scrutiny of Legality of Nationalization of Immovables? Case Analysis, Jimma University Journal of Law Vol. 4 No. 1 (2012)
2. Ezekiel Gebissa, Gada as point of departure in Oromo studies,The Journal of Oromo studies,Vol.15,Number 1, March 8, Haramaya law review, Volume 1, Number 1, spring 2012
3. The constitutionality of prescription Periods in the South African law, Journal of Finance and Economics Vol. 2 Issue 1(2014),
4. Wibke Crewett and Benedikt korf, Land policy in Ethiopia has been controversial sine the fall of the military, Review of African political economy NO 116:203-220, 2008
5. Alamaayyoo Taganee, Inistiitiyuutii leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo seeraa Oromiyaa (Moojuulii leenjii hojiin Duraa), Kenninsaa fi Barreessa Murtii Abbaa seerummaa, (Adaamaa, 2002)
6. Daniel Fitzpatrick, "Mediating Land Conflicts in East Timor," pp 178-197 au/publications/pdf/ MLW_VolumeTwo_CaseStudy_9.PDF retrieved on 23 March 23 2011

7. Daniel, W/Gebriel, Land Rights and expropriation In Ethiopia Doctor Thesis in land Real Estate Planning law Department Of real and Construction management school of Architecture and the built Environment Royal Institute of Technology (kTH) Stockholm, 2013,
8. Ethiopian Arbitration& Conciliation center,Rules of Arbitration and Mediation, Aug.2005, Addis Ababa
9. Federal Justice Organs professionals Training center, **የገጠርናየከተሞሜትንየሚመለከቱህጐችናአፈጻጸማቸወበኢትዮጵያ፣** *ለረዥምጊዜየሰራላይሰልጠናየተዘጋጀየሰልጠናማኗል፣ 2004፣* (ያልታተመ)፣
10. Getnet Alemu, Rural Land Policy, Rural Transformation and Recent Trends in Large-scale Rural Land Acquisitions in Ethiopia Addis Ababa University
11. Girma kassa Kumsa, On Issue of Expropriations ፡ The law and the practice in Oromia regional state፣ A Masters' thesis submitted to the school of graduated studies Addis Ababa University in partial fulfillment in requirement of masters in Law (LLM) November, 2011 ILQSO, Gumee Qorannoo Sakkata'insaFedhii Leenjii fi Qorannoo Qaamolee Haqaa Naannoo Oromiyaa, bara 2007
12. Hussein Jemma, The politics of land tenure in Ethiopian history: Experience from the south, paper presented to XI world congress rural sociology Trondheim Norway, July 24-30,
13. Mintewab Bezabih and Stein Holden, The role of land certificate in reducing Gender Gaps in Productivity in Rural Ethiopia, Environment development Discuss papers Series, November, 2010
14. Qorannoo dhimmaa sirna waldiddaan falmii idileen ala itti xumuramu (alternative dispute mechanism or ADR) irratti mana murtii waliigala oromiyaatiin gaggeeffame, bara 2006 (unpublished)
15. Samuel, Gebreselassie, land policy and smallholder agriculture in Ethiopia: Options and scenarios. Paper prepared for the Future agricultures Consortium meeting at the Institute of Development Studies 20-22 March 2006 ,